# AANGOO DHIMMA YAKKAA FI HARIIROO HAWAASAA MANNEEN MURTII NAANNOO OROMIYAA: SEERAA FI HOJIMAATA

**Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaatiif Qophaa’e**


Qopheessitoonni:-

1. Abdii Asaffaa
2. Fedhasaa Mangashaa
3. Leensee Siinqee

Gulaaltonni:

1. Tasfaayee Booressaa
2. Abdii Gurmeessaa
3. Azzanaa Indaalammaa



Adaamaa

ILOQHQSO, 2020

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

**Gabaajee fi Kottoonfachiisa** .................... IV

**SEENSA WALIIGALAA** .................... 1

**BOQONNAA TOKKO** .................... 3

**1. AANGOO MANNEEN MURTII: SAKATTA’IINSA HOG-BARRUU BIFA WALIIGALAAN** .................... 3

**1.1. Seensa** .................... 3

**1.2. Hiikkoo fi Maalummaa Aangoo Bifa Waliigalaan** .................... 3

**1.2.1. Humna Qabaachuu(Power)** .................... 9

**1.2.2. Bu’aa (Effect)** .................... 9

**1.2.3. Quba Qabaachuu (Notice)** .................... 10

**1.2.4. Seera Qabeessummaa (Legitimacy)** .................... 10

**1.2.5. Dhimmoota Murtiin Murtaa’uu Dandaa’an (justiciability)** .................... 10

**1.3. Yaadrimeewwan Aangoo Utuban** .................... 14

**1.3.1. Yaadrimee Walabummaa (Sovereignty Theory)** .................... 14

**1.3.2. Yaadrimee Qubsuma lafaa (Territorial Theory)** .................... 15

**1.3.3. Yaadiddama Qaamaan Argamuu (Pysical Presence Theory)** .................... 17

**1.3.4. Qajeeltoo Lammummaa (The Nationality Principle)** .................... 18

**1.3.5. Qajeeltoo Haqummaa (Fairness Theories)** .................... 19

**1.3.6. Qajeeltoo Nageenyaa fi Eegumsaa (The protective (or security) principle)** .................... 19

**1.3.7. Qajeeltoo Waaltessummaa (The universality principle)** .................... 20

**1.3.8. Qajeeltoo Aangoo (Jurisdiction) fi Keessoo Dhimma (Merit of the Case)** .................... 21

**1.4. Aangoo Manneen Murtii** .................... 25

**1.4.1. Aangoo Biyyoolessaa** .................... 25

**1.4.2. Aangoo Hundee dubbii** .................... 29

**1.4.3. Aangoo Tooraa** .................... 30

**1.4.4. Aangoo Mana Murtii Gosa Dhimmaan** .................... 30

**1.4.4.1. Aangoo Dhimma Hariiroo Hawaasaa** .................... 30

**1.4.4.2. Aangoo Dhimma Yakkaa** .................... 31

**1.4.5. Murtii Aangoo Malee Kennamee fi Bu’aa Isaa** .................... 32

**BOQONNAA LAMA** .......... 34
2. **AANGOO MANNEEN MURTII ITOOPHIYAA** .......... 34
2.1. **Seensa** .......... 34
2.2. **Itiyoophiyaa Keessatti Aangoo Abbaa Seerummaa** .......... 34
2.2.1. **Dhimmoota Mana Murtiidhaan Murtaa'uu Danda'an(Justciable Matters)** .......... 35
3.1.1. **Aangoo Biyyoolessaa Manneen Murtii Itoophiyaa** .......... 40
3.1.1.1. **Aangoo Biyyoolessaa Dhimma Yakkaa Itoophiyaa** .......... 40
3.1.1.2. **Aangoo Biyyoolessaa Dhimma Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa** .......... 45
2.2.3. **Aangoo Tooraa Manneen Murtii Itiyoophiyaa** .......... 55
2.2.3.1. **Aangoo Tooraa Dhimma Hariiroo Hawaasaa** .......... 55
2.2.3.2. **Aangoo Tooraa Dhimma Yakkaa** .......... 60
2.2.4. **Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii Federaalaa** .......... 64
2.2.4.1. **Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Federaalaa** .......... 65
2.2.4.1.1. Aangoo Sadarkaa Jalqabaa Mana Murtii Waliigala Federaalaa .......... 65
2.2.4.1.2. Aangoo Ol-iyyannoo Mana Murtii Waliigala Federaalaa .......... 66
2.2.4.1.3. Aangoo Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa .......... 66
2.2.4.1.3.1. **Aangoo Idilee Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa** 67
- **Dhimmoota Federaalaa Ilaalchisee** .......... 69
- **Dhimmoota Naannoo Ilaalchisee** .......... 69
2.2.4.1.3.2. **Aangoo Murtii Dirqisiisaa Kennuu fi Barbaachisummaa isaa** .......... 75
2.2.4.2. **Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Ol-aanaa Federaalaa** .......... 79
2.2.4.2.1. Aangoo sadarkaa jalqabaa .......... 80
2.2.4.2.2. Aangoo ol-iyyannoo .......... 80
2.2.4.3. **Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa** .......... 80
**BOQONNAA SADII** .......... 82
3. **HUNDEEFFAMAA FI AANGOO MANNEEN MURTII OROMIYAA** .......... 82
3.1. **Seensa** .......... 82
3.2. **Aangoo Biyyoolessaa Manneen Murtii Oromiyaa** .......... 84
3.3. **Aangoo Tooraa Manneen Murtii Oromiyaa** .......... 84
3.3.1. **Aangoo Tooraa Mana murtii Waliigala Oromiyaa** .......... 84
3.3.2. **Aangoo Tooraa Manneen Murtii Ol'aanaa Oromiyaa** .......... 85

3.3.3. Aangoo Tooraa Mana Murtii Aanaa Oromiyaa .................................................. 87
3.4. Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa.................................. 88
3.4.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa................................ 89
3.4.1.1. Aangoo Idilee Mana Murtii Waliigala Oromiyaa ........................................... 89
3.4.1.2. Aangoo Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa ............... 91
3.4.2. Aangoo Hundee Manneen Murtii Ol'aanoo Naannoo Oromiyaa....................... 96
3.4.3. Aangoo Hundee Manneen Murtii Aanaalee Naannoo Oromiyaa..................... 101
MADDAWWAN WABII......................................................................................................... 109

## Gabaajee fi Kottoonfachiisa

Dh/Ij/M/M/W/F…Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Fkn………………Fakkeenya

HMF……….…Heera Mootumama Federaalaa

HMFDRI………Heera Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Riipaabiliika Itoophiyaa

HMNO…………Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Kkf…….…….…kanaa fi kana kan fakkaatan

Kwt…………..…keewwata

Lakk…………….Lakkoofsa

Ykn……………..yookaan

M/M/H…………..Mana Murtii Hawaasummaa

MMOF-Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa

M/M/S/D/F…….Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa

M/M/W…………Mana Murtii Waliigalaa

Sdfhh....………...Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

SHH……………..Seera Hariiroo Hawaasaa

WALQO………...Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa

## SEENSA WALIIGALAA

Heera Mootummaa Federaalaa biyya keenyaa keewwata 37(1) jalatti namni kamiyyuu dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an irratti mana murtii idilee ykn qaamaa biroo aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefitti dhiyeeffachuun mirga haqa argachuu akka qabu tumamee jira. Haa ta'u malee, manneen murtii idileetiin wal-qabatee dhimmootuma murtiidhaan furmaata argachuu danda'an yoo ta'an iyyuu; mana murtii kamtu dhimma kana ilaaluudhaaf dandeettii seeraa qaba kan jedhu gaaffii dursa deebii barbaaduudha. Kanaan wal-qabatee, aangoon mana murtii tokkoo kallattii garaagaraatiin jiraachuu ykn dhabamuu danda'a. Inni jalqabaa:- manni murtichaa yoo aangoo biyyoolessaa qabateedha. Murtiin mana murtii biyya tokkoo biyya kamittiyyuu raawwatamummaa qabaachuudhaaf jalqaba dhimmicha ilaaluuf aangoo biyyoolessaa qaba moo hin qabu kan jedhu dhimma ijoo ta'a jechuudha. Aangoo biyyoolessaa kana manneen murtii biyya tokkoo wal-qabasiiftota akka addunyaatti beekamtii qabaniin kan gonfatan yoo ta'u, haala sirna seeraa biyyootaa, haala dhimmichaa fi haala namootaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu mala. Inni biraan aangoo hundee dubbii yommuu ta'u, manneen murtii biyyuma tokko keessatti dandeettii isaan ittiin dhimmoota akkaataa ulfaatinaa fi wal-xaxiinsa isaanii irratti hundaa'uun seeraan ykn heeraan aangoo kana yommuu gonfataniidha. Inni kun aangoo isa murteessaa fi kallattiin murtii haqa kennuu wajjin illee hidhata kan qabaatudha. Inni sadaffaan immoo aangoo tooraatiin kan wal-qabatu yommuu ta'u, sababa dhaqqabamummaa tajaajila manni murtii tokko kennu irratti hundaa'uun, fedhii falmitootaa fi argama ragoota garaagaraa irratti hundaa'uun manni murtii tokko aangoo kana kan ittiin argatu ykn dhabuu danda'uudha.

Gama biraatiin immoo biyyoota sirna Federaalizimii hordofan, kanneen akka Itoophiyaa keesastti immoo caasaan manneen murtii bifa lamaan(dual court structure) heeraan hundeeffamuu waan danda'aniif, Mootummaan Federaalaas ta'ee Naannoleen biyyattii manneen murtii mataa isaanii danda'e hundeeffatanii dhimmoota mataa mataa isaanii irratti yeroo murteessan ni mul'ata. Yeroo kana immoo dhimmootni bakka lamatti, dhimma Federaalaa fi dhimma Naannoo jedhamuun waan qoodamuuf, manneen murtii biyyuma tokko keessatti yoo ta'e illee akkaataa qoodamiinsa aangoo sirna federaalizimiin aangoo argachuu ykn dhabuu danda'u jechuudha. Itti dabalees, akkuma duratti ifee jiru, dhimmootuma murtii manneen murtiin furmaata argachuu danda'an irratti seerri qaama birootiif aangoo abbaa seerummaa kennuu waan danda'uuf, aangoon manneen murtii heeraa fi seeraan kennamuu fi mulqamuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, abbaan seeraa tokko dhimmi

tokko yommuu dhiyaatuuf; waa'ee aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaatti hubachuu fi sakatta'uu danda'uutu irraa eegama jechuudha. Waan ta'eef, bifa waliigalaan moojuliin kun aangoo manneen murtiin wal-qabatee rakkoo hubannaa fi qaawwaa hojimaata keessa jiru sakatta'uudhaan leenjiin bu'a qabeessa ta'e akka ittiin kennamuuf kan kaayyeffateedha. Haaluma kanaan, moojuliin kun boqonnaa sadiitti qoodamee kan qophaa'e yommuu ta'u, boqonnaan jalqabaa akka waliigalaatti aangoo manneen murtiin wal-qabatee sakatta'iinsa hog-barruu fi muuxannoo addunyyaa bifa gabaabaan kan ibsuudha. Boqonnaa lammaffaan immoo sadarkaa biyyattii(Itoophiyaatti) aangoo manneen murtii maal akka fakkaatuu fi seeraa fi hojimaata giddu-galeessa godhatee kan qophaa'ee jiruudha. Boqonnaa inni dhumaa fi ijoon immoo aangoo manneen murtiin wal-qabatee Naannoo Oromiyaa keessatti qabatamni jiru maal akka fakkaatu, qaawwaan seeraa fi hojimaataa maal akka ta'e addaa baasuun kan ibsuudha.

Kanaaf, xumura leenjii kanaatti leenjitoonni:-

- Aangoon manneen murtii ulaagalaa maaliin akka adda baafamu, dhimmoota aangoo manneen murtii idilee ta'anii fi hin taane adda baasuudhaan muuxannoo addunyaatiin dabaaluun hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Sadarkaa biyyaattis ta'ee Naannoo Oromiyaa keessatti qaawwaa seeraa fi hojimaataa naannoo aangoo manneen murtiitti jiru adda baasuun kallattii furmaataa kaa'uun itti hojjetu jedhamee eegama.

## BOQONNAA TOKKO

# 1. AANGOO MANNEEN MURTII: SAKATTA'IINSA HOG-BARRUU BIFA WALIIGALAAN

## 1.1. Seensa

Falmii hariiroo hawwaasaa fi yakkaa keessatti akka dhimma bu'uuraa fi jalqabaatti kan ka'u, mana murtii kamitti akka falmiin geggeeffamudha. Falmii geggeessuuf qaamni murteessu tokko dhimma bu'uuraa dursa tilmaama keessa galchuu qabu ta'a jechuudha. kanaaf, gaaffileen biyyi falmiin keessatti geggeeffamu aangoo qabaachuu, biyyicha keessaa mana murtii naannoo kamiitu aangoo akka qabu qulqulleeffachuu fi sadarkaalee manneen murtii biyyicha keessa jiran keessaa isa kamitti falmiin akka dhihaatu qulqulleeffachuuf hojii dursa hojjetamuudha. Kana erga adda baafamee booddee falmiif qophee taasisuun ni dandaa'ama jechuudha.

Yaadota kana waliin qabatee, biyyi tokko dhimmicha irratti aangoo akka qabaatu yoo taasifame, biyyi biraan aangoo akka irratti dhabu akka taasifame hubachuun murteessaa ta'a jechuudha. Akka abbaa seeraattis ta'e akka ogeessa sirna haqaa biyya tokko keessa jiruutti falmiiwwan aangoo mana murtii waliin walqabatanii ka'an adda baasuun hubannaa gahaa ta'e irra tti qabaachuun barbaachisaa ta'a jechuudha. Kana irraa ka'uun, boqonnaa kana jalatti maalummaa aangoo manneen murtii, yaadrimeewwan aangoo mana murtii utubuuf dhihaatan maal akka ta'anii fi barbaachisummaa isaanii, akkasumas gosoota aangoo manneen murtii irratti yaadota akka addunyaatti jiran kaasuun biyya keenyaaf rogummaa isaan qaban kan ilaallu ta'a.

## 1.2. Hiikkoo fi Maalummaa Aangoo Bifa Waliigalaan

Aangoo manneen murtii jechuun maal jechuudha kan jedhu karaa garaagaraan yeroo hiikamu ni jira. Ogeessota tokko tokko biratti aangoo manneen murtii (jurisdiction) kan jedhamu kun aangoo seeraan kennamu ykn hayyama seeraa jechuun ala waan biraa akka hin agarsiifne ni kaasu. Ogeessoonni biroon ammoo, aangoo mana murtii jechuun waanta bu'uuraa agarsiisa yaada jedhu qabu. Aangoo mana murtii jechuun manni murtichaa dhimmicha ilaalaluuf ykn keessumeessuuf aangoo sirrii fi seera qabeessa ykn seera fuulduraatti fudhatama qabaachuu

kan agarsiisu akka ta'eettis ni ka'a. Hiikkoon inni lammaffaa irratti ka'u kun kan yeroo baayyee manneen murtii biratti fudhatama argateefi itti hojjetamaa jirudha.[1]

Aangoon bal'ifamee yeroo hiikamu, dandeettii biyyi tokko qabeenya, namootaa fi haalota daangaa isaa keessatti raawwataa jiru to'achuuf qabdudha. Aangoon kunis aangoo seera baasuu, seericha hojiirra oolchuufi seericha hiikuu kan dabalatudha. Aangoo seera hiikuu keessatti aangoo namoota irratti (personal) fi hundee dubbii irratti (subject matter) kan kennamuuf ta'a.[2] Akkasumas, aangoo irratti yaadota walqabatoo ta'an ni jiru. Isaanis:- dandeettii ykn aangoo mootummaan qabeenya ykn nama daangaa biyya isaa keessa jiru irratti qabu, daangaa biyyaa kan aangoon siyaasaa biyya tokkoo hojii keessatti ooluu danda'uu fi aangoo manni murtii biyya tokkoo murtii fi ajaja dhimma tokko irratti kennee raawwachiisuu danda'u kan ibsuudha.[3] Yaadni kun aangoo bifa waliigalaa fi ballaa ta'een yeroo kaafamee ilaalamu kan agarsiisudha. Bifa waliigalaan, aangoo jechuun maal jechuudha kan jedhuuf Insaaykloopidiyaa Britanikaa yeroo hiika itti kennu:-

> *"Jurisdiction refers to the power of a state to affect persons, property, and circumstances within its territory. It may be exercised through legislative, executive, or judicial actions. International law particularly addresses questions of criminal law and essentially leaves civil jurisdiction to national control."*[4] *"The power of a sovereign to affect the rights of persons whether by legislation, by executive decree, or by judgement of a Court."*[5]

Bu'uura hiikkoo kanaan aangoon bifa waliigalaan dandeettii biyyi tokko namoota, qabeenyaa fi taateewwan daangaa biyyichaa keessa jiru irratti murtii kennuu danda'uu kan argisiisuudha. Aangoon kunis karaa seera baastuun, seera raawwachiistuu fi seera hiiktuun hojiirra akka ooluu fi dhimmoonni mootummaan irratti akka aangoo qabaatu barbaadamus dhimmoota yakkaa fi hariiroo ta'uu ni hubatama.

Aangoon dhiphatee ilaalamu garuu dandeettii manni murtii biyya tokkoo dhimma dhihaate tokko ofitti fuudhee keessumeessuun kan walqabatudha. Yaaddamnii fi hiikkoon kennamus

---

[1] "In Search Of Removal Jurisdiction," *Northwestern University Law Review*, Northwestern University Law Review, Vol. 102, No. 1 (2008): p.56-57.
[2] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace" (PHD Thesis, School of Law, Queensland University of Technology, 2004), p.20.
[3] Bimal Raut, p.22.
[4] Malcolm Shaw, "International Law," in *Enc* (Encyclopædia Britannica, inc., December 4, 2019), https://www.britannica.com/topic/international-law.
[5] Gbenga Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, Routledge Research in International Law, 2012, p.32.

gaaffilee akka manni murtii dhimmicha ilaaluuf rogummaa qabu isa kami, seera kamitu dhimmicha irratti raawwatiinsa qabaataa fi eenyuutu raawwachiisuu danda'a kan jedhu adda baasee deebii kan kennu waan ta'eef xiyyeeffannoo argachuu dhimma qabudha. Kuusaan jechootaa 'Black's Law' ammoo dhippisuun aangoo manneen murtii qofa irratti xiyyeeffachuun akkaataa itti aanuun hiikeera;

> *"A term of comprehensive import embracing every kind of judicial actions. It is the power of the court to decide a matter in controversy, and presupposes the existence of a duly constituted court with control over the subject-matter and the parties. Jurisdiction defines the powers of a court to inquire into facts, apply the law, make decision and declare judgments" and "The power and authority constitutionally conferred upon (or constitutionally recognized as existing in) a court or judge to pronounce the sentence of law, or to award the remedies provided by law, upon a state of facts, proved or admitted, referred to tribunal for decision, and authorized by law to bring the subject of investigation or action by that tribunal, and in favor of or against persons (or a Res) who present themselves, who are brought before the court in some manner sanctioned by law as proper and efficient.*[6]

Bu'uura hiikkoo kanaan, aangoo mana murtii qofa fudhachuun yeroo ilaalamu, manni murtii namoota, qabeenyaa fi taatewwan daangaa aangoo isaa keessatti raawwataman irratti murtii kennuu fi raawwachiisuu waliin walqabatee dandeettii qabu kan agarsiisu akka ta'edha. Haaluma walfakkaatuun, hiikkoo kuusaan jechootaa seeraa biyya Awustraali'aa aangoo ilaalchisee kan mana murtii irratti xiyyeeffachuun akkataa itti aanutti hiikeera; *"The scope of the court's power to examine and determine the acts, interpret and apply laws, make orders and declare judgments. Geographic area, the type of parties who appear, the type of relief that can be sought, and the point to be decided may limit jurisdiction"*[7]

Aangoo manneen murtii hiikuu keessatti maalummaa irraa ka'uun ibsuun baratamaadha. Haala kanaan yeroo ibsamus, aangoo manneen murtii jechuun dandeettii ykn aangoo manni murtii tokko murtii raawwatamuu danda'uu fi seera fuulduratti fudhatamummaa qabu kennuu waliin kan walqabatuudha. Kana keessatti, seerri deemsaa karaa ittiin aangoon kun to'atamu ykn sirrummaan isaa mirkanaa'uu fi fashalaa'uudha. Manni murtii tokko aangoon seeraan

---

[6] Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.Pdf" (ST.PAUL, MINN, 1999).
[7] Nygh PE, Butt P (eds) Australian Legal Dictionary, Sydney, 1997 at 650.

erga kennameefii booddee akkamitti akka hojiirra oolchu sirna ittiin madaalamudha.[8] Aangoo gaafa jedhamu, seeraan kan kennamu ta'ee fedhii fi dantaa hawwaasummaa biyyattii keessa jiru kan agarsiisuudha. Biyyoota dantaa fi fedhii hawaasaatiif dursa kennan keessatti maddi aangoo Uummata waan ta'eef, aangoon qaama mootummaa kamiyyuu karaa Heeraa mul'ata. Sababni isaa Heerri agarsiiftuu birmadummaa Uummataa waan ta'eefiidha[9]. Aangoon mana murtiis karuma heeraa kana murtaa'u ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

Dhimma tokko irratti aangoon mana murtii tokkoof yeroo kennamu, mana murtii biraa aangoo dhowwachuun isaa hubatamuun barbaachisaadha. Sababiin isaas manneen murtii garaaagaraaf aangoon walfaana kennamuu hin qabu, hin danda'us waan ta'eefi.  Aangoon yeroo tokkotti manneen murtii hedduuf kan kennamu yoo ta'e, carraan dhimma tokko irratti murtiilee garaagaraa kennamuu waan uumamuuf, walitti bu'iinsa fiduu danda'a. Kanaaf, aangoon yeroo seeraan kennamu, bu'uuraan manneen murtii biroo fi qaamolee biroo aangoo dhowwachaa jiraachuu agarsiisa.[10]Aangoon manneen murtii yaaddama seerri tokko biyya daanga'e tokkoof kan tumamu yeroo ta'u, mootummaan biyyichaa seericha hojiirra oolchuuf dandeettii fi aangoo qabu gargaaramuun seericha raawwachisuuf dandeettii qabu kan mul'isuudha.[11]Himannaan yeroo dhiyaatu, gaaffiin guddaan itti aanee deebi'uu qabu mana murtii isa kamitti himannaan dhihaachuu akka qabudha. Sababiin isaas manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabu qofatu dhimmicha ilaaluu danda'a waan ta'eefi.[12] Baratamaan aangoon mana murtii seeraan kan daangaa'edha. Seerii fi aangoon kan bahu daangaa murtaa'e tokko keessa uummata jiraatuufidha. Abbaan aangoon kun kennameefis daangaa kana keessatti murteessuu, murtee kennames raawwachiisuuf aangoo kan qabaatu ta'a jechuudha. Kanaaf, mirgoonni seeraan eegumsa argatan tokko bu'uuraan bakki isaan itti argaman falmii mirgicha irratti geggeeffamu ilaalchisee murteessaadha.[13]

Aangoon kallattii dhaqqabuu qaama mootummaa keessaa tokkootti ibsamuu danda'a. Kana jechuunis, hanga bulchiinsa mootummaa tokko jalatti kufu agarsiisuuf jechama itti gargaaramnu ta'uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[14] Aangoon kallattii Kanaan yeroo ibsamutti aangoo murtii kennuu qofa osoo hin taane aangoo qaamolee mootummaa sadeen iyyuu kan

[8] Scott Dodson, "IN SEARCH OF REMOVAL JURISDICTION," p.59.
[9] FDRE Constitution, "FEDERAL NEGARIT GAZETA," kwt 8(2).
[10] Scott Dodson, p.59.
[11] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.5.
[12] Alan Sedler, *Ethiopian Civil Procedure*, n.d., p.12.
[13] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.7.
[14] Ralf Michaels, "Jurisdiction, Foundations," January 2016, p.1, .

dabalatu ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Aangoo seera baasuu, aangoo seericha hiikuun hojiirra oolchuu fi aangoo murtii kenname raawwachiisuu kan of keessatti qabutu ta'a jechuudha. Daangaa aangoo biyyi tokko seera irratti baasuu, raawwachiisuu fi itti gaafatamummaa fiduu dandeessu kan agarsiisudha.[15] Kallattii biraan yeroo ilaalamu aangoon (jurisdiction) kan jedhamu kun dandeettii murtii kennuu mana murtii tokkoof manneen murtii jiran keessaa filatamee kennamudha. Akkaataa kanaan aangoon yeroo hiikamuu fi ibsamu yaaddama aangoo jalqaba kaasne irra dhiphatee kan ibsamu ta'uu hubachuun barbaachisaadha.[16] Kan olitti ibsametti dabalee, aangoon qajeeltoowwanii fi seerota manni murtii inni kam dhimma tokko irratti aangoo akka qabu ittiin murteessuuf gargaaramnu adda baasuudha.[17]

**Dhimma 1ffaa**[18]

Bara 1993, A.A tti biyyi Beljiyeem aangoo namoota yakka waraanaa fi namummaa irratti raawwatan addunyaa irraa iddoo kamitiyyuu fi yoomiyyuu raawwatan qabuu ofii kenniteetti. Bu'uura aangoo addunyaalessaa ofii kennite kanaanis ajaja qabiinsaa bara 2000 A.A tti Ministeerri Haajaa Alaa biyya Koongoo obbo Abdulaayee Ndoobasii yakka waraanaa raawwataniiru jechuun akka qabamuuf ajajeetti. Biyyi Koongoos murtichatti mufachuun gara Dhaddacha  Haqaa Heegiin jirutti (Court of Justice in the Hague) geessaniiru. Iyyannoo isaaniinis ajajni biyyi Beeljiyem murte kun sirna seeraa idila addunyaa jalatti haguuggi himatamuu fi qabamuu dhabuu aangawoota biyyootaaf kennamee jiru kan cabsedha jechuun dhiheefataniiru.

Bara 2002 A.Attis Manni Murtichaa Beeljiyeem ajaji qabiinsaa murte kun seera Idila Addunyaa kan faallessuu ta'uu murteesseera. Manni Murtii kunis yeroo xiinxalu, ministiroonni haajaa alaa mana murtii biyya biraatti osoo aangoo irra jiranii akka dhihaataniif ajajni qabiinsaa bahe seera idila addunyaa kan cabse ta'uu ibseera. Yakki jedhame hangam cimaa ta'us angawoonni biyyootaa kan hin qabamne ta'uus irra deebi'ee ibseera.

---

[15] Michaels, "Jurisdiction, Foundations."
[16] Michaels, p.2.
[17] Michaels, p.3.
[18] Shaun McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction* (Abingdon [England]; New York: Routledge-Cavendish, 2007), p.21-22, http://public.ebookcentral.proquest.com/choice/publicfullrecord.aspx?p=219951. Arrest Warrant of 11 April 2000 (Democratic Republic of Congo v Belgium), International C bz\dghk754`][jhkl
lourt of Justice, Judgment of 14 February 2002. Case report at http://212.153.43.18/icjwww/ipresscom/ipress2002/ipresscom2002-04bis_cobe_20020214.htm

Haa ta’u malee, abbootii seeraa dhimmicha ilaalan keessaa sadii yeroo yaadaan adda bahan, yakkoonni namummaa irratti raawwataman ilaalchisee aangoon addunyaalessaa jiraachuu qaba ture kan jedhu manni murtichaa sababeessuu qaba ture (universal jurisdiction in cases of crimes against humnaity). Yaadichi dhimma ammaa harkaa qabnu irratti raawwatamiinsa kan hin qabne  yoo ta’es, manni murtichaa sababeessa isaa keessatti yaaddama akkanaa kaasuu qaba ture. Sababiin isaas biyyi Beeljiyeem aangoo ajaja qabiinsaa muru qabdi, shakkamichi sababa golgaa seeraa qabuuf qabamuu hin danda’u malee jechuun ibsamniiru. Kunis aangoo addunyaalessaa qabaachuu seerri aangessuu yoo jiraachuu baates seeri daangessus hin jiru jechuun ibsaniiru.

**<u>Gaaffilee Marii</u>**

1. Dhimma kana akkamitti ilaaltuu? Beeljiyeem aangoo waaraantii kana muruu qabdi jettuu? maaliif?
2. Hiikkoo aangoof armaan olitti kenname waliin walbira qabuun yaada abbootiin seeraa sadeen kennan akkamitti ilaaltuu?
3. Aangoo akkanaa biyyoonni kan qabaatan yoo ta’e ,walitti bu’iinsa aangoo ballaa hin fiduu? Kanaaf, furmaata waanti ta’uu danda’u jiraa?

Hiikkoo fi maalummaa aangoo manneen murtii ilaaluu keessatti wantoota gurguddoo akka humnaa (humna power), bu’aa (effect), seerummaa (legitimacy) fi waamicha (notice) hiikkoo aangoo (jurisdiction)f kennamu keessatti ilaalamuu wantoota qabanidha. Manni murtii murtii inni kennu qabxiilee kanneenin kan madaalamu ta’uu ogeessonni ni kaasu.[19] Seerri aangoo (jurisdiction) murteessuuf bahu seera muummees ta’e seera deemsaa akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Dabalataan,waa’een aangoo yeroo kaafame dubbatamu, wantoota ilaalamuu qaban:-dhimmicha irratti seera baasuu danda’uu, aangoo manni murtii humna irratti qabaachuu danda’uu ykn dirqamee akka dhihaatu taasisuu danda’uu fi aangoo murtii kenname ykn seera bahe irratti raawwachiisuu danda’uufaa kaasuun ni dandaa’ama.[20] Qabxiileen kun tokkoon tokkoon isaanii maal agarsiisu kan jedhu akkaataa itti aanee jirutti ilaalla.

---

[19] Bimal Raut, “Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace,” p.8.
[20] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*. P.32

### 1.2.1. Humna Qabaachuu(Power)

Seerri tokko kan cabu yoo ta'e, qaamni aangoo qaba jedhamu seericha raawwachiisuuf ykn kabachiisuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu fudhachuuf humna qabaachuu qaba. Seera bu'a qabeessa ta'e qabaachuuf sirna seericha kabajuu fi kabachiisuu danda'u qabaachuun dirqama. Seera hojiirra oolchuun ammoo dandeettii qaamni seericha hojiirra oolchu naannawaa seerichi itti akka hojiirra oolu barbaadamu sanatti humna qabaachuu qaba. Qaamaan naannoo sana to'achuu danda'uu ykn qaamolee seericha cabsan irratti tarkaanfii fudhachuu danda'u ykn akka fudhatamu taasisuuf aangoo qabu ta'uun dirqama. Kun bu'uuraan walabummaa biyyaa waliin kan walqabatu waan ta'eef, qaamni mootummaa seericha hojiirra oolchu uummata irraa aangoon kun kan kennameef ta'uun isaas murteessaa ta'a jechuudha.[21] Kanaan wal-qabatee, yaadrimeewwan akka deggersaatti dhihaachuu dandaa'anis kanneen akka naannummaa (territorial), daanga ce'ii (quasi-territorial), dhuunfaa (personal) fi kkf keessaa tokko ta'uu danda'a. Yaaddamoota kana irratti hundaa'uun manni murtii aangoo qabaachuu isaa mirkaneessuu ykn hubachiisuu danda'a.[22]

### 1.2.2. Bu'aa (Effect)

Bu'aa ilaalchisee aangoon biyya tokko seera idila addunyaa fi seera biyyoolessaan kan murtaa'u ta'a. Seeronni idila aduunyaa biyyattiin daangaa akkamii akka qabduu fi aangoo biyyaa hangam akka ta'e kan tarreessudha. Daangaa kana keessattis mootummaan aangoo guutuu kan qabu ta'uu agarsiisa. Seeronni biyyooleessaa ammoo daangaa isaa kana keessatti biyyi tokko aangoo maalii akka qabuu fi akkamitti aangoo kana hojiirra akka oolchu kan ittiin ibsamudha. Yaaddamni aangoo kun walabummaa waliin kan walqabatu yoo ta'eyyuu, namootaa fi qabeenya biyya tokko keessa jiru irratti aangoo mootummaanii fi caasaan mootummaa qabu kan agarsiisudha. Haaluma kanaan, akkuma seerri daangaa biyyaan daangeffamu bu'aan isaas duukaa kan daangeffamu ta'a. Kana jechuunis miidhaan seera tokko cabsuun raawwatameera jedhamuun ka'uu danda'us seericha faana kan daanga'u ta'uu hubatamuu dhimma qabudha. Kanaaf, waa'ee aangoo mana murtii (jurisdiction) gaafa kaafamu, gochaawwan ykn taateewwan daangaa biyyaa ykn seerri tokko bulchu keessatti kan daanga'u jechuudha. Keessumaa yaadni kun jechama afaan laatinii kan aangoo qaama taatee ykn gochaa irratti qabu ibsuuf garaagaramamu kan "lex loci delecti" (the law of the place of the wrong) jedhu keessatti  jechuun ibsamuu wajjin wal-qabata. Yaaddamni kun taatee ykn

[21] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.9.
[22] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p,51.

qabeenya tokkoo fi qaama aangoo qabeenyicha irratti qabuu fi bu’aa isaa jidduu walitti dhufeenya jiru agarsiisuuf kan gargaarudha.[23] Kanaaf, aangoon bu’aan isaa kan daanga’e ykn walabummaa biyya tokko waliin kan walqabatu ta’uu hubachuun barbaachisaadha.

### 1.2.3. Quba Qabaachuu (Notice)

Aangoon tokko kan hundaa’u, tilmaama qaamni nama tokko waliin daangaa aangoo biyya tokko keessatti walitti dhufeenya uumu seera walitti dhufeenyicha bitu ykn bulchu ni beeka jedhu irrattidha. Kanaafis, itti gaafatamummaa dhufuu danda’u hambisuuf qophii barbaachisaa fi of eeggannoo barbaachisaa ta’e taasisuuf carraa argateera jedhama. Dabalees, seericha dursee ni beeka jedhamee sababa tilmaamamuuf, akka hin cabsineef of eeggannoo taasisuuf carraa akka argateetti tilmamaama.[24]

### 1.2.4. Seera Qabeessummaa (Legitimacy)

Sirni seeraa kamiyyuu raawwatiinsa qabaachuuf dirqama fedhii uummatichaa kan argate ta’uu qaba. Kun karaa walabummaa uummataa itti calanqisuu qabu keessaa tokkoon ta’uu danda’a. Kanneen akka filannoo, mootummaa uummataa fi kkf. kaasuun ni dandaa’ama. Kun hin ta’u taanaan, seerichi fudhatamummaa kan dhabu waan ta’eef hojiirra oolmaa isaa irratti hawwaasni biyyattii finciluu danda’a. Kun ammoo bu’uuraan seera biyya tokko irratti raawwatamu seera qabeessuummaa ykn fudhatamummaa kan dhabsiisu ta’a. Kanaaf, biyya tokko keessatti lammiileen jiran karaa ittiin mootummaa isaanii keessatti hirmaachuun seerri isaan bitu kun maal ta’uu akka qabu hirmaannaa taasisuu danda’an jiraachuun murteessaa ta’a.[25] waan ta’eef, seerichaaf fi qaama seericha hiikee hojiirra oolchaa jiruuf beekamtii akkamiitu kennamee jira kan jedhu kan ilaallatudha.

### 1.2.5. Dhimmoota Murtiin Murtaa’uu Dandaa’an (justiciability)

Yaaddamni dhimmoota murtiin ilaalamuu danda’anii aangoo mana murtiif hiikkoo kennuu keessatti gahee inni qabu dagatamuu hin qabu. Dhimmi tokko seera fuulduratti murtii argachuu danda’a yeroo jedhamutti kallattiin aangoo mana murtii irratti daangaa kaa’uu akka ta’e hubatamuu qaba. Sababiin isaas, dhimma murtiin ilaalamu jechuun daangaa seeraa

[23] Bimal Raut, “Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace,” p.9.
[24] Bimal Raut, p.9.
[25] Berman N, Modernism, Nationalism and the Rhetoric of Reconstruction’ (1992) 4 Yale Journal of Law and the Humanities, P. 351.

kaa’amee fi murtiin hiikkoo itti kennuu waan dabalatuufiidha.[26] Gaaffiin guddaan yaad-rimee kana keessatti ka’u, manni murtii dhimmicha ilaaluun murtii kennuu ni dandaa’amoo hin danda’u kan jedhu adda baasuu irrattidha. Itti dabaluunis, dhimmoota murtiin ilaalamuu dandaa’anii fi hin dandeenye adda baasuu irratti falmii guddaatu ka’a. Qajeeltoon kun waa’ee dhimmoota murtii argachuu dandaa’anii yaaddama abbaa seeraa ykn judicial activisim irraa adda akka ta’e hubachuun barbaachisaadha.[27] Kana irraa ka’uun yaad-rimeen kun ilaalcha dhimmi tokko irratti kan mana murtii ta’uu qabamoo hin qabu jedhu irratti kan hundaa’u osoo hin taane aangoo manni murtii dhugumaan dhimma tokko ilaaluuf qabu kan ilaallatudha.

Dhimmoonni murtiin ilaalamuu dandaa’anii fi hin dandeenye yeroo baayyee yaad-rimee dhimmoota murtee siyaasaa argachuu qaban jedhamu waliin walbira qabamuun ni ka’a. Kanaaf, waa’een dhimma murtii argachuu danda’uu kallattiin qoqqooddii aangoo qaamolee mootummaa sadeen jidduutti raawwatu waliin kan walqabachuu danda’udha. Kana jechuun, heeraan ykn seeraan qoqqoodii kana raawwachuun ifatti aangoon tokko qaamolee siyaasaaf kan kenname yoo ta’e, manni murtii dhimmichaaf furmaata kennuuf kan rakkatu yoo ta’e, ykn dhimmicha furuun kallattiin ilaalcha siyaasaa addaa ta’e kan barbaadu yoo ta’e, ykn manni murtii dhimmicha irratti murtii kennuun loog-maleessummaa fi amanamummaa mana murtii irraan dhiibbaa kan geessisu ta’uun yoo hubatame, dhimmichi murtii argachuu ni danda’a jedhamuu kan hin danda’amne ta’uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[28] Waan ta’eef, yaaddamni dhimmoota siyaasaa jedhu kun kallattiin aangoo mana murtii daangessuuf kan oolu ta’uu barreeffamoonni tokko tokko ni agarsiisu.

Sababiin dhimmoota murtii ilaalamuu danda’an aangoo manneen murtiif hiikkoo kennamu keessatti akka ilaalamu barbaadameefis, kallattiin aangoo mana murtii irraan dhiibba kan geessisu waan ta’eefidha. Biyya Ameerikaatti dhimmi murtiin ilaalamuu danda’u jedhu yaad-rimee dhimma siyaasaan furmaata argachuu qabu waliin walbira qabamee ilaalama. Haaluma

---

[26] Ariel L. Bendor, “Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience,” *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.312, https://doi.org/10.18060/17696.
[27] Ariel L. Bendor, “Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience,” *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.312, https://doi.org/10.18060/17696.
[28] Baker v. Carr, 369 U.S. 186, 217 (1962). In Goldwater v. Carter, 444 U.S. 996, 998 (1979), Justice Powell broke down the doctrine to a tri-partite examination, on the basis of which it could be decided if a question was political and, consequently, not justiciable: (i)Does the issue involve resolution of questions committed by the text of the Constitution to a coordinate branch of government? (ii) Would resolution of the question demand that a court move beyond areas of judicial expertise? (iii) Do prudential intervention?

walfakkaatuunis, biyya Isiraa'eelittis qajeeltoon kun kun fudhatameera. Keessumaa biyya Isiraa'eelitti akka gaaffii bu'uuraatti kan ka'u, dhimmoota hundumaaf seeraan murtii itti kennuun hin dandaa'amu kan jedhuu dha. Sababiin isaas, manneen murtii dhimmoota kan keessumeessan ulaagaa seeraan kaa'amee jiru irratti hundaa'uun waan ta'eef, dhimmoonni hundinuu ulaagaa kana guutu jechuun tilmaamuun rakkisaa ta'uu danda'a kan jedhu bu'uura godhataniiti.[29] Qajeeltoon dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'anii kun kallattiin dandeettii, aangoo mana murtii fi walitti dhufeenya manni murtii qaamolee mootummaa biroo waliin qabu kan murteessu ta'a jechuudha. Haa ta'u malee, manni murtii bu'uura biyyi tokko dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'an ittiin hiiktu irratti hundaa'uun garaagara ta'uu danda'a.

Sabaabiin isaas, jecha 'justiciable' ykn dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an jedhamu kanaaf hiikkoo kennuun rakkiisaa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu. Kunis, yaad-rimee kana daangaa isaa fi maalummaa isaa hubachuun rakkisaa akka ta'e barreeffamoonni ni kaasu.[30] Biyya Ameerikaatti abbootiin seeraa isaanii illee dhimmoota isaaniif dhihaatan irratti yaada kanaaf hiikkoo kennuun rakkisaa akka ta'e ni ibsu.[31] Kanaaf, jecha kana haala ifaa ta'een hiikkoo itti kennuun rakkisaa ta'uu akka danda'u hubachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee, duuchumatti hiikkaa itti kennuun hin dandaa'amu jechuunis bira darbuun dhimma dandaa'amu miti. Sababiin isaas, dhimmichi kallattiin hojii mana murtii kan murteessu waan ta'eef dirqama hiikkoo hubatamuu danda'u itti kennuun barbaachisaa akka ta'e

[29] Ariel L. Bendor, "Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience," *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.313, https://doi.org/10.18060/17696.
[30] This ambiguity imbues the very subject matter of the dispute, and the various contending views and positions, with a lack of essential clarity. Indeed, there have been those who have seen in justiciability, by reason of its very nature, "a concept of uncertain meaning and scope. ' See Geofrey Marshall, Justiciability, in OXFORD ESSAYS IN JURISPRUDENCE 265 (Anthony G. Guest ed., 1961). See also Ressler, 42(2) P.D. at 474 (comments of Barak, J.).
[31] Flast v. Cohen, 392 U.S. 83, 95 (1968) (Warren, C.J.); Similarly: "Justiciability is, of course, not a legal concept with fixed content or susceptible of scientific verification." Poe v. Ullman, 367 U.S. 497, 508 (1961)(Frankfurter, J.). Under Israeli law: "I would be astounded if a sage would ever arise who was able to precisely define the meaning of this term ... I will admit without shame that I myself have never grasped the nature of this monstrous creation ....No exact legal analysis can be found to comprehend its content." H.C. 295/65, Oppenheimer v. Minister of Interior and Health, 20(1) P.D. 309, 328 (Zilberg, acting C.J.); "The doctrine of non-justiciability is in its essence a doctrine whose foundations cannot be defined in a precise manner." H.C. 85/73, "Kach" Movement v. Chairman of the Knesset, 39(3) P.D. 141, 161 (Barak, J.).

barreeffamoonni ni kaasu.[32] Bifa waliigalaan maalummaa dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'anii hubachuuf kallattii lamaan ilaaluun ni dandaa'ama.

Jalqaba irratti dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'an (justiciable matters) kallattii saayinsii seeraatiin (jurisprudence) akkamitti ilaalama kan jedhu ta'a. Bu'uura kanaanis, gaaffiin dura gaafatamuu qabu dhimmoota hundumaaf deebiin seeraan kennamuu danda'u jira kan jedhu akka ta'e ni ka'a.[33] Kunis, kan gaafatu ulaagaan seeraan kaa'amee jiru dhimmichi guutuun furmaata seeraa argachuuf waanti isa dandeessisu jira kan jedhudha. Kana irratti hundaa'uun gaaffii dhihaate tokkoof yoo xiqqaatee xiqqaate deebiin seeraan kennamuu danda'u tokko hin jiru yoo ta'e dhimmichi dhimma murtiin ilaalamuu miti yaada jedhu kan agarsiisudha.[34] Itti aansuun karaan lammata dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'aan, kallattii qaamni dhimmicha ilaaluuf rogummaa qabu eenyu kan jedhu gaafachuunidha. Kana jechuunis, gaaffii dhugumaan manni murtii qaama dhimmicha ilaaluuf rogummaa qabudhaamoo qaamni biraan irra jireessaan dhimmichaaf furmaata kennuu danda'u kan biraan jiraa kan jedhu qulqulleeffachuunidha.[35] Lamaanu jalatti ijoon guddaan ilaalamuu qabu, manni murtii dhimmicha keessummeessuu qabamoo dhiisuu qaba kan jedhudha. Dhimmichi dhimma siyaasaati yoo ta'e, dhimma murtiin furmaata argatu miti jedhamee akka yaadrimeetti kan ka'es yaaddama yeroo hedduu fi biyyoota hedduu keessatti akka furmaataatti fudhatamee jirudha. Qajeeltoo dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'anii fi hin dandeenyee kana ilaalchisee garaagarummaan aangoo (jurisdiction) waliin qabus hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas aangoon kallattiin dhimmi tokko seeraan mana murtiif kennamuu fi dhiisuu waliin kan walqabatu waan ta'eef.[36] Aangoon kallattiin bu'uura seeraan aangoo kennamee irratti hundaa'uun manni murtii dhimma tokko ilaaluuf gahumsaa fi qophii qabu waliin kan qabatu yoo ta'eedha. Walumaagalatti, yaadota armaan olii irraa kan hubatamu, manni murtii

[32] Ariel L. Bendor, "Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience," *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.313-315, https://doi.org/10.18060/17696.
[33] WESLEY N. HOHFELD, FUNDAMENTAL LEGAL CONCEPTIONS AS APPLIED IN JUDICIAL REASONING (1923). Hohfeld categorizes the various rights into four categories: (1) right (in the sense of claim or demand) and duty; (2) privilege (in the more modem term-liberty) and no-right; (3) power and liability; and (4) immunity and disability.
[34] Ariel L. Bendor, "Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience," *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.315, https://doi.org/10.18060/17696.
[35] Ressler, 42(2) P.D. at 474. Cf. Samuel Issacharoo, Judging Politics: The Elusive Quest for Judicial Review of Political Fairness, 71 TEX. L. REv. 1643, 1686-88 (1993).
[36] Ariel L. Bendor, "Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience," *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.317, https://doi.org/10.18060/17696.

karaa lamaan aangoo kan dhabu ta'uu isaati. Innis dhimmichi dhimma murtiin murtaa'uu hin dandeenye yoo ta'ee fi qaamni biraan dhimmicha mana murtii caalmaatti ilaaluuf rogummaa fi bu'uura seeraa qabu yoo jiraate akka ta'eedha.

**<u>Gaaffilee Marii</u>**

1. Dhimmoota murtiin ilaalamuu danda'an jechuun maal jechuudha? Isin akka ogeessa seeraatti akka mitti hubattu?

2. Walitti dhufeenya dhimmoota siyaasaan furmaata argachuu qabanii fi dhimmoota murtiin furmata argachuu akkamitti hubattu? Fakkeenya kaasuun irratti maria'adha.

## 1.3. Yaadrimeewwan Aangoo Utuban

Yaadrimeewwan waa'ee aangoo, walabummaa, daangaa qabatamaa (territoriality) fi taateen fi qabeenyaan qaamaan bakka inni jiru aangoo manni murtii tokko qabuu fi dhimmicha ilaaluuf rogummaa isaa qulqulleessuuf kan fayyadanidha. Yaadrimeewwan kun hundi waa'ee walabummaa biyyaa tilmaama keessa kan galchan yommuu ta'an, biyya tokko keessatti aangoon kan mootummaa qofa kan jedhu irrattis kan hundaa'edha. Yaaddamoonni kun tilmaama keessa kan galan biyya tokko keessa mootummaan walabummaa qabuu fi walabummaan isaa kunis walabummaa uummataa irratti bu'uureffamuun seera ni baasa, seerichis daangaa biyyattii qofa keessatti rogummaa, fudhatamummaa fi hojiirraa oolmaa kan qabu ta'a.[37] Kana irraa kaanee yaaddamoota hojiirra oolmaa seeraa fi aangoo manneen murtiif akka utubduutti dhihaachuu danda'an tokko tokkoon akkaataa itti aanutti ilaaluun barbaachisaa ta'a.

### 1.3.1. Yaadrimee Walabummaa (Sovereignty Theory)

Yaaddamni walabummaa mootummaan daangaan isaa maal akka ta'e kan ibsudha.[38] Yaaddamni kun qubsumni biyyoota jidduutti kan gargar qoqqoodamedha jedha. Bu'uuruma

[37] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.24.
[38] , 'Nationality Law, Sovereignty, And The Doctrine Of Exclusive Domestic Jurisdiction' (1994) 9 Florida
Journal of International Law 219.

kanaanis, qoqqoddii raawwatamee jiru kana irraatti mootuumaan tokko daangaa isaa keessatti aangoo olaanaa fi dhumaa kan qabudha. Qaamni biyyicha keessa jiruu fi biyyichaa alaa gara biyyichaa dhufu kamiyyuu aangoo mootummaa kanaaf bitamuuf dirqama akka qabu yaaddamni kun ni kaa'a. Aangoon mootummaa kunis raawwatiinsa kan qabaatu, karaa seeraa mootummaaf bitamuunidha. Kana keessatti aangoon mootummaa daangaa irratti kan hundaa'e yommuu ta'u, hojiirra ooluu kan danda'us aangoo daangaan ala yoo ta'e walitti bu'iinsa dhufuu danda'u hambisuu irratidha. Kanaaf, mootummaan daangaa aangoo isaa keessatti namootaa fi qabeenyaa jiru hundumaa irratti aangoo guutuu akka qabaatu barbaadameeti. Haa ta'u malee, haala addaatiin mootummaan lammiilee isaa daangaa biyyattii ala jiran irratillee aangoo qabaachuun kan danda'u ta'uu ni kaa'a[39].

Yaad-rimeen kun yeroo gaaffiin dhihaatu himatamaan eessatti argama kan jedhu irratti ykn qabeenyaan falmiin irratti geggeeffamu eessatti argama kan jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Sababni isaa yeroo himatamaan waraqaa waamichaa dhaqqabsiifamu daangaa aangoo biyyattii keessa jiraachuun bu'uura waan ta'eef. Daangaa aangoo isaa ala yoo ta'e garuu manni murtii gaaffiin biraa kan ka'u sababa ta'eef dhimmicha keessumeessuuf ulaagaan biraa akka guutamu kan eeggatu ta'a.

### 1.3.2. Yaadrimee Qubsuma lafaa (Territorial Theory)

Yaadrimee kanaaf bu'uura kan ta'e biyyattiin akka biyyaatti osoo adda adda hin faca'inii fi biyyoonni biroon keessoo biyyattii keessa osoo hin seenin jiraachuu qabdi yaada jedhuudha. Biyyi tokko daangaa biyya biraa keessatti aangoo isaa hojiirra oolchuuf yaaluun kallattiin walabummaa biyyichaa cabsuu jedhamee fudhatama. Kana irraa ka'uun aangoon karaa sirrii ta'een hojiirra akka oolu kan barbaadamu yoo ta'e, biyyicha waliin hidhanni jiraachuun murteessaadha. Kanaaf, himatamaan ykn qabeenyaan falmiin irratti geggeeffamu daangaa biyyattii keessa jiraachuu qaba. Yaadrimeen kun manni murtii himatamaa irratti ykn qabeenya naannoo daangaa aangoo mana murtichaa keessa jiru irratti aangoo qabaachuu isaa kan agarsiisudha. [40] Bu'uura kanaan dhimmoota yakkaas ta'ee hariiroo hawaasaa ilaalchisee biyyoonni dhimmota yakkaa daangaa biyya isaanii keessatti raawwate irratti aangoo guutuu qabu.[41]Ta'us dhimmoota yakkaa irratti yeroo ammaa yakkoonni daanga ce'ii ta'anii fi teeknoolojiin gargaaramuun raawwatamuu danda'an ilaalchisee biyyoonni yaaddama

[39] Miiljalee olii.
[40] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.26.
[41] Malcolm Shaw, "International Law."

daangaan daangeffamuu aangoo yakkaa biyyootaa irratti gaaffiin yeroo ka'u mul'ata. Sababa kana irraan kan ka'ees yakkoota akka shororkeessummaa, computeraan raawwaataman, xaayyaara ugguruu fi kkf ilaalchisee sadarkaa idila addunyaattii fi waliigalteewwan gam-lameef iddoon kennamaa dhufuun jira.[42] Haa ta'u malee, akka bu'uuraatti yakki tokko daangaa biyya tokkoo keessatti kan raawwate yoo ta'e, manni murtii biyyichaa dhimmicha ilaaluuf aangoo guutuu ni qabaata. Aangoo biyyaa fi mana murtii irratti gaaffiin ka'u kan hin jirres, yakkichi guutummaan guutuutti daangaa biyyattii keessatti kan raawwatamee xumurame yoo ta'edha. Yaad-rimeen qubsuma jedhamu kun aangoo biyyi tokko akka biyyaatti naannoo ishee ykn daangaa ishee keessatti seera baasuu, raawwachuu fi hiikuu dandeessu kan agarsiisudha. Aangoon kunis raawwatiinsa kan qabaatu namootaa fi wantoota daangaa kana keessatti argamanii fi hojiiwwan namoota daangaa kana keessa jiran waliin kan walqabate hunda irratti akka ta'e barreeffamoonni ni argisiisu.[43]

Haa ta'u malee, haala addaan biyyi tokko daangaa isheen ala aangoo argachuu kan dandeessu ta'uus dagatamuu hin qabu. Yaaddaamni kunis yaadrimee gariin daanga ce'ii (Quasi-territorial jurisdiction) jedhamee yeroo beekamu jira. Fakkeenyaaf, dooniiwwan, xiyyaarota, furguggii hawwaa (space crafts) fi kkf fudhachuu dandeenya. Kan lammummaan isaanii biyya tokko ta'ee daangaan ala kan jiran yoo ta'es biyyi gariin-aangoo kan irratti qabaattu ta'a. Aangoon kunis wantoota qofa osoo hin taane taateewwanii fi namoota achira jiran hunda kan dabalatu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.[44] Xiyyaaronni, dooniiwwan fi kkf kun alaabaa isaanii irratti hundaa'uun lammumaan isaanii fi biyyi tokko aangoo akka irratti qabaattu beekama jechuudha.

Kanaaf, yakkichi daangaa biyya tokkoo keessatti eegalee biyya biraa keessatti kan xumurame yoo ta'e ykn biyyoota tokkoo ol kan tuqe yoo ta'e gaaffiin eenyuutu aangoo qaba jedhu deebisuuf yaaddamni kun quubsaa ta'uu dhiisuu danda'a. Fakkeenyaaf:- A'n daangaa biyya C irra dhaabbatee nama biyya D keessa jiru maqaan isaa F jedhamu yoo ajjeesu, eenyuutu aangoo qaba kan jedhuuf deebiin lama sadarkaa idila addunyaatti yeroo kennamu jira. Innis 'A'n yakkicha kan raawwate daangaa biyya 'C' keessa dhaabbatee waan ta'eef aangoo qabaachuu qaba kan jedhu (They are the subjective territorial principle (according to which the state on whose territory the offender started committing or perpetrating the offensive act

[42] Oduntan, p.42.
[43] B. Cheng, "The Extra-Territorial Application of International Law", Current Legal Problems (1965): 135.
[44] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.36.

has jurisdiction). Lammaffaa irratti ammoo yakkichi namni irratti raawwatame 'F' kan jiru biyya 'D' keessa waan ta'eef bakka yakkichi itti raawwate aangoo qabaachuu qaba (*the objective territorial principle*).[45] Yeroo ammaa kana addunyaa irratti qajeeltoon qubsuma qaqqabatamaa(*objective territorial principle)* kan jedhamu kun dhimmoota yakkaa ilaalchisee bal'inaan fudhatama argataa jira. Walumaagalatti, aangoo daangaan dhufu kana ilaalchisee akka hambifataatti ykn akka haala addaatti kan ka'u ni jira. Innis dursitoota biyyootaa fi bakka bu'oota (diplomatic immunity) fi kkf ilaalchise seera idila addunyaa fi walta'iinsa gam-lamee fi kan biroon haalonni addaa kaa'aman kan jiru yoo ta'e, hafaa akka ta'u dagatamuu hin qabu.[46]

Dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaalchisee, akka fakkeenyaatti kan ka'u, waliigalteewwan poostaan, iimeelii fi marsariitii (internata) raawwataman ilaalchisee eessatti raawwatamanii kan jedhu irratti gaaffiin ka'uu kan danda'u waan ta'eef gara qajeeltoo daangaa ce'ii addaa (extra territorial principle)tti deemuun isaa kan hin hafne t'auu barreeffamoonni ni kaasu. Kunis yeroo ammaa kana addunyaa irratti sababa walitti dhufeenyi dinagdee fi siyaasaa guddachaa jiruu fi teknoloojiii walquunnamtii irraan kan ka'e gareewwan qaamaan daangaa biyya tokkoo keessa jiraachuun barbaachisa ta'uu dhiisaa waan dhufeef, aangoof yaadrimeen haala addaa kana haammatu barbaachiseera.[47]

### 1.3.3. Yaadiddama Qaamaan Argamuu (Pysical Presence Theory)

Yaadrimeen kun manneen murtii aangoo himatamaa irratti qabaachuu isaanii kan ittiin mirkaneeffatan keessaa isa tokko dha.[48] Qaamaan himatamaan daangaa aangoo mana murtiin ala ta'e waraqaa waamichaa haala seera qabeessa ta'een dhaqqabsiisuun kan dandaa'amu yoo

---

[45] Edward Mussawir, *Jurisdiction in Deleuze: The Expression and Representation of Law* (Abingdon, Oxon ; New York, NY: Routledge, 2011), p.42-43. (Thus, in DPP v. Boot,137 the respondents, who were aliens, were convicted for the crime of conspiracy to import cannabis resin into the United Kingdom, even though the agreement, which amounted to conspiracy, was made outside the United Kingdom. In the process of carrying it out, the respondents were arrested in the UK. Justifying the jurisdiction of English courts, Lord Wilberforce said: [t]he present case involves "international elements" – the accused are aliens and the conspiracy was initiated abroad – but there can be no question here of any breach of any rules of international law if they are prosecuted in this country. Under the objective territorial principle (I use the terminology of the Harvard Research in international law) or the principle of universality (for the prevention of the trade in narcotics falls within this description) in both the courts of this country have a clear right, if not a duty to prosecute in accordance with our municipal law.

[46] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.44.

[47] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.26.

[48] Heichel EP, 'The Physical Presence Basis Of Personal Jurisdiction Ten Years After Shaffer V. Heitner: A Rule In Search Of A Rationale' (1987) 62 Notre Dame Law Review University 713.

ta'e ykn himatamaan kun fedhii isaan aangoo mana murtii kanaan dhimma isaa akka ilaalamuuf kan fedhii agarsiise yoo ta'e malee manni murtii aangoo qabaachuu hin danda'u.[49] Qaamaan argamuun qabeenyaa ykn himatamaa sadarkaa jalqabaa irratti manni murtii aangoo qabaachuuf dhimma bu'uuraa ta'a jechuudha. Sababiin yaadrimeen kun akka bu'uuraatti fudhatameefis adeemsi seeraa (due process of law) kabajamuu kan danda'u himatamaa ykn qabeenyaa waliin manni murtichaa walitti dhufeenya gahaa kan qabu yoo ta'e qofadha.

Daangaa aangoo isaanii keessa yoo ta'e qofa, qabeenya tokko irratti ykn himatamaa irratti mootummaan, seera baasuu ykn himatamaa waliin walitti dhufeenya maalii qaba biyyi kun kan jedhu qulqulleeffachuun kan dandaa'amu yoo ta'e qofadha.[50] Yaaddamni kun bu'uuraan daangaa biyyaa irratti kan hundaa'u yoo ta'e illee aangoon waliigaltee fi walitti dhufeenya biyyoonni waliin taasisan irratti hundaa'uun dhufuu kan danda'udha.[51] Yaaddamni kun, biyyoonni daangaa isaanii keessatti taatewwan, namootaa, fi wantoota jiran irratti biyya aangoo guutuu kan qabdu ta'uu isaa agarsiisuuf kan itti gargaaramuudha.

### 1.3.4. Qajeeltoo Lammummaa (The Nationality Principle)

Akkaataa yaaddama kanaan, yaadrimeen lammummaa biyyi tokko lammiilee ishee kan biyya biraa keessatti argaman irratti aangoo kan qabaattu ta'uu agarsiisa. Yaaddamni kun bu'uuraan qajeeltoo qubsuma (territorial principle) jedhamee armaan olitti ilaalameef hambifata ta'a. Aangoon kunis lammiilee yakkaan himatamanii daangaa biyya biroo keessa jiran waliinis kan walqabatudha.[52]Kanaaf, aangoo qabaachuun mana murtiis lammummaa himatamaa irratti hundaa'uun madaalamuu ni danda'a jechuudha. Lammummaan himatamaan yeroo yakka raawwate qabu ykn yeroo himatame qabu irratti hundaa'uun himatamicha irratti manni murtii

---

[49] Nygh PE, Conflict of Laws in Australia (6  Edition), Butterworths, Sydney, 1995, Martin D, Ricketson S, Lindell G, Conflict of Laws: Commentary and Materials, Butterworths, Sydney, 1997.

[50] Thomas D.G 'Personal Jurisdiction in the Nebulous Regions of Cyberspace:  A Call for the Continued Relaxation of Due Process and Another Debilitating Blow to Territorial Jurisdiction' (1997) Suffolk University Law Review 507; Bradley CA, 'Universal Jurisdiction and U.S.  Law' (2001) 2001 University of Chicago Legal Forum 323; Juss, Brown BS, 'Universal Jurisdiction: Myths, Realities, And Prospects: The Evolving Concept of Universal Jurisdiction' (2001) New England Law Review 383; Madeline H.  Morris, 'Universal Jurisdiction, Myths Realities, And Prospects: Universal Jurisdiction in a Divided World: Conference Remarks' (2001) 35 New England Law Review p. 337

[51] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.33.

[52] Malcolm Shaw, "International Law."

aangoo qabaa fi hin qabu kan jedhu murteessuun ni dandaa'ama jechuudha.[53] Yaadrimee kana waliin kan walfakkaatu qajeeltoo walitti dhufeenya jedhamuudha. Bu'uura yaadrimee kanaan manni murtii aangoo kan qabaachuu danda'u walitti dhufeenya himatamaan biyya waliin qabu irratti hundaa'uunidha.[54]

### 1.3.5. Qajeeltoo Haqummaa (Fairness Theories)

Qajeeltoon kanaan manni murtii dhimma tokko irratti aangoo qabaachuu kan danda'u dhimmicha irratti murtii haqa qabeessa ta'e kennuu yoo danda'edha. Kun bu'uuraan hiikkoo jechuma aangoo ykn 'jurisdiction' jedhamuuf kennamuu danda'u irraa ka'ee kan tilmaamamu ykn barbaadamu ta'uu danda'a. Kana jechuunis jechi 'jurisdiction' jedhu jecha 'juris' fi 'diction' jedhu irraa kan ijaarame yoo ta'u, hiikkoon isaa 'seera' fi 'ajaja' jedhu irraa akka dhufe barreesitoonni ni kaasu. 'Seera' jedhamee kan fudhatame ammoo haqa (justice) kan jedhamuun bakka bu'uu kan danda'u ta'uu isaa ni kaasu. Kana irraa ka'uun yaadrimeen aangoo jedhu haqni kan barbaadu waliin kan walqabatedha. Kanaaf, aangoon kan kennamuu qabu qaama haqaan dhimmicha ilaaluu danda'u ykn ni danda'a jedhamee tilmaamu ta'uu qaba kan jedhu agarsiisa.[55]

### 1.3.6. Qajeeltoo Nageenyaa fi Eegumsaa (The protective (or security) principle)

Qajeeltoon kun biyyi tokko aangoo namoota lammii ishee hin taane irratti qabaachuu kan dandeessu, keessumaa dhimmoota yakkaa ilaalchisee gochaan kan raawwatame daangaa biyya biraa keessatti yoo ta'e iyyuu gochaan raawwatame kallattiin nageenya ykn dantaa biyyattii waliin kan walitti bu'u yoo ta'e ta'uu ni agarsiisa.[56] Kanaaf, yeroo ammaa kana yakkoonni godaansa seeraan alaa fi dinagdee ilaalchisee raawwataman biyyoota dantaan isaanii tuqameen ilaalamaa jira. Yaadrimeen kun bu'uuraan kan kaayyeffatu, gochaan lammiilee biyya biroo nageenya, walabummaa, daangaa fi bilisummaa siyaasa biyya tokkoo irratti dhiibbaan akka hin geenyeef eegumsa laachuudha. Kana bu'uura godhachuun biyyoonni tokko tokko yakkoota lammiilee isaanii irratti raawwate irratti aangoo qabna

[53] In cases of double nationality, both states have equal jurisdiction. Thus, in Tomoya Kawakita v. US,143 the US Court of Appeal (9th Circuit) sentenced for high treason the accused who was a national of both the US and Japan and who was accused of having tortured US soldiers in Japanese prisons. Article 4 of the Hague Convention on the Conflict of Nationality Laws 1930 provides specifically that "a state may not afford diplomatic protection to one of its nationals against a state whose nationality such person also possesses".
[54] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.16.
[55] McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction*, p.23.
[56] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.45.

jechuun yeroo falman qabatamaan addunyaa irratti ni mullata. Fakkeenyaaf seera yakkaa biyya Faransaay ilaaluun ni dandaa'ama.[57]

### 1.3.7. Qajeeltoo Waaltessummaa (The universality principle)

Bu'uura qajeeltoo kanaan, yakkoonni tokko tokko amala isaanii irraa kan ka'ee fi cimina isaanii irraa kan ka'e; sadarkaa idila addunyaatti biyyoota hundumaan akka yakkaatti fudhatamuun tarkaanfii kan barbaachisu ta'uu akka idila addunyaatti kan fudhatamu yoo ta'edha. Fakkeenyaaf, saamichi galaana irratti raawwatamu sadarkaa idila addunyaatti yakka waan ta'eef, biyyoonni kamiyyuu raawwattoota yakkichaa qabuuf aangoo ni qabu jechuudha (*customary and conventional international law*).[58] Aangoo addunyaalessummaa kana saamicha galaana irraa qofatti osoo hin taane; yakkoota biroo kanneen akka uggura xiyyaaraa, daldala garbaa, duguuggaa sanyii, shororkeessummaa, ukkaamsa namaa, daldala qorichoota sammuu namaa adoochanii, yakkoota waraanaa fi kkf akka dabalamuuf karaa Mootummoota Gamtoomannii dhiibbaan yeroo geessifamu ni mul'ata.[59] Akka sababaattis wantoonni ka'an dhiibbaan raawwii yakka kanneenii irraa dhufu dirqama daangaa biyya tokkoo keessatti fedhii fi dantaa jiru qofa kan tuqu miti. Dhiibbaan isaa daanga kan ce'u waan ta'eef biyyoonnii kamiyyuu raawwachiisuu dandeenyaan aangoo irratti ni qabaatu.

[57] French Penal Code Section II: Articles 113–7 Offences Committed outside the Territory of the French Republic. French criminal law also applies to felonies and misdemeanours (that are violations of the fundamental interests of the nation, forgery and counterfeiting of state seals, of coins serving as legal tender, banknotes or public papers) and to any felony or misdemeanour against French diplomatic or consular agents or premises committed outside the territory of the French republic. Felonies and misdemeanours here are defined as violations of the fundamental interests of the nation and punishable under Title I of Book IV and under Articles 442-1, 442-2, 442-15, 443-1 and 444-1. For further provisions on the treatment of foreigners under French criminal law, see also Articles 692-2, 696-41, 706-73, 728-4, 706-73 of the Code of Criminal Procedure. French laws and their official translations are available at www.legifrance.gouv.fr. Haaluma walfakkaatuun biyyi Ameerikaas yaadrimee kanatti gargaaramuun yeroo murteessitu ni mullataa. Fakkeenyaaf, dhimma US v. Archer 51 F. Supp. 708 Dist. Court, SD California, 1943. Similarly, US courts relied on the protective principle to assume jurisdiction for the prosecution of aliens who outside the USA swear falsely before a US consul for the purpose of obtaining the necessary documents to enter US territory.

[58] United Nations Convention on the Law of the Sea, Montego Bay, 10 December 1982 xxi ILM 1245 (1982). Hereinafter referred to as LOSC (1982).

[59] H.F.A. Donnedieu de Vabres, Les Principes Modernes du Droit Penal International (1928): 64 (cited in Ryngaert op. cit.: 143), Vol. XV Law Reports of Trials of War Criminals (1949): 26. J.H. Marks "Mending the Web: Universal Jurisdiction, Humanitarian Intervention and the Abrogation of Immunity by the Security Council", 42 Columbia Journal of Transnational Law (2004): 445, 465–7.

Yakkoonni kunniin, yakkoota ciccimoo waan ta'aniif bu'uurumaan biyyoota kamiifuu yaaddoo akka ta'aniitti ilaalamuu qabu.[60]

### 1.3.8. Qajeeltoo Aangoo (Jurisdiction) fi Keessoo Dhimma (Merit of the Case)

Manni murtii dhimma tokko keessumeessuuf aangoo seeraan mana murtichaaf kennamee fi gosa dhimmaa adda baasuun dhimma murteessadha. Sababni isaa manni murtii aangoo hundee dubbii irratti qabaachuu isaa kan madaalu afaan ykn ibsa seera keessatti ibsamee jiru irraa ka'uunidha. Kunis kan agarsiisu manni murtii bu'uura seera kaa'amee jiruun ulaagaa aangoof kaa'amee jiru guutee jennaan manni murtii dhimmicha keessumeessuun murtii kennuu qaba. Haa ta'u malee, manni murtii aangoo hundee dubbii mirkaneessuuf jecha keessoo dhimmichaatti wantoota ilaalamuu qaban kaasuun ykn qorannoo geggeessuu kan hin qabne ta'uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[61] Keessoon dhimmichaa falmamuu kan qabu himataan ykn himatamaan dhimma jedhe sana mirkaneesuu danda'uu fi dhabuu isaa agarsiisuuf kan itti gargaaramnu malee aangoo mana murtii murteessuuf kan itti gargaaramamnu ta'uu hin qabu[62].

Dhimmi tokko mana murtiitti yeroo dhihaatu, sadarkaa sadii keessatti murtiin (adjudication) itti kennamuu akka danda'u barreeffamoonni ni kaasu. Sadarkaa jalqabaa irratti dhimmichi yeroo dhihaatutti, dhimmichi mana murtii dhihaateef kanatti gareewwan falmii geggeessaa jiran jidduutti ilaalamuu danda'amoo hin danda'u kan jedhu sadarkaa itti adda bahuudha. Adeemsa kana keessatti manni murtii dhimmichi dhihaateef dhimmicha keessumeessuuf aangoo qabaachuu isaa adda baasuun qabxii bu'uuraati.[63] As keessatti, aangoon manni murtii heeraa fi seeraan kan murtaa'u ta'us, dandeettii manni murtichaa dhimmicha keessummeesuuf, dhagahuuf, murteessuu fi hiikkoo itti kennuuf qabu kan agarsiifamu ta'a. Manni murtiis dhimmicha keessummeessuuf aangoo qabaachuu isaa osoo hin qulqulleeffatin gara keessoo dhimmichaa ilaaluutti darbuu akka hin qabne dirqama kan kaa'udha. Haa ta'u malee, sadarkaa kamittiyyuu wantoonni aangoo mana murtii dhabsiisan adeemsa keessa kan ka'u yoo ta'e, manni murtii aangoo dhimmicha ilaaluu kan dhabu ta'uu isaa hubachuun

[60] J.H. Marks "Mending the Web: Universal Jurisdiction, Humanitarian Intervention and the Abrogation of Immunity by the Security Council", 42 Columbia Journal of Transnational Law (2004): 445, 465–7.

[61] Patrick Baude, *Judicial Jurisdiction: A Reference Guide to the United States Constitution*, Reference Guides to the United States Constitution, no. 19 (Westport, Conn: Praeger, 2007), p.647.

[62] Miiljalee olii

[63] "Jurisdiction and Merits.Pdf," n.d., p.652.

barbaachisaadha.[64] Sadarkaa lamaffaa fi sadaffaa irra kan jiran immoo keessoo dhimmaa waliin kan walqabatu waan ta'eef, manni murtii erga aangoo mana murtii mirkaneeffatee booda kaasuun keessa kan seenu ta'a jechuudha. Walumaagalatti, adda bahee ilaalamuu kan qabu, firiiwwan dubbii fi seeraa manni murtii dhimmichi dhihaateef dhimmicha keessummeessuuf aangoo qabaachuu isaa kan argisiisanii fi gareewwan mirga seeraan haguuggii argate qabaachuu fi dhiisuu isaanii agarsiisuuf mirkanaa'uu ykn fashalaa'uu kan qabudha. Manni murtii waa'ee aangoo mana murtii yeroo ilaalutti, firiiwwan dubbii fi seeraan aangoo qabaachuu mirkaneeffachuuf gargaaran qofa irratti xiyyeeffachuu qaba. Ijoowwan kun lamaan kan walmakan yoo ta'e, dhimmoonni mana murtii aangoo hin qabnetti, yeroo hin mallettii fi adeemsa hin malleen keessumeeffamuun murtii argachuu danda'u. Kun ammoo kallattiin mirga haqa argachuu gareewwanii waliin kan deemu miti waan ta'eef; of eeggannoo guddaan taasifamuu qaba.

Kanaan wal-qabatee akka qabxii guddaa biraatti kan ilaalamuu qabu, aangoon kun maaliin akka murtaa'udha. Yaadrimeewwan olitti kaafaman akkuma jiranitti ta'ee, aangoon manneen murtii sadarkaa sadiin murtaa'uu danda'a.

1. Seerota olaanoo (higher laws) dhaan yeroo murtaa'udha. Fakkeenyaaf:- seerota idila-addunyaa, fi Heera biyyaatiin aangoon mana murtii fi biyyaa murtaa'uu danda'a. Seeronni olaanoon kun yeroo hedduu daangaa aangoo kaa'u malee sababa maaliif manni murtii kun aangoo qabaachuu akka qabu hin kaa'an (biyyoonni sirna kooman Loo hordofan keessatti baayyeen isaanii sadarkaa seerota olaanoo kanatti aangoo manneen murtii kan kaa'anidha). Fakkeenyaaf:- Ameerikaa, Kaanaadaafaa fudhachuun ni dandaa'ama.[65]Seerota ol'aanoo kana kallattii sadiin yeroo ilaallu;
    a. Seera Macca Idila-addunyaa (public international law). Kun jalqaba irratti walitti dhufeenya biyyoonni akka biyyaatti waliin qaban kan murteessu waan ta'eef. Kana jechuunis biyyoonni walabummaa qaban walabummaan isaanii akkamitti walitti dhufa kan jedhu kan murteessu waan ta'eef, daangaa aangoo biyyootaa murteessuuf ni gargaara. Dabalees, walta'iinsa biyyoonni waliin taasisan aangoo biyyoolessaa biyyi tokko qabdu murteessuuf yeroo akka galteetti gargaaru ni jiraata.[66]

[64] Baude, *Judicial Jurisdiction*, p.651.
[65] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.8.
[66] The most successful examples of such treaties (which are more codifications than constraints) are the Brussels Convention (Brussels Convention of 27 September 1968 on jurisdiction and the

b. Lammaffaa irratti seeronni Mirga Namoomaa sadarkaa addunyaatti fudhatama argatanii jiran keessatti adeemsa fi aangoo ilaalchisee wantoonni ka'amanii jiran yoo jiraate yaada keessa kan galan ta'uu isaati.[67]
c. Sadaffaa irratti kan ka'u Heera biyya tokkoo kaasuun ni danda'ama.

2. Sababoonni aangoon kennamuuf kan ibsamu seerota sadarkaa lammaffaa kana keessattidha. Seeronni kun kallattiidhaan waa'ee aangoo manneen murtii sababa isaa waliin ykn dugduubee isaa waliin ibsanii kaa'u. Biyyoota sirna seeraa Siivilii hordofan keessatti yeroo baayyee aangoo murteessuuf kan gargaaru seerota sadarkaaa lammaaffaa kanadha.[68] Sababoonni aangoof kaa'amanis hedduun isaanii seerota sadarkaa lammaffaa kana keessatti kan argamanidha malee heera keessatti kan hin ka'amne ta'uu isaa qabatamni jiru ni mullisa.
3. Sadarkaa sadaffaa irratti kan ka'uu danda'u, aangoo manni murtii tokkoon tokkoon dhimmootaa ilaalchisee qabu kan kaa'udha. Kunis qajeeltoowwanii fi sababoota seerota sadarkaa lammaffaan kaa'aman raawwachiisuuf ykn yaadrimeewwan biroo irratti hundaa'uun aangoo manni murtii argate qabatamaan raawwachiisuuf hojii hojjetamu kan agarsiisudha. Gaaffiin as jalatti ka'u inni guddaan manni murtii aangoo qabuun hojjechuu qabamoo hin qabu kan jedhudha. Bu'uura kanaan dhimmaa dhimmatti abbaa seeraan kan murtaa'u yommuu ta'u, abbaan seeraa manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabaatus sababeessuun keessumeesuu dhiisuu kan danda'u ta'uu yaada agarsiisudha. Kun yeroo baayyee biyyoota sirna seeraa Kooman Loo ta'an biratti bal'inaan kan hojiirra oolu yommuu ta'u, darbee darbees biyyoota sirna seeraa Siivilii

enforcement of judgments in civil and commercial matters [1986] OJ C 298/1, (consolidated version) [1998] OJ C 27/1) and the Brussels II Convention (Council Act of 28 May 1998 drawing up, on the basis of Article K.3 of the Treaty on European Union, the Convention on Jurisdiction and the Recognition and Enforcement of Judgments in Matrimonial Matters [1998] OJ C 221/01) that were later turned into EU Regulations (Brussels I Regulation (Regulation (EC) No 44/2001 of 22 December 2000 on jurisdiction and the recognition and enforcement of judgments in civil and commercial matters, [2001] OJ L 12/1) (Brussels I (Convention and Regulation), Brussels IIa Regulation (Council Regulation (EC) No 2201/2003 of 27 November 2003 concerning jurisdiction and the recognition and enforcement of judgments in matrimonial matters and the matters of parental responsibility, repealing Regulation (EC) No 1347/2000, [2003] OJ L 338/1)), and the Lugano Convention (Lugano Convention of 30 October 2007 on jurisdiction and the recognition and enforcement of judgments in civil and commercial matters, [2007] OJ L 339/3).

[67] Fakkeenyaaf, human rights law lays down certain rights that could be viewed as limiting the exercise of jurisdiction, in particular due process and fair trial rights (art 6(1) ECHR (European Convention of 4 November 1950 for the Protection of Human Rights and Fundamental Freedoms, 213 UNTS 221)).

[68] McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction*, p.8.

hordofan birattis ni mullata.[69] Akka fakkeenyaattis biyyoota sirna seeraa Kooman Loo keessatti qajeeltoon "*forum non conveniens*" jedhu fudhachuun ni danda'ama. Bu'uura kanaanis, manni murtii dhimmichi dhihaateef tokko manni murtii biraa dhimmicha ilaaluuf aangoo qabuu fi dhimmichas ilaaluuf irra dhaqqabamaata'uu yooo hubate hin ilaalu jechuu danda'a.[70]Sirna seera Siivilii keessatti aangoon akkasii manneen murtiif hin kennamne; manneen murtii aangoo ilaalchisee kan seeraan isaaniif kennamee jiru kallattiin akka hojiirra oolchan irraa eegama. Haa ta'u malee, dhimmoota tokko tokko irratti yeroo heyyamamu sirnoota kana keessatti ni jira. Fakkeenyaaf:- manneen murtii lama keessatti dhimmichi keessumeeffamaa kan jiru yoo ta'e (parallel litigation) yaadonni akkanaa ilaalamuu kan danda'an ta'uu ni hubatmaaa. Akkasumas, aangoo tooraatiin wal-qabatee manni murtii caalmaatti dhimmicha ilaaluuf dhaqqabamaa ta'e yoo jiraate, hin ilaalu jechuun akka danda'amu ni hubatama.

Sadarkaa biyyootaatti yeroo ilaallu, biyyoonni hundi daangaa mataa isaanii qabu. Kana jechuun, biyyoonni kun aangoo mataa isaanii qabu. Kanaaf, qajeeltoon aangoo kun aangoo biyyoonni qaban kana akka wal-irratti dhiibbaa hin malle hin uumneef walitti araarsuu danda'uu qaba jechuudha. Barbaachisummaa qajeeltoo kanaa ilaalchisee sababoota afur kaa'uun ni dandaa'ama. Isaanis:-

i. Daangaa aangoo biyyootaa adda baasuu fi walabummaa fi walqixxummaa biyyootaa haala madaalchiseen biyyoonni hundinuu aangoo daangaa isaanii keessatti akka qabaatan taasisuudha. Kanaanis biyyi kamiyyuu dantaa isaa, imaamaata isaa jiddu lixummaa qaama alaa malee hojiirra oolchuu akka danda'uuf yaaddama dandeessisuudha.
ii. Lammaffaa irratti barbaachisummaan qajeeltoo kanaa walitti dhufeenyaa fi walqabatiinsa aangoo biyyootaa hubachuun biyyoonni waliin ta'uun kaayyoo ta'e tokko akkamitti galmaan gahuu akka danda'an hubachiisuu fi kan danda'amu ta'uu isaa agarsiisuuf.
iii. Biyyoonni aangoo waliinii (concurrent Jurisdiction) yeroo qabaatanitti waliin ta'uun ykn waliigaluun akkamitti dhimma tokko irratti aangoo isaanii hojiirra oolchuu akka

[69] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.9.
[70] The most important discretionary basis for declining jurisdiction is the doctrine of forum non conveniens. First developed in Scottish law, this doctrine has now been adopted in many common law systems. Under this doctrine, a judge will decline to exercise jurisdiction when the forum is inappropriate, and an available alternative forum in another legal system is clearly better suited than the forum

danda'an agarsiisuufidha (*The third is to harmonize the rights of two or more states when they have concurrent jurisdiction, which is when each of them has jurisdiction over the same matter*.)

iv. Lammiileen dhuunfaa aangoo biyyoota garaagaraa jalatti murtiilee fi hojiirra oolmaa aangoo dhimma tokko irratti biyyoonni qabaniin kan walfaalleessu akka isaan irratti hin raawwatamne oolchuufidha (*The fourth is to protect individuals from unreasonable exercise of jurisdiction either by single states or by two or more states seeking to impose conflicting or compounding obligation on the same matter*.

**<u>Gaaffilee Marii</u>**

1. Sirna seeraa Itiyoophiyaa keessatti aangoo hundee dubbii mirkaneeffachuuf ka'anii fi keessoo dhimmichaa ilaaluu irratti ka'an jidduu garaagarummaan mullatu jiraa? Jiraachuu dhabuu kanaan rakkoon mudate jira jettuu? Maaliif?
2. Biyyi tokko aangoo qabdi jedhamee fudhatamummaa argachuuf maal irratti hundaa'amee sababeeffama? Maaliif?

### 1.4. Aangoo Manneen Murtii

Akka bu'uuraatti aangoo mana murtii adda baasuu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo argatee ilaalamuu qabu, aangoo biyyoolessaa (national jurisdiction) fi aangoo hundee dubbii addaa baasuun hubannaa irratti qabaachuun dhimma bu'uuraa ta'uu isaadha.[71] Aangoo biyyooleessa yeroo jedhamu, aangoo manni murtii nama irratti qabu ( personal jurisdiction) fi aangoo manni murtii qabeenyaa ykn wantoota irratti qabu (jurisdiction in rem) kan of keessatti qabatudha. Aangoo manni murtii nama (gareewwan) irratti qabu yeroo jedhamu; kallattiin himatamaa kan argisiisu ta'uun isaa beekamaadha. Aangoon manni murtii qabeenya ykn wantoota irratti qabu ammoo bakka qabeenyichi ykn wantichi itti argamu irraa ka'uun aangoo manni murtii qabu waliin kan walqabtudha. Bal'inaan akka itti aanutti adda baafnee kan ilaallu ta'a.

#### 1.4.1. Aangoo Biyyoolessaa

Aangoo biyyoolessaa jechuun, dandeettii biyyi tokko dhimma tokko ilaaluuf qabdu ykn aangoo biyyi tokko dhimmicha irratti murtii ishee raawwachiisuu ykn aangoo ishee jala

[71] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.4.

oolfachuuf qabdu kan argisiisuudha. Aangoon biyyoolessaa aangoo hundee dubbii irraa adda kan ta'edha. Sababiin isaas, aangoo manni murtii namoota (jurisdiction in personam) irratti ykn qabeenyaa (jurisdiction in rem) irratti qabu lamaanuu kan of keessatti qabatu waan ta'eefiidha. Aangoon hundee dubbii garuu dandeettii manni murtii tokko dhimma keessummeessuuf qabu kan ilaallatudha. Kana jechuun mana murtii isa kamitu dhimmoota akkamii ilaaluuf aangoo qaba kan jedhu sirna ittiin ilaalamudha.[72] Yaada aangoo biyyoolessaa kana barreessaan tokko akkas jedheetu ibsa; *"states jurisdiction connotes essentially the extent of each state's right to regulate conduct on the consequences of events"*[73]jechuun aangoon biyyoolessaa mootummaan hangam hiixachuun of jala galchuuf dandeettii qaba yaada jedhu kan agarsiisu ta'uu isaa mul'iseera. Aangoon mana murtiis bu'a qabeessummaan isaa kan mirkanaa'uu danda'u daangaa biyyaa keessatti yoo ta'eedha. Kanaaf, yaada aangoo biyyoolessaa jedhu kana waliin manni murtii akka biyyaatti dhimmicha ilaaluuf hidhata maalii qaba kan jedhuu fi raawwachiisuuf sababa fi aangoo maalii qaba kan jedhu irratti kan hundaa'u ta'a jechuudha.[74]Otuu walitti dhufeenyi addunyaa irra jiru akka ammaa kana hin baballatinii fi addunyaan saayinsii fi walitti dhufeenya dinagdeen walitti dhufeenyawwan daanga ce'ii fi xaxaa ta'e hin baay'atin dura qajeeltoon qubsuma lafaa (territorial principle) akka ulaagaa guddaa aangoo biyyoolessaa biyyi tokko qabduutti fudhatamaa tureera.[75]

Jalqabatti, aangoo biyyooleessaa adda baasuun ykn hubachuun; gaaffii dhimmicha ilaaluuf mana murti isa kamitu rogummaa qaba jedhu deebisuuf tarkaanfii jalqabaadha. Kunis kan adda bahuu danda'u bu'uura yaadrimeewwan olitti caqasaman keessaa tokkoo hidhata biyyicha waliin qabu sababeeffachuun ta'uu akka danda'u hubachuun barbaachisaadha. Bu'uura kanaais, daangaa aangoo mana murtii fi gareewwan mana murtichaatti dhimma isaanii fidachuu danda'an kan ittiin adda baafamu ta'a jechuudha. Aangoon biyyoolessaa bu'uuraan biyyi tokko daangaa aangoo isaa keessatti namoota, qabeenyaa fi taatewwan jiran hunda irratti aangoo akka qabaachuu malu kan agarsiisudha. Aangoon biyyoolessaa biyyi tokko falmitoonni ykn falmiif sababa waanti ta'e tokko keessatti raawwatamee jiru mirga seera isheen baafattee qabdu furmaata itti kennisiisuu danda'u qabdi kan jedhu tumsa. Yaadni kunis himatamaaf waraqaa waamichaa dhaqqabsiisuun akka dhihaatee falmatu taasisuuf

---

[72] Michaels, p.3.

[73] Oppenheim International law Volume 1. Ninth Edition, Editied bu Sir Robert Jennings and Sir Authur Walts Longman Group UK Limited and Mrs Tomoko Hudson, 1992, p. 456

[74] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.20.

[75] Bimal Raut, p.21.

manni murtii aangoo ni qabaata kan jedhu irratti kan hundaa'edha. Haa ta'u malee, haala addaan himatamaan fedhii isaan mana murtii biyyattiitiin bitamuuf kan fedhii isaa ibsate ykn himatamee waraqaan waamichaa isa dhaqqabee mormii isaa kan hin kaafne yoo ta'e, biyyi tokko aangoon biyyoolessaa argachuu dandeessi[76].

Qajeeltoon kun manni murtii dhimma tokko keessumeessuu danda'uu fi dhiisuun isaa argisiisuudhaaf walitti dhufeenya biyyaa fi dhimmicha jidduu jiru maali kan jedhu irratti xiyyeeffata. Aangoo manni murtii nama irratti qabu ilaalchisee dandeettii manni murtii tokko himatamaaf waraqaa waamichaa fi ragaa falmii waliin walqabatanii jiran dhaqqabasiisuu danda'uu mana murtichaa bu'uura kan godhatuudha. Kana jechuunis, dandeettii manni murtii maloota himatamaan ittiin waamamuu danda'u kan seeraan fudhatamummaa qabuun sirriitti waraqaa waamichaa dhaqqabuu isaa mirkaneeffachuun dhaqqabsiisuu danda'uu ilaallata. Kun yeroo baayyee daangaa biyyaa ykn naannoon ykn daangaa aangoo mana murtichaa irratti kan hundaa'u ta'uu danda'a.[77]

Fakkeenaayf:- biyya Ameerikaatti dhimma **Aviateca, S.A. v. Friedman** irratti manni murtii ajaja akka hin ilaalle jedhu baaseera. Dhimmicha keessattis himannaa du'aaf dhaabbanni xiyyaaraa kun sababa ta'eera jechuun, nama du'eef mana murtii biyya Ameerikaatti himannoon dhihaateera. Manni murtii kunis dhimmicha ilaaluuf aangoo qabamoo hin qabu kan jedhu ilaaluuf, jecha Walta'iinsa Waarsoo (Warsaw Convention) kwt. 28 (1) caqasuun, dhimma tokko ilaaluuf manni murtii aangoo hundee dubbii qabaachuuf, balala'iinsa Idilia Addunyaa geggeessuu keessatti ulaagaaleen itti aanan afran keessaa tokko yoo guutame qofa akka ta'e sababeessuun kaa'eera. Ulaagaalee kunneenis:-

1. Biyya Xiyyaarichaa (domicile of the carrier)
2. Bakka teessuma ijoo dhaabbata daldalichaa (principal place of business of the carrier)
3. Bakka dhaabbatichi daldala isaa itti geggeessuu keessaa bakka waliigalteen imalichaa itti raawwatame (carrier's place of business through which the contract of carriage was made) ykn
4. Bakka galma imalichaa (place of destination) ta'uu ni ibsa.

[76] Miiljalee olii
[77] Bimal Raut, p.32.

Ulaagaalee kanneen keessaa tokko manni murtii biyya Ameerikaa dhimmichi itti dhihaate hin guutu waan ta'eef, abbaan seeraa biyya Ameerikaa jiru dhimmicha ilaaluuf aangoo hundee dubbii hin qabu jechuun murteesseera.[78]

Qajeeltoo kana jalatti manni murtii aangoo qabaachuuf manni murtichaa himatamaa waliin hangam hidhata qaba ykn qabeenya waliin hangam hidhata qaba kan jedhudha. Kun kan ilaalamu himatamaan qaamaan daangaa aangoo mana murtii keessa kan jiru ykn ture yoo ta'edha. Daangaan yeroo turmaatii himatamaa barbaachisaa ta'uu dhiisuu danda'a. Kan ilaalamuu qabu; yeroo hiammannoon irratti dhihaatetti mana murtiichaan waraqaan waamichaa daangaa mana murtichaa keessatti akka isa dhaqqabuu danda'u kan dandeessisu jiraachuu isaa qofti gahaadha kan jedhu biyyoota sirna seeraa kooman loo hordofan biratti yeroo ka'u ni jira.[79] Daangaa aangoo mana murtiin ala waraqaa waamichaa dhaqqabsiifamu ilaalichisee himatamaa fi qabeenya sanaa fi mana murtii waraqaan waamichaa akka dhaqqabsiifamu taasisaa jiru jidduu walitti dhufeenyi jiru dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuudha. Walitti dhufeenyi kunis gahaa ta'uu qaba "*sufficient nexus*" yaada jedhu ogeessonni ni kaasu. Walitti dhufeenyi kunis kan barbaachiseefis himatamaan seera qabeessaan waraqaan waamichaa dhaqqbsiifameera jechuun akka dandaa'amuufiidha. Kana malees, himatamaan mataa isaan aangoo mana murtichaatti dhimmi isaa akka ilaalamuuf fedha kan kennate yoo ta'e manni murtii battalumatti aangoo kan irratti qabaatu ta'a. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko manni murtii hidhata gahaa ta'e yoo qabaates, akkasumas dhimmicha ilaaluuf kan qabu yoo ta'es dhimmicha ilaaluuf diduu danda'a. Kanaafis akka sababaatti kan ka'u, manni murtii biraan caalmaatti dhimmicha ilaaluuf rogummaa qabu kan jiru yoo ta'edha.[80]

Aangoo dhuunfaa (personal jurisdiction) ilaalchisee, namoonnii fi dhaabbileen daldalaa lammummaan haguuggii aangoo biyya tokkoo jalatti kufan ilaalchisee aangoo jiru waliin kan walqabatudha. Biyyi tokko lammiilee ishee irratti aangoo isheen qabdu waliin kan walqabatudha. Lammiin biyya tokko biyyaa biraa yoo jiraate; biyyattiin biyya isa biraa waliin aangoo waliinii(concurrent jurisdiction) akka qaban kan agarsiisudha. Dhimmoota yakkaa ilaalchisee aangoon gosa aangoo dhuunfaa (personal jurisdiction) jedhamu murteessaa akka

[78] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.34.
[79] Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.32.
[80] Bimal Raut, p.32-34.

ta'e barreesitoonni ni kaasu.[81] Walitti dhufeenyi namootaa fi dhaabbilee daldalaa, akkasumas walitti dhufeenyi biyya waliin jiru murteessaadha. Walitti dhufeenya kanaanis, namoonnii fi dhaabbileen daldalaa kun lammii biyyaa, biyyicha keessa kan hojjetan ykn kooluu galanii kan jiran yoo ta'e, aangoo manni murtii ykn biyyichi irratti qabaachuu danda'a yaada jedhu agarsiisa. Walumaagalatti, aangoo biyyoolessaa manni murtii biyya tokkoo qaba kan jedhamu walitti dhufenya dhimmichaa waliin qabu irratti hundaa'ee akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

**<u>Gaaffilee Marii</u>**

1. Aangoo fedhiin hundaa'u ilaalchisee waraqaa waamichaa dhaqqabsiisuu fi fedhii isaa ibsachuu ilaalchisee dhihaachuun himatamaa qofti gahaa ta'uu danda'aa? Maaliif? Dhihaatee yoo hin mormu ta'e hoo booda keessa gaaffii kaasuu danda'aa?
2. Manni Murtii biyya tokkoo aangoo biyyoolessaa gonfachuuf ulaagaaleen barbaachisoon maal fa'i jettu?
3. Garaagarummaa aangoo hundee dubbii fi aangoo biyyolessaa maali jettu?Dhimmi tokko yommuu mana murtiitti dhiyaatu, isa kamtu dursa ilaalamuu qaba jettu?Aangoo hundee dubbii dhabuun aangoo biyyoolessaa dhabuu ni hordofsiisa jettuu?

### 1.4.2. Aangoo Hundee dubbii

Aangoo hundee dubbii kan jedhamu, aangoo manni murtii gosa dhimmaa isaaf dhihaatu tokko ykn waldhibdaa isaa dhihaatu tokko ilaaluuf qabudha.[82] Aangoon hundee dubbii aangoo biyyoolessaa (personal and territoria jurisdiction) irraa adda akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaa, aangoo biyyoolessaa dandeettii manni murtii dhimma tokko ilaaluu irratti kan hundaa'e osoo hin taane, dandeettii manni murtii biyya tokkoo qabeenya tokko irratti ykn nama tokko irratti murtii kennuu danda'u kan ilaallatudha. Kunis kallattiin kan walqabatu daangaa isaa keessatti argamuu ykn biyyicha waliin walitti dhufeenya

[81] Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.37. International Shoe Co. v. Washington, 326 US 310 (1945); Asahi Metal Indust. Co. Ltd v. Superior Court, 480 US 102 (1987). Antitrust Laws and Trade Regulation Primary Source Pamphlet, 2nd edn (New York: Mathew Bender & Co., Inc. 2000): 177. The Constitution requires that a defendant must have affiliating or minimum contacts with the USA, such that the proceeding therefore comports with "fair play and substantial justice". See Go-Video, Inc. v. Akai Elec Co. Ltd, 885 F. 2d 1406. 1414 (9th Cir 1989). Parties must equally be shown to have been properly served under the prevailing federal rules of civil procedure or other relevant authority.

[82] https://lawshelf.com/courseware/entry/jurisdiction-over-the-subject-matter-of-the-action-subject-matter-jurisdiction

qabaachuu akka ta'e armaan olitti ilaalleera. Haala kana irraa adda ta'een, aangoon hundee dubbii kan murtaa'u dandeettii manni murtii dhimma tokko gosa dhimmichaa irratti hundaa'uuf ilaaluu qabu kan ilaallatudha. Kana jechuun, aangoon hundee dubbii kan murtaa'u dhimma tokko ilaaluuf aangoo manni murtii qabu irrattidha. Kunis kan beekamu gosa dhimmaa, hanga dhimmichaa fi ulfaatinaa fi walxaxiinsa dhimmoota irratti hundaa'ee ta'uu danda'a. Aangoo hundee dubbiin dhimmoota qoqqooduun ykn aangoo qooduun kan barbaachiseef, dhimmoonni abbootii seeraa isaan ittiin ilaalamuu qaban adda baasuu barbaadamee akka ta'e baarreeffamoonni ni agarsiisu.[83] Sababiin isaas, dhimmoonni abbootii seeraa dhimmicha irratti muuxannoo fi ogummaa barbaadamuun akka ilaalamu kan barbaadamu waan ta'eefidha.

### 1.4.3. Aangoo Tooraa

Aangoo tooraa gaafa jedhamu kan inni ilaallatu aangoo manni murtii tokko daangaa qubsuma lafaatiin dhimmoota fi namoota jiran irratti murtii kennuuf qabu kan agarsiisudha. Manni murtii aangoo tooraa hin qabu taanaan dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabaatu jechuudha. Haa ta'u malee, aangoo tooraa ilaalchisee himatamaan kan fedhu yoo ta'e dhimmicha mana murtii aangoo tooraa hin qabnetti akka ilaalamuuf fedhii isaa agarsiifachuu danda'a. Aangoon kun dandeettii mana murtiin kan wal-qabatu osoo hin taane, kallattiidhaan dhaqqabamummaa tajaajilaa, argamuu ragaa fi haala raawwii murtii salphisuu irratti kan xiyyeeffatuudha.[84]

### 1.4.4. Aangoo Mana Murtii Gosa Dhimmaan

#### 1.4.4.1. Aangoo Dhimma Hariiroo Hawaasaa

Dhimmoota hariiroo hawwaasaa ilaalchisee aangoon kan murtaa'u bakka taateen itti raawwate irratti hundaa'a. Haa ta'u malee, dhimmoota lammiilee alaa (foreign element) of keessaa qaban ilaalchisee manni murtii dhimmicha ilaalu seera dhuunfaa idila addunyaa (private international laws) hojiirra yeroo oolchuu ni jira. Manneen murtiis aangoo qabu kan jedhamu biyya dhimmichi itti dhihaachaa jiru waliin dhimmichi ykn gareewwan hidhata qabaachuu isaanii kan mirkaneessan yoo ta'e qofadha. Kunis kan mirkanaa'u aantummaan ykn lammummaan fi teessoon ta'uu danda'a.[85]

---

[83] "Legaldictionary.Net-Jurisdiction.Pdf," December 13, 2015, https://legaldictionary.net/jurisdiction/.
[84] "Legaldictionary.Net-Jurisdiction.Pdf."
[85] that the defendant or the facts of case should have some connection with forum state.

### 1.4.4.2. Aangoo Dhimma Yakkaa

Dhimmoota yakkaa ilaalchisee walitti dhufeenya mana murtii dhimmicha ilaaluu fi yakka raawwatamee ykn himatamaa jidduu jiru sirriitti mirkanaa'uu danda'uu qaba. Bu'uura qajeeltoowwan olitti ibsamaniin jalqabatti, manni murtii tokko yakkoota daangaa isaa keessatti raawwataman irratti aangoo guutuu ni qaba. Lammaffaa irratti, qajeeltoo lammummaa irratti hundaa'uun yakkoota lammiilee isaa irratti raawwataman ykn raawwate irratti hundaa'uun gochaan daangaa isaa alatti kan raawwate yoo ta'es aangoo qabaachuu danda'a. Sadaffaa irratti, qajeeltoo nageenyaa fi eegumsaa irratti hundaa'uun yakkoota dantaa biyyaa irratti raawwatan ilaalchisee biyyi tokko dhimmicha irratti aangoo kan qabaattu ta'a. Afraffaa irratti, qajeeltoo waaltessummaa (universality) irratti hundaa'uun yakkoota amala idila addunyummaa qaban irratti biyyi tokko aangoo qabaachuu kan dandeessu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.

Aangoon daangaa kan qabu ta'uu isaas hubachuun barbaachisaadha. Fakkeenya kana ilaalaa. Lammiileen biyya Ingilizii fi Jarmanii ta'an lama ta'uun magaalaa Paarisitti lammii biyya Faransaayii tokko ajjeesan. Kana booddee lamaanuu biyya Ingilizitti baqatan. Biyya Faransaay keessa hanga jiranitti manni murtii Faransaay aangoo irratti qabaata, lammii biyya alaa ta'uun isaanii dhiibbaa isaan irratti fidu hin qabu. Sababiin isaa daangaa biyya Faransaay keessa jiru waan ta'eef aangoon kan biyyattii ta'a jechuudha. Adeemsa kana keessatti Ingiliziinis ta'e Jarmaniin jidduu seenuuf aangoo hin qabani, hin danda'anis. Haa ta'u malee, dabarsamanii akka kennamaniif waliigaltee irratti hundaa'uun gaafachuu ni danda'u (yoo jiraate). Inigilizitti erga baqatanii booddee garuu, manni murtii biyya Ingilizii namicha isa lammii Ingiliziin ta'e irratti aangoo ni qabaata. Kanaaf, yakka biyya Faransaayitti raawwateef himachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee, lammii Jarmanii namicha ta'e himachuuf aangoo hin qaban. Sababiin isaas aangoo irratti qabaachuuf wal-qabsiistuun hin jiru waan ta'eefidha. Manni murtii Ingilizii lammii biyya alaa yakka biyya biraatti raawwate seeraatti dhiheessuuf sababa kan ta'u walitti dhufeenyi jiru hin jiru.[86] Kanaaf, yaadrimeewwan olitti caqafaman daangaa kan qaban ta'uu isaa xiinxala kana irraa hubachuun ni danda'ama.

**<u>Gaaffilee Marii</u>**

---

[86] J.E.S. Fawcelt The Law of Nations

1. Dhimma keewwata olii keessatti xiinxalame akkamitti ilaaltuu? Biyyi Ingilizii dhimmicha lammii biyya Jarmanii sana irratti keessummeessuuf aangoo qabdi jettuu? Maaliif?
2. Biyyi Faransaayi hoo dhimmicha ilaaluuf aangoo maaliif qabdi jedhamee? Sababa ka'e waliin itti waliigaltuu?

### 1.4.5. Murtii Aangoo Malee Kennamee fi Bu'aa Isaa

Manni murtii dhimma tokko keessumeessuuf dirqama aangoo qabaachuun murteessaadha kan jedhu armaan olitti hiikkoo keessatti kaafneerra. Yaaddamni kun kan agarsiisu manni murtii aangoo kan hin qabaanne ta'uu isaa hubatee jennaan dhimmicha keessumeessuu fi murtii kennuu kan hin qabne ta'uudha.[87] Bu'aa isaa ilaalchisee; manni murtii aangoo malee murtii kan kennu yoo ta'e, sadarkaa oliyyannootti dhimmichi kan diigamu ta'uu isaati. Kallattii biraan yoo ilaalame ammoo murtii mana murtii aangoo qabu tokkoon kenname iddoo kamittiyyuu raawwatamuu murtii danda'udha. Haa ta'u malee, mana murtii aangoo hin qabneen murtii kenname raawwachuuf dirqisiisuun rakkisaa ta'uu danda'a. Keessumaa ammoo aangoo biyyoolessaa ilaalchisee mana murtii aangoo kana hin qabneen kan kenname yoo ta'e, murticha biyya biraa keessatti raawwachiisuun hin dandaa'amu.[88] Manni murtii tokko murtii biyya biroo tokko raawwachiisuuf yommuu gaafatamutti, kan manni murtii kun jalqaba irratti qulqulleeffatu manni murtii murtii kenne aangoo qabaachuu isaa waan ta'eef, murtiileen akkanaa raawwatamuun isaanii gaaffii jala kan galu ta'a. Kana jechuunis, manni murtii murticha akka raawwachiisuuf gaafatame tokko manni murtii murtii kenne aangoo kan hin qabne ta'uu isaa yoo mirkaneeffate raawwachiisuu hin qabu yaaddama jedhu ogeessonnii fi sirnoonni seeraa ibsan ni jiru.[89] Yeroo akkasii kana murtii kennuuf manni murtii aangoo qabaachuu isaa kan ilaalamu sirna seeraa biyya manni murtii murtii kennu keesa jiruunidha. Kun aangoo kallattii jedhamuun kan ibsamudha.[90]

Mana murtii murtii kennuu fi raawwachiisu ilaalchisee yeroo baayyee akka aangoon isaanii fi bu'uurri seeraa aangoo isaanii murteessu tokko ta'eetti dogongoraan yeroo fudhatamu jira.

[87] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.4.
[88] Michaels, p.4.
[89] Michaels, p.4.
[90] In French law, the first is called direct jurisdiction, the second indirect jurisdiction. This terminology is more exact than the German terminology (Entscheidungszuständigkeit and Anerkennungszuständigkeit) and certainly preferable to the English and American tendency to draw no terminological distinction at all.

Haa ta'u malee, aangoon murtii kennuuf barbaachisuu fi murtii raawwachiisuuf barbaachisu garaagara ta'uu mala. Dabalees, manneen murtii kun sirna seerotaa aangoo murteessan walfakkaataan bitamuu dhiisuu danda'u. Keessumaa ammoo aangoo biyyoolessaa ilaalchisee manni murtii murtii kennuu fi raawwachiisu biyyoota garaagaraa keessa jiraachuu danda'u waan ta'eef, aangoo qabaachuu fi dhabuun mana murtii bu'uuraan murtichi murtii ta'uu fi dhiisuu kan murteessu ta'a jechuudha. Manneen murtii kun lameenuu tokko isa tokkoof ulaagaa kaa'uuf dandeettii dhabuu danda'u ykn seerri mana murtii isa tokko bitu dirqama mana murtii isa biraa irratti raawwatiinsa qabaachuu dhiisuu danda'a jechuudha.

Walumaagalatti, aangoon kan barbaachiseef, mootummaan walitti dhufeenya, qabeenyaa, namoota ykn taatee tokko itti dhiheenyaan bulchuuf ykn to'achuufiidha. Yaada waldhibdaa hiikuu jedhu keessatti aangoon murteessummaan isaa guddaa kan ta'eef sababa dhimmicha itti dhiheenyaan eenyuutu beekaa fi furuu danda'a kaasuu danda'uufiidha.

**Gaaffilee Marii**

1) Sirna seeraa Itiyoophiyaa keessatti murtiin bu'a hin raawwatamne (void judgement) jiraa? HMFDRI fi SDFHH jidduu garaagarummaan jiraa?
2) Murtii aangoo malee kenname manni murtii akka raawwachiisuuf gaafatame hin raawwachiisu jechuun diduu danda'aa? Maaliif?

## BOQONNAA LAMA

## 2. AANGOO MANNEEN MURTII ITOOPHIYAA[91]

### 2.1. Seensa

Namni himannaa dhiyeeffatu tokko dhimmi isaa aangoo mana murtii Federaalaa moo kan naannoo akka ta'e dursee adda baafachuun dirqama. Faayidaan isaas dhimmichi aangoo federaalaati kan jedhamu yoo ta'e mana murtii sadarkaa kamitti dhiyaachuu qabaata kan jedhus addaan baafachuuf kan dandeessisudha. Aangoon abbaa seerummaa akkuma heera biyya kanaa kwt.79/1/jalatti tumame aangoo mana murtii qofaa akka ta'e tumameera. Dabalataanis heeruma kana kwt.80/1/jalatti manni murtii waliigala federaalaa dhimmoota federaalaa irratti aangoo isa olaanaa fi dhumaa akka qabu tumameera. Haa ta'u malee, heerichi dhimmoonni kan federaalaa fi naannoo jedhaman akka jiran kallattii akeekuu irraa kan hafe dhimmoota akkamiitu kan federaalati, dhimmoota kamtu immoo dhimma naannooti kan jedhu irratti tarreeffamaan waan ibse hin qabu ykn safartuu ittiin adda baasuu dandeenyu osoo hin ibsin bira darbee jira. Dhimma kanaan wal-qabatee akka itti aanutti bal'inaan kan ilaallu ta'a. Kanaaf, boqonnaa kana jalatti leenjitoonni:

- Dhimmoota aangoo Manneen Murtii Federaalaa ta'an dhimmoota aangoo Manneen Murtii naannoo ta'an irraa adda baasuun itti hojjechuu irratti hubannoo qaban ni dabaltu,
- Qaawwaa heeraa fi seeraa gidduutti mul'atu adda baasuun kallattii fuula duraa kaa'uun garaagarummaa hojimaataa ni hambisu,
- Qaawwaa seeraa fi hojimaata gidduu jiru adda baasuun hubannaa dabalatanii ittiin hojjetu jedhamee eegama.

### 2.2. Itiyoophiyaa Keessatti Aangoo Abbaa Seerummaa

Akkuma beekamu, aangoon Manneen murtii qaban aangoo biyyoolessaa, aangoo hundee fi aangoo tooraatti qoodamaa kan hojjetamaa jiru ta'uun isaa ifadha. Haa ta'u malee, aangoo kanneen argachuun fuula dura dhimmoota akkamii irratti manni murtii aangoo

[91] Kan dagatamuu hin qabne labsiin 25/1996 yeroo ammaa kana kan fooyyaa'aa jiru yoo ta'e, hanga fooyya'ee maxxanfamee bahuutti bu'uuruma labsii kanaan xiinxala gaggeessuun dirqama ta'a. kanaaf mata duree kana keessatti xiinxalli geggeeffamu Seerota deemsaa falmii, heeraa Mootummaa Federaalaa, labsii 25/1996 kanaa fi labsicha bu'uura godhachuun fooyya'iinsa geggeeffaman bu'uureffachuun kan gaggeeffamu ta'a.

qaba?dhimmoota akkamii irratti immoo aangoon abbaa seerummaa hojiirra ooluu hin danda'u kan jedhus dhimma ilaalamuu qabuudha. Bal'inaan akka itti aanutti ibsameera.

### 2.2.1. Dhimmoota Mana Murtiidhaan Murtaa'uu Danda'an(Justciable Matters)

Dhimmootni murtiidhaan murtaa'uu danda'an maal fa'i kan jedhuun wal-qabatee seera biyya keenyaa keessatti hiika mataa isaa hin arganne. Haa ta'u malee, dhimmootni kunnneen immoo qabatamaan hojiirratti yommuu mul'atu ni argina. Heerri Mootummaa Federaalaa fi Oromiaa kwt 37 fi Sdfhhh kwt 4 jalatti namni kamiyyuu dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an irratti mana murtii ykn qaama aangoon abbaan seerummaa kennameef kan birootti dhiyeeffachuun mirga murtii argachuu akka qabu tumee jira. Yaad-rimeewwan kanneen irraa wanti hubatamu, manni murtii idilee aangoo kallattii lamaan dhabuu akka danda'u namatti argisiisa. Isaanis:-1) dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenye(non-justiciable matters) fi 2) dhimmootuma murtiin murtaa'uu danda'an yoo ta'an iyyuu qaama biraa seeraan aangoon abbaa seerummaa seeraan yoo kennameefii jiraateedha. Dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu danda'an ibsuu irra dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenyee fi dhimmootuma murtiin murtaa'uu danda'an ta'ee qaamaa aangoo abbaa seerummaa seeraan fudhate ibsuutu irra salphata. Sababni isaa akka qajeeltootti aangoon abbaa seerummaa sadarkaa Mootummaa Federaalaattis ta'ee naannootti kan mana murtii akka ta'e HMFDRE kwt 79(1) fi Heera Naannoo Oromiyaa kwt 63(1) irraa waan hubatamuuf, dhimmoota mana murtii idileetti dhiyaatantu bal'ina qabaata.

Dhimmoota murtiin murtaa'uu hin dandeenyeen wal-qabatee akkuma boqonnaa jalqabaa keessatti ibsinee turre, biyyoonni baay'een seeraan kan tarreessanii ibsan yoo ta'u, seerri biyya keenyaa garuu hojimaataan malee seeraan wanti ifaan tarreeffame hin jiru. Akka hojimaataatti yoo ilaalle, wantoonni dhimma siyaasaa ta'an, dhimmoota bu'uraa seeraa hin qabnee fi gara fuula duraatti ta'uun isaa hin mirkanoofnee fi kan biroo manneen murtii murteessuun raawwachiisuu hin dandeenye akka dhimmoota murtii hin arganneetti yommuu ilaalaman ni mul'ata. Haa ta'u malee, qabatamaadhaan mana murtiin alatti dhimmoota irratti akka murteessaniif qaama biraatiif aangoon kennameeraaf yoo ta'e, akka waan dhimmichi dhimma murtiin murtaa'uu hin dandeenyeetti yeroo duuchumatti fudhatan ni mul'ata. Garuu dhimmoonni murtiin murtaa'uu danda'an yoo ta'e iyyuu sababa seerri qaama biraatiif kenneef manni murtii aangoo dhabe malee sababa dhimmoota murtiin murtaa'uu hin dandeenye ta'eef qofa miti. Akka fakkeenyaatti:

qaamoleen dhimmotuma murtii mana murtiin murtaa'uu danda'an irratti seeraan aangoo abbaa seerummaa fudhatanii jiran[92]:-

- Komishinii Ol-iyyannoo murtii Gibiraa fi Taaksii Lakk. 286/02
- Boordii Hojjetaa fi Hojjechiisaa bu'uura Labsii Lakk. 1156/2011'n hundeeffame
- Boordii Dhagaha Komii Bittaa Mootummaa fi Dhabamnsiisa Qabeenyaa, Labsii 649/2001
- Ejensii Labsii Dhuunfummaa bu'uura labsii Lakk. 110/95'n hundeeffame
- MM/H/ Gandaa bu'uura HMNO kwt 101 fi Labsii 128/1999'n hundeeffame
- Mana Maree Federeeshinii bu'uura HMF kew 62(1))'n hundeeffame
- Mana Murtii Siivil Servaantii kan Federaalaa bu'uura Labsii Lakk.262/02tiin, fi kan Naannoo Oromiyaa Labsii Lakk. 215/2011'n hundeeffame
- Mana Murtii Shariyaa bu'uura Labsii Lakk. 188/99 hundeeffame
- Mana Murtii Jaarsummaa (Arbitration) (Sdfhh kwt 315-319 fi SHH kwt 3325-3346)
- Mana Murtii Waraana Ripaabiliika Diimokirataawaa Federaalawaa Itoophiyaa Labsii Lakk. 809/2006 fi kkf fudhachuun ni danda'ama.

**Dhimma 2ffaa**

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Jildii 22ffaa Lakk.galmee 141663 ta'e irratti murtii argate irraa fudhatame. Dhimmichi iyyataa Shaalaqaa Alamaayyoo Wanjaloo fi Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa gidduutti falmii geggeeffamaa tureedha. Abbaan Alangaa(himataan jalaa) himatamaan(iyyataan ammaa) seera yakkaa 676(1) irra darbuudhaan Ministeera Raayyaa Waraanaa Ripaabiliika Federaalawaa Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Faawundeeshinii Raayyaa Waraanaa keessatti gaafa Caamsaa 8 bara 2006 irraa eegalee Hoogganaa Ol'aanaa Uffannaa Waraanaa ***(በአልባሳት ዋና ግምጃ ቤት ኃላፊ ሆኖ ሲሰራ)*** ta'ee osoo hojjetuu badhaadhina hin malle ofii isaatiif ykn nama biraatiif argamsiisuuf itti yaadee sababa hojiitiin Badhaawwan Meedaaliyaa waggaa 15'f walitti sassaabe keessaa tilmaama qarshii 727,647 kan ofii waan taasifateef ykn kan nama biraa waan taasiseef ykn akka dhokatu waan taasiseef amantaa hir'isuu cimaa raawwateera jechuun Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaatti himatee ture. Himatamaanis himannaa isaa irratti hundaa'een wal-qabatee

[92] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002 qophaa'e

Manni murtii idilee dhimma kana ilaaluuf aangoo hin qabu. Ani miseensaa Raayyaa Waraanaa wantan ta'eef, akkaataa Labsii 809/2006 kwt 38(1B)tti miseensa Raayyaa Ittisaa irratti yakki raawwatamu kamiyyuu Mana Murtii Waraanaan ilaalamuu qaba jechuun falmeera. Abbaan Alangaa immoo dhimma yakkaa malaammaltummaa qabeenya uummataa fi mootummaa irratti raawwatameedha waan ta'eef, aangoo qaama biraa kan ta'u miti jechuun mormee jira.

Manni murtii Ol'aanaanis dhimmicha qoratee erga jedheen booda, sagalee caalmaadhaan:-akkaataa labsii lakk.809/2006 kwt 38(1B)tti yakka kamiin iyyuu waan jedhuuf yakka malaammaltummaa keessaa kan hambise miti. Labsiin kunis seera yakkaa booda bahuu isaatiin, akkasumas seera addaa(special law) waan ta'eef, seera yakkaa caalee raawwatiinsa ni qabaata. Himatamaanis miseensa raayyaa waraanaa ta'uu isaa irra darbees Faawundeeshiniin kun dambii mataa isaatiin kan hundaa'e yoo ta'e illee hojjetoonni isaa miseensa waraanaa waan ta'aniif, kaayyoo Ministeerri waraanaa tajaajila si'ataa kennuu hojjetu waliin akka deemu yaadameeti jechuun, manni murtii idilee dhimma kana irratti aangoo hin qabu jechuun himata dhiyaate kufaa taasiseera. Gareen xiqqaan immoo Manni murtii idilee aangoo qaba jechuun yaada adda bahaniiru. Manni Murtii Waliigala Federaalaa immoo ijoo dubbii "faawundeeshiniin kun dhaabbata of danda'aadha moo miti?"kan jedhu qabatee erga xiinxalee booda akkaataa dambii Lakk.179/2002 kwt 2(3) dhaabbata namummaa mataa isaa qabu ta'ee hojjetoonni isaa miseensa waraanaa fi siivilii akka dabalatu, akkasumas itti gaafatamummaan isaa Ministeera Waraanaaf haa ta'u iyyuu malee baajata mataa isaatiin kan buluu fi baajata Ministeerichaan kan hin bulle ta'uu kwt 8 fi itti aananii jiran irraa ni hubatama. Kanaaf, of danda'ee himachuu fi himatamuu waan danda'uuf, akakataa Labsii 809/2006tti osoo hin taane, dhimmi isaa manuma murtii idileetiin ilaalamuu qaba jedhee murtii jalaa diigee jira.

Dhaddachi Ijibbaataa immoo yeroo xiinxalu:-akkaataa heera mootummaa kwt 79tti aangoo abbaa seerummaa kana mana murtii qofaadha kan jedhu heerichuma kwt 37 wajjin waliin yeroo hiikamu dhimmi kamiyyuu daangaa malee mana murtiitti ilaalama yaad-rimee jedhu akka hin qabne hubachiisa. Kana jechuun manni murtii dhimma tokko yeroo ofitti fuudhee ilaalu dhimma murtiidhaan murtaa'uu danda'u ta'uu qofa osoo hin taane, akkaataa kwt 37tti dhimmuma murtiin murtaa'uu danda'u ta'us seeraan qaamni aangoo abbaa seerummaa fudhate jiraachuu fi dhabamuu isaa adda baasuu qaba. Faawundeeshiniin kun immoo kaayyoo mataa isaa danda'een dambii 179/2002 kan dhaabbate yoo ta'u, baajata mootummaatiin

fedhii miseensa raayyaa waraanaa yeroo guutuun dadhabamutti fedhii raayyaa waraanaa eegsisuu fi haala jireenyaa fooyyessuuf kan kayyeefateedha. Sababa kanaan itti gaafatamummaan isaa Ministeera Waraanaatiif ta'uun isaa, hojjetoonni isaa miseensa raayyaa waraanaa hir'ifame, miseensa raayyaa waraanaa fi kutaa hawaasaa biroo irraa kan walitti baba'an ta'uu isaa qofaan yakki qabeenyaa dhaabbatichaa irratti raawwatame akka waan qabeenyaa Ministeera Waraanaa irratti raawwatameetti fudhachuun sirrii miti. Dhaabbati kunii fi Ministeerri Waraanaa qaama seeraa adda addaati. Labsiin 809/2006 kwt 38 illee Ministeerichi hojiin isaa amala addaa waan qabuuf tumame malee dhababata akkasii kan ilaallatu miti. Kanaaf, yeroo yakkichi raawwatatetti Labsiin Farra Malaammaltummaa hojiirra ture 434/1997 kwt 7(1)tiin Manni Murtii Ol'aanaan dhimma kana ilaaluuf aangoo ni qabaata jechuun murtii Mana Murtii Waliigalaa cimseera.

**Gaaffii**

1. Murtiilee manneen murtii armaan olii kana akkamitti ilaaltu?Kamtu bu'uura heeraa fi seeraa qaba jettu?Maaliif?
2. Manneen murtii karaa meeqa aangoo dhabu jettanii yaaddu?
3. Manneen murtii dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an irratti aangoo uumaa(inherent power) aangoo seeraan kennameef qabu jettu?

**Dhimma 3ffaa** [93]

Dhimma Komishinii Hiikkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti murtaa'e irraa fudhatameedha**.** Iyyataan Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluutti yeroo himatu:- lafa margaa qarxii 8 mootummaan naaf kennamee; qaama aangoo qabuunis ragaan abbaa qabiyyummaa itti naaf kennamee gibira mootummaas itti gabbaraa jiru (himatamaan) Waajjirri Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu) sababa gahaa malee ragaa abbaa qabiyyummaa koos haqee akkan itti hin fayyadamnes waan na taasiseef, gochi seeraan alaa narratti raawwatame maqfamee mirgi abbaa qabiyyummaa koos akka naaf kabajamu kan jedhuudha. Himatamaan deebii kenneen:-akkaataa Lasbii Lakk.130/1999 fi Dambii Lakk.151/2005tti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa kennuu qofa osoo hin taane, kan seeraan ala kenname yoo jiraates haquufis aangoo waan qabuuf, dhimma mana murtiin ilaalamuu

[93] Komishinii Hiikkaa Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Murtii DHIMMA KHHMNO LAK.0001, DHIMMA GCHMNO LAK.0017, Guyyaa 27/10/2011 .

danda'u miti. Kanaaf, himataanis himachuuf, manni murtiis ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa dhiyeesseera.

Manni murtichaas:-lafa galmeessuu, qiyaasuu, hojii kaadastaraa geggeessuu, mirga itti fayyadamuu nama qabuuf waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuu, ragaa seeraan ala kenname deebisanii sirreessuu fi haquun seerota armaan olitti ibsamaniin aangoo himatamaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiraniif kennameedha. Adeemsa keessatti immoo gareen hojiin seeraan alaa narratti raawwatameera gareen jedhu yoo jriaate caasaa biirichaa sadarkaan jiranitti dhiyeeffachuu qaba malee mana murtiitti himata dhiyeessuun sirrii miti jechuun akkaataa SDFHH kwt 244(2a)tti aangoo hin qabu jedhee himata dhiyaate cufeera. Manni Murtii Ol'aanaa G/SH/Bahaas, dhaddachi Ijibbaataa M/M/W/O's murtii kana cimsanii jiru.

Komishiniin Hiikkaa Heeraa immoo yommuu xiinxalu:-ijoo dubbii "murtiin mana murtiin kennamee fi komiin bu'uuraa iyyataa dhuguma kan hin simannee fi mirga Heeraan iyyataan qabu kan dhiphiseedhaa?"kan jedhu qabatee xiinxaleera. Akka xiinxalettis:-qajeeltoo Heera Mootummaatiin hojiin mootummaa qaamolee gurguddoo sadan gidduutti yommuu qoodamu, seeronni qaama seera baasuun bahan otoo hin jal'annee fi hin harcaane qaama seera raawwachiisuun kan hojiirra oona yoo ta'u, akkaataa hojiirra oolmaa kanaa seericha irraa kana maqe ta'uu isaatiin sirrii miti ykn mirga lammiilee lammiilee kan sarbeedha gaaffiin jedhu yoo ka'e, qaama seera hiikuuf dhiyaatee akkaataan raawwii komii kaasise kun seera dhimmichaaf rogummaa qabuun walbira madaalamee murtiin abbaa seerummaa kan itti kennamu akka ta'e, adeemsa kanaanis gama tokkoon qabiyyeen heeraa fi seerotaa akka irraa hin maqamne kan eegamu yoo ta'u, gama biraatiin qaamoleen mootummaa hojii isaanii daangaa fi akkaataa seeraan isaaniif taa'e qofa keessatti raawwachuu isaanii kan ittiin to'atamuu fi qaamolee mootummaa gidduutti walmadaalliin aangoo jiraachuun isaa kan ittin mirkanaa'u ta'uu, hunda caalaa lammiileen mirga heeraan gonfatan murtii fi gochoota qaamolee mootummatiin akka hin sarbamne kan ittiin eegumsi godhamu ta'uu isaati. Dhimma ammaa kanas qixa qajeeltoowwan kanaan kan madaalleedha. Madaallii kanaanis:-manni murtii dhimmichi dhiyaatetti gaaffiin deebii argachuun irra ture *Waajjirri himatamaa aangoo qabaachuu fi dhiisuu osoo hin taane, aangoo seeraan kennameefitti fayyadamuun gochi raawwate ykn murtiin murteesse akkaataa ulaagaa fi daangaa seeraan mirga abbaa qabiyyummaa haquuf isaaf kenname keessatti tahuu fi dhiisuu qorachuun murtii kennuu akka qabuudha.* Manni murtii dhimmichi karaa bulchiinsaa (through administratrive review) fala argachuu qaba jedhee akka aangoo hin qabnetti xumura irra gahuun isaa qajeeltoowwan

qoodama aangoo mootummaa cinatti kan dhiise qofa osoo hin taane qoodamicha keessatti qaama abbaa seerummaatiif hojii uumamaa (inherent power) fi qofaa kan ta'e hojii abbaa seerummaa dabarsee kan kenne, akkasumas sirrummaa gochoota ykn murtiilee qaama seera raawwachiisan kennamanii madaalee sirreessuudhan gahee madaalamummaa eegsisuu mana murtii kan dagate akka ta'eedha. Kanaanis, iyyataan ammaa akka lammii tokkootti mirga komii isaa qaama ilaallatutti, keessattuu qaama abbaa seerummaatti, dhiyeeffachuun mirga haqa argachuu heeraan gonfate kan daangessee fi mirgi isaas akka sarbametti akka hafu murtii taasise ta'uu isaatiin murtichi kufaa ta'ee manni murtii dhimmicha keessa deebi'ee akka ilaaluuf Gumiin yaada murtii xiinxalee yeroo dhiyeessu, Komishinicha yaadicha fudhatee murticha raggaaisee mana murtiitti deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Murtiilee manneen murtiin kennaman moo murtii Komishinichaa deggertu? Maaliif?
2. Dhimmi ammaa kun dhimma murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenyeedha moo dhimma murtiin murtaa'u ta'us dhimma qaama aangoo abbaa seerummaa seeraan fudhateef kennametti lakkaa'ama?Maaliin ibsitu?
3. Dhimma kana keessatti dhimma murtiin murtaa'u ta'uu fi dhiisuu isaaf argisiiftuun waan gocha kana raawwachuuf aangoon seeraan himatamaaf kennameefiidha moo waan qaamni kun aangoo isaa qixa seeraan fayyadamuu dhabeefiidha?

#### 3.1.1. Aangoo Biyyoolessaa Manneen Murtii Itoophiyaa

Akkuma boqonnaa jalqabaa keessatti ibsinee turre, aangoon biyyoolessaa dandeettii biyyi tokko dhimma tokko ilaaluuf qabdu ykn aangoo biyyi tokko dhimmicha irratti murtii ishee raawwachiisuu ykn aangoo ishee jala oolfachuuf qabdu kan argisiisuudha. Aangoon kun aangoo manni murtii namoota (jurisdiction in personam) irratti ykn qabeenyaa (jurisdiction in rem) irratti qabu lamaanuu kan of keessatti qabatu yoo ta'es, biyyi tokko aangoo kana gonfachuudhaaf wal-qabsiiftota garaagaraa yeroo hojiirra oolan ni mul'ata. Kun immoo gosa dhimmaa ykn nama himatamee ykn gosa sirna seeraa biyyi tokko hordoftu irratti hundaa'ee garaagara ta'uu mala. Dhimma kanaan wal-qabatee biyya Itoophiyaa keessatti maal fakkata kan jedhu irratti gabaabsinee akka itti aanutti ilaalla.

##### 3.1.1.1. Aangoo Biyyoolessaa Dhimma Yakkaa Itoophiyaa

Akkuma muuxannoo biyyoota garaagaraa barruun ibsinee turre, akkaataa Seera Yakkaa Ripaabiliika Diimokiraatawaa Federaalaa Itoophiyaa bara 1996 bahee jiruutti haalotni lama ibsamuuf yaalamanii jiru. Isaanis:-inni Jalqabaa: **Aangoo Raawwii Muummee**

**qabaachuu** yoo ta'u, isaanis iddoo raawwii yakkichaa daangaa Itoophiyaa(conditions as to place in normal case), haala addaan bakka bu'ummaa biyya biraaf kennuu, yakka dantaa Itoophiyaa irratti daangaa alatti raawwatamu, Yakka Lammii Itoophiyaa eegumsa addaa qabuun biyya ambaa keessatti raawwatamu, Yakka Miseensa Hoomaa Waraanaa Itoophiyaatiin biyya amabaatti raawwatamu irratti aangoo murtii dabarsuu danda'uun kan wal-qabatu yoo ta'u, inni $2^{ffaa}$n **Aangoo Raawwii Gargaarsaa(Subsidiary Application)** qabaachuu yoo ta'u, yakkoota Seeraa fi Sirna Addunyaalessaa irratti Itoophiyaan alatti raawwataman fi Yakkoota Biroo Itoophiyaan Alatti Raawwataman irratti aangoo muummee hin taane[94] Itoophiyaan kan qabaattu ta'uu tumee jira.

**I. Aangoo Raawwii Muummee[95]:-**daangaan Itoophiyaa kan heerichaan murtaa'ee jiru ta'uu ibsuudhaan lafa, qilleensaa fi qaama bishaanii kan haammatu ta'uu tumee jira. Yeroo kana namoota seera idila addunyaatiin mirga addaa qaban akkuma jirutti ta'ee, shakkamaan lammii Itoophiyaa ykn lammii biyyaa alaa yoo ta'e, biyyattiin aangoo Muummeetiin dhimmicha ofitti fuutee ilaaluu dandeessi jechuudha. Namni yakka kana raawwate garuu daangaa biyyattii keessaa bahee biyya biraa kan dawoo godhate yoo jiraate immoo Mootummaan Itoophiyaa bu'uura seera isaatiin akka ilaaluuf biyya dawoo taate gaafachuun dabarsitee akka kennituuf gaafachuu danda'a. Haa ta'u malee, namni yakka raawwate kun lammii biyya alaa yoo ta'ee fi biyya alaatti baqachuu isaatiin kan hin himatamin ykn kan hin adabamne yoo ta'ee fi dabarfamee kennamuuf kan hin danda'amne yoo ta'e, biyyuma sanatti dhimmichi akka ilaalamu gaafachuu danda'a. Haaluma kanaan, lammiin biyya alaa kun biyya alaa sanatti himatamee murtii dhumaan bilisa yoo bahe, ykn itti murtaa'ee dhiifamaan ykn baraarsaan yoo bahe ykn adabbichi darbiinsa yerootiin hafaa yoo ta'e, yakka kanaan irra deebi'ee biyya Itoophiyaatti ilaalamuu akka hin qabnes ni kaa'a.

Haa ta'u malee, darbiinsi yeroo osoo hin daangessinii fi adabbicha gar-tokkeen ykn guutmmaan osoo hin raawwatin daangaa Itoophiyaa keessatti kan argamu yoo ta'e, adabbiin osoo hin raawwatamin hafe irratti raawwachiifama jechuudha. Gama biraatiin immoo daangaa Itoophiyaan alatti kan raawwatame yoo ta'e illee yakkoota Sirna Heera Mootummaa fi Nageenya Keessoo Biyyaa Irratti Raawwataman (keewwata 238-260) , fi Yakkoota Yakkoota Maallaqoota, Sanadoota Dirqamaa

---

[94] Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, Labsii Lakk.414(Birhan na Selam, 1997), kwt 11-22.
[95] Miiljalee olii kwt 11.

Yookiin Wabummaa, Chaappawwan, Tambeerota Yookiin Meeshaalee Beekamoo Irratti Rawwatamaniin (keewwata 355-374), wal-qabatee yakkoonni kun nageenya yookiin tokkummaa biyyaa, dhaabbilee isaa seera qabeessa ta'an, yookiin faayidaa isaa gurguddoo yookiin maallaqa isaa irratti kan raawwataman waan ta'aniif, Itoophiyaan dhimmoota kana ofitti ilaaluuf aangoo muummee ni qabaatti jechuudha. Dabalataanis, miseensi diipolomaasii ykn qoonsila Itoophiyaa biyya alaa jiru ykn ergamaan yookiin bakka bu'aan mootummaa biyya alaatti yakka raawwate bu'uura qajeeltoo mirga Addaa idila addunyaa ilaallatuun biyya yakka itti raawwatetti himatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e, seerri kun raawwatamaa kan ta'u bu'uura seera Itoopohiyaa fi biyyaa gochichi itti raawwatameetiin akka yakkaatti lakkaawamee kan adabsiisu yoo ta'e biyyi Itoophiyaa aangoo biyyoolessaa ni argatti jechuudha. Kana irraa kan hubatamu, qajeeltoo Mirga Addaa Idila Addunyaatiin kan hoogganamu yoo ta'e, Itoophiyaan namoota kana irratti aangoo hin qabaattu jechuudha. Ta'us garuu yakka biyya ambaatti miseensa Raayyaa Ittisa Biyyaa Itoophiyaatiin seera idilee biyya Sanaa irratti kan raawwatame yoo ta'e, Itoophiyaan dhimmicha ilaaluuf aangoo kan argattu yoo namni yakka raawwate sun baqatee daangaa Itoophiyaa seene qofaadha. Haa ta'u malee, gosi yakka raawwatamee sun yakka seerota Idila Addunyaa fi gochaa loltummaa darbuun raawwataman kanneen akka sanyii balleessuu, yakka waraanaa uummata nagaa irratti raawwatamu fi yakkoota seera yakkaa keewwata 271-322 jala jiran yoo ta'e, Manni Murtii Itoophiyaa kallattiidhaan aangoo biyyoolessaa akka qabu tumee jira.

II. **Aangoo Raawwii Muummee hin taane[96]:-**aangoon kun aangoo muummee irraa adda kan isa taasisu, yakkoota daanga ce'ii (daanga maleessa) ta'aniin kan wal-qabatu ta'uu isaati. Kunneenis yakkoota daangaa Itoophiyaan alatti nama kamiin iyyuu Seera Idila addunyaa Itoophiyaan itti waliigalte ykn ofitti fudhatte cabsuun ykn seera Itoophiyaa keessatti akka yakka addunyaalessaatti tumamee jiru cabsuun raawwatame ykn Yakkoota Wantoota Fayyaa Namaafi Beelladootaa Irratti Miidhaa Geessisuu danda'an Oomishuufi Tamsaasuun Raawwataman kan akka Qorichoota Yookiin Baalawwan Summaa'aa yookiin Naarkotikiifi Saayikotiroppikii Oomishuu, Hojjechu, Naannessuu Yookiin Fayyadamuu(kwt 525), yakkoota bilisummaa namaa irratti raawwatamaniin wal-qabatan kanneen seericha keewwata 580-598 wal-qabatan ta'ee Waldaa seeraan alaa ykn jaarmiyaa namummaa seeraa qabuun raawwatame (kwt

[96] Miiljalee Olii, kwt 17-20.

599), dubartootaa fi daa'imman umuriin hin geenye sagaagalummaa walitti guuruun daldaluu(kwt 635 fi 636), Wantoota Jibbisiisaa ykn Addaggummaa Yookiin Amala Gaariif Faallaa Ta'an Ummataaf Ibsuu(kwt 640) ykn Keewwata 641. Wantoota Jibbisiisaaa ykn Amala Gaariif Faallaa Ta'an Agarsiisuu(kwt 641.- Obscene or Indecent Performances) wal-qabatee Itoophiyaan daangaa malee aangoo gargaarsaa(aangoo muummee hin taane) kanaan ilaaluu dandeessi jechuudha. Gama biraatiin yakkoota daangaa Itoophiyaan alatti lammii biyyattii irratti ykn lammii Itoophiyaa kamiin iyyuu Itoophiyaan alatti raawwatamee biyya alaatti osoo hin himatamin yoo hafee jiraate fi a) Seera biyya gochichi itti raawwatameefi seera yakkaa Itoophiyaatiin kan adabsiisu ta'uun isaa kan tumame yoo ta'ei; (b) Ciminni yakka raawwatamee bu'uura seera Itoophiyaatiin himatamaan qabamee dabarsamee akka kennamu taasisuuf gahaa ta'ee yoo argame manneen murtii Itoophiyaa aangoo biyyoolessaa argatu jechuudha. Haa ta'u malee, lammiin biyya alaa kamiyyuu Itoophiyaan alatti yakka biraa raawwatee Itoophiyaatti yommuu galetti akkaataa seera kanaatiin dabarsamee kan kenname yookiin haala birootiin kan tumame yoo ta'e malee Itoophiyaa keessatti himatamuufi dhimmi isaa ilaallamuu kan danda'u akkaataa seera yakkaa Itoophiyaatiin yakkichi adabbii cimaa wagga kudhanii gadi hin taaneen yookiin du'aan kan adabsiisu yoo ta'e qofa ta'uun isaa hubatamuu qaba. Aangoo muummee hin taane kana irratti seera kamtu raawwatiinsa akka qabu ilaalchisee seerri yakkaa kun bakka bu'iinsaan hojiirra ooluu akka danda'u tumee jira. Haa ta'u malee, seerichi bakka bu'iinsaan raawwatamummaa qabaachuudhaaf haal-dureewwan seera yakkichaa keewwata 17 jala jiran guutamanii argamuu qabu. Isaanis:- 1) Biyya yakkichi itti raawwatametti yookiin bu'uura seera Itoophiyaatiin yakkichi kan himachiisu iyyannoo dhuunfaan ta'ee iyyannichi kan dhiyaate yoo ta'e; 2) Raawwataan yakkichaa daangaa Itoophiyaa keessatti kan argame yoo ta'eefi dabarsamee kan hin kennamne yoo ta'e, yookiin yakkuma raawwate kanaan dabarsamee Itoophiyaatti kan kenname yoo ta'e; yookiin 3) Raawwataan yakkichaa bu'uura seera biyya yakkicha raawwatetti rogummaa qabuun dhiifama kan hin arganne yoo ta'e yookiin seera biyya yakkichi itti raawwatameetiin yookiin seera Itoophiyaatiin darbiinsa yerootiin kan hin dhorkamne yoo ta'edha.

III. **Bu'aa Murtii Biyya Ambaatti Kennamee:**[97]Akkuma boqonnaa jalqabaa keessatti ibsinee turre, aangoon biyyoolessaa biyya tokkoo dandeettii murtii kennuu qofaan

[97] Miiljalee olii kwt 16 fi 20 .

osoo hin taane raawwatamummaa isaatiinis ifuu danda'uu qaba. Kana jechuun biyyi aangoo biyyoolessaa qabdu tokko murtii isheen kennitu biyya biraatti raawwatamummaa kan qabaatuu fi biyyi biraas bu'uura aangoo biyyoolessaa qabuun murtii inni kenne yoo jiraate immoo raawwachiisuu kan ishee dandeessisu ta'uu isaati. Haaluma kanaan, gara dhimma yakkaa biyya keenyaatti yommuu deebinu, kallattii gurguddaa **lamaan** ilaaluun ni danda'ama. Inni tokko murtii biyya ambaatti dhimma aangoo Raawwii Muummee biyyi Itoophiyaa qabduun wal-qabatee kennamee fi inni biroon immoo aangoo Raawwii Muummee biyyi Itoophiyaa hin qabne irratti murtii kennameen adda baasnee ilaaluun barbaachisaadha. Aangoo Raawwii Muummee Itoophiyaan qabduun wal-qabatee; wanti adda bahee hubatamuu qabu, Itoophiyaan aangoo Muummee yakkoota duratti ibsinee tureen wal-qabatee nama yakkicha raawwate irratti biyyi biraa adabbii dabarsiteetti yoo ta'e bu'aan isaa maal ta'a kan jedhu dhimmi ilaalamuu qabuudha. Seericha ifaan ifatti keewwata 16 jalatti tumee akka jirutti faallaa qajeeltoo seera yakkaa *namni tokko yeroo lama adabamuu hin qabu(against principle of double jeaopardy)* kan jedhu irra darbuun akka danda'amu kaa'ee jira. Innis bu'aa sadii kan hordofsiisu yoo ta'u, inni tokkoffaan:-aangoo Itoophiyaan bu'uura Seera Yakkichaa keewwata 11, 13, 14(1) fi 15(1)tiin qabdu irratti yakkamaan sun adabameera yoo ta'e illee Itoophiyaa keessatti yoo argame yookiin Itoophiyaatti dabarsamee yoo kenname dhimmuma sanaan irra deebiin himatamuu fi itti murtaa'uu ni danda'a. Bu'aan isaa inni lammaffaan immoo biyya ambaatti himannaan ala ta'uu isaatiin ykn himatamee bilisa bahuun isaatiin biyya Itoophiyaatti himannaan haaraan akka irratti bu'uureffamu ykn akka adabamu dhorkuu hin danda'u. Haa ta'u malee, bu'aan isaa inni sadaffaan: Himatamaan yakka raawwateen biyya alaatti itti murtaa'ee adabbii isaa guutummaanis ta'e gartokkeen kan raawwate yoo ta'e, manni murtichaa adabbii haaraa yommuu murteessu adabbii inni dursee raawwate herregee hir'achuufii qaba. Kana irraa wanti hubatamu, dhimmoota Itoophiyaan Aangoo Raawwii Muummee qabdu irratti murtiin biyya ambaatti kennamee jiru aangoo biyyoolessummaa Itoophiyaan qabdu dhabsiisuu akka hin dandeenye argisiisa.

Murtii biyya Ambaatti Dhimma Itoophiyaan Aangoo Muummee irratti hin qabne irratti kennameen wal-qabatee immoo Seerri Itoophiyaa seera biyya alaa bakka bu'uu qofaan himatamaa irratti yommuu raawwatamu hunda (keewwata 15 (1), 17 fi 18) raawwataan yakkichaa dhimmuma kanaan biyya alaatti himatamee haala gahaa ta'een bilisa kan bahe

yoo ta'e yookiin kan isa hin himachiisnedha jedhamee kan gadi lakkifame yoo ta'e, Seerri Itoophiyaa isa irratti raawwatamaa hin ta'u. Haa ta'u malee, yakkamaan biyya alaatti himannaan isaa ilaallamee adabbiin itti murtaa'e adabbii isaa kan hin raawwanne yoo ta'e yookiin gartokkee isaa qofa kan raawwate yoo ta'e; adabbiin waliigalaa yookiin adabbiin hafe bu'uura seera Itoophiyaa yookiin seera biyya dhimmicha ilaalee murteesseetiin darbiinsa yerootiin kan dhorkame yoo ta'e malee bu'uura seera yakkaa Itoophiyaa keessatti tumameen akka bulu ibsa. Kana irraa wanti hubatamu, murtiin biyya ambaatti dhimmootaa Manni Murtii Itoophiyaa aangoo muummee hin qabne irratti kennamee jiru, Itoophiyaan aangoo biyyoolessummaa akka dhabdu ni taasisa jechuudha.

### 3.1.1.2. **Aangoo Biyyoolessaa Dhimma Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa**

Dhimma Hariiroo Hawaasaatiin wal-qabatee, Itoophiyaa keessatti seerri ifaan tarreessee kaa'e hin jiru jechuun ni danda'ama. Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996 illee ifaan hin keenye. Ta'us garuu dhimmooti lammiileen biyyaa alaa keessatti hirmaatan dhimma federaalaa(federal matters) akka ta'ee fi aangoo Manneen murrtii federaalaa akka ta'etti tumee jira. Dabalataanis, dhimmoota gaaffii Seera Dhuunfaa Idila addunyaa(private intenational law) kaasisanii fi iyyatni raawwii murtiilee biyya ambaan wal-qabatan ilaalchisee dhiyaatu ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murrtii Federaalaa akka ta'e kaa'ee jira.[98] Haa ta'uutii, dhimmootni amma labichi ibsee jiru kunneen waa'ee aangoo biyyolessummaa biyyi Itoophiyaa dhimma hariiroo hawaasaa irartti qabdu kan ibsu miti. Tarii dhimmoota lammiilee biyya alaatiin wal-qabatee, murtiilee biyya raawwachiisuun wal-qabatee, akkasumas dhimmoota seera dhuunfaa idila addunyaa affeeraniin wal-qabatee waa'een aangoo biyyoolessummaa faana ka'uun isaa hin oolu. Yeroo kana waa'een manneen murtii Itoophiyaa akkamitti aangoo biyyoolessaa argachuu danda'u, wal-qabsiiftonni(connecting factors) kan jedhaman maal fa'i kan jedhu irratti labsichi deebii hin kennu. Baratamaadhaan garuu manneen murtii muuxannoo addunyaa fayyadamuun yeroo itti hojjetan ni mul'ata. Fakkeenyaaf:-bakka qabeenyaan itti argamu, bakka jaarmiyaan itti galmaa'ee qaama seerummaa argate seera Itoophiyaan yoo ta'e, bakki waliigaltee itti raawwatamu ykn waliigalteen itti bu'uureffame daangaa Itoophiyaa keessa yoo ta'e, waliigaltoota keessaa tokko lammii Itoophiyaa yoo ta'e, Itoophiyaan daantaa diinagdummaa kan irraa qabdu yoo ta'ee fi kkf caqasuun yeroo itti fayyadaman ni mul'ata. Dhimmoota armaan gadii kana ilaalaa!

[98] Labsii Manneen Murtii Federaalaa Hundeessuuf bahe, Lakk.25 (Federal Negarit Gazeta, Addis Ababa(11th year N0.42, 1996), kwt 5(4) .

**Dhimma 4ffaa**

Dhimma dhaddacha Ijibbaataa Federaalaa Jildii 19ffaa Lakk.galmee 117390 ta'e irratti murtii argate irraa fudhatame. Ka'umsi dhimmichaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa ta'ee himataa Alamaayyoo Makonnin fi Dhaabbata Ittisa Hawaannisa Afriikaa Bahaa gidduutti geggeeffamaa tureen Itoophiyaan aangoo biyyoolessaa hin qabdu jechuun himatamaan mormee jira. Himatamaan himataan dhugumatti hojjetaa dhaabbatichaa ta'uu ibsuudhaan Dhaabbati kun garuu Itoophiyaa keessatti hojii kan hojjetu yoo ta'e illee Mootummaa Itoophiyaa wajjin gaafa Waxabajjii 7 bara 1977 ALItti taasifneen Mana murtii Itoophiyaatti dhimma hariiroo hawaasaatiin akka hin himatamneef eegumsa addaa(immunity) qabna jechuun falmee jira.

Manni murtii jalaa kunis Waliigalteen kun hanga ammaatti kan hin diigamnee fi hojiirra kan jiru ta'uu Ministeerri Haajaa Alaa Riipaabiliika Federaalaawaa Diimokiraatawaa Itoophiyaa xalayaadhaan ibsuufii isaa erga mirkaneeffatee booda xiinxala taasiseen qabiyyeen waliigaltechaa Mootummaan Itoophiyaa Dhaabbata kana akka hin himanne kan dhorkuudha malee lammiileen akka dhaabbata kana hin himanne kan daangesse miti jechuun himatamaan firii himannaa keessa jiru kan hin haalle waan ta'eef jechuun akka amanetti fudhatee itti murteesseera. Manni murtii Ol'aanaan immoo dhimmicha ol-iyyannoon ilaalee akka Waliigaltechaatti Itoophiyaan dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabdu jechuun murtii jalaa diigeera.

Dhaddachi ijibbaataa dhimmicha ofitti fuudhee yommuu xiinxalu:- akka Labsii hojjetaa fi hojjechiisaa biyya Itoophiyaa Lakk.377/1996 kwt 3(3a) irraa hubatamutti, dhaabbati idila addunyaa hojii isaa daangaa Itoophiyaa keessatti kan hojjetu ta'ee waliigalatee hojjetaa fi hojjechisaa lammiilee Itoophiyaan wajjin kan taasise ta'es, waliigalteen idila addunyaa akka seerri Itoophiyaa irratti hin raawwatame taasiseera yoo ta'e labsichi raawwatiinsa akka hin qabaanne argisiisa. Waliigaltee amma himatamaan kaasaa jiru kwt 1 jalatti Afaan Ingiliffaan barreeffamee kan jiru, "*the Organization shall , enjoy immunity from the criminal jurisdiction of the government. It shall also enjoy immunity from its civil and administrative jurisdiction except in so far as the counsel of the organization has unvalued the imminutiy*"kan jedhu ta'uu dubbisneerra. Waliigalteen kun immoo hanga ammaatti dhaabbataa fi hojiirra kan jiru ta'uu Ministeerichi ibseera. Kanaaf, dhaabbatichi dhaabbata idila addunyaa waan ta'eef, akkaataa waliigaltee idila addunyaatti qaama dhimmichi ilaalatuutti dhiyeeffachuun kan

ilaalamuudha malee Itoophiyaan akka aangoo hin qabne waliigaltechi ifatti kaa'a. Biyyi tokko immoo dhaabbattooti idila addunyaa damee isaanii ykn Waajjira Muummee daangaa isaa keessatti saaqqachuun socho'anii hojii isaanii idilee akka hojjetaniif heyyama laatteetti yoo ta'e, waliigaltee dhaabbaticha wajjin taasiftee jirtu kabajuuf dirqama akka qabdu Seerri Waliigaltee Addunyaa Veenaa (**Veina Convention Law**) fi akka muuxannootti seerri dhuunfaa addunyaa haaguuggii seeraa qabu kan argisiisuudha. Waan ta'eef, biyyattiin dhaabbatichaaf hanga ammaatti dhimma hariiroo hawaasaatiin akka hin himatneef waadaa galteefii jirtu eegu qabdi. Kanaaf, Itoophiyaan dhimma kana irratti aangoo biyyoolessaa hin qabdu jechuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa cimsee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee armaan olii seera biyya keenyaa wajjin akkamitti xiinxaltu?
2. Lammiileen Itoophiyaa dhimma murtiin furmaata argachuu qaban irratti mana murtii ykn qaama aangoo abbaa seerummaan seeraan kennameefiitti dhiyeeffachuuf mirga heeraan kennameef akka qaban beekamaadha. Himatamaan kun eessatti himannaa hundeessa jettu?

**Dhimma 5ffaa**

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F tiin lakk.G. **2883**[99] ta'e irratti dhimma murtii argatee dha. Hoteelli Giloobaalii M/M/S/D/F tti nama "Mr. Nikoolaa as papachat ziis" jedhamu himateera. **M/M/S/D/F** "Himatamaan lammii biyya alaa waan ta'eef, kun immoo falmii seera dhuunfaa idil-addunyaa (**private international law'**) waan kaasuuf, bu'uura labsii lakk. 25/88 kew 11(2)(a)tiin dhimma akkanaa ilaaluuf aangoo kan qabu M/M/O/F waan ta'eef aangoo hin qabnu" jechuun murteesseera. **Dh/Ij/M/M/W/F** Bu'uura lab. Lakk. 25/88 kew 11(2)(a)tiin dhimma '**'private international law''** ilaaluu aangoo kan qabu M/M/O/F ti. Kanaaf M/M kun seerri (**private international law**) yoo bahe falmii sana jalatti ka'u ni ilaalaa; haala amma jiruun ammoo seerri keenya kan biyya iyyataa ykn biyya biraatiin waan walfaallessuuf raawwii hin qabu hin jedhame,ykn iyyataan dhimmi isaa seera biyya isaatiin ykn biyya birootiin akka ilaalamuuf hin iyyanne,ykn dhimmi falmiichaaf ka'umsa ta'e murtii argachuuf sirna seeraa tokkoo ol kan affeeruu dha hin jedhamne. Akkasumas, sirni seera isa kamitu filatamaa ta'uu akka qaburratti falmiin ka'e waan hin jirreef gama kanaan M/M/O/F

[99] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002 qophaa'e

aangoo ni qaba. Himatamaan lammii biyya alaa waan ta'eef qofa dhimmichi akka gaafii falmii seera dhuunfaa idil-addunyaa kaasutti fudhatamuun dogongora waan ta'eef M/M/S/D/F dhimmicha ilaaluu qaba jechuun murtii M/M/ jalaa diigeera.

**Dhimma 6ffaa**

Dhimmi kun Dh/Ij/M/W/Federaalaatti Lakk.galmee 60685 ta'e Jildii 11ffaa irratti murtii kenne irraa kan fudhatameedha. Falmichi Obbo Bazzaabih Isheetee fi Dhaabbata Ijaarsaa (Konistraakshinii) Saalinii jedhamu gidduutti geggeffame. Obbo Bazzaabih himannaa isaatiin dhaabbati himatamaa kun seeraan ala hojii koo irraa na geggeesse jechuun kan himate yoo ta'u, Manni Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaas dhimmicha ofitti fuudhee qoratee jira. Akka qoratettis: waliigalteen hojjetaa fi hojjechiisaa kun seera hojjetaa fi hojjechiisaa biyyoota Gamtaa Immireetota Arabaatiin geggeeffamee jira. Iddoon waliigaltechi itti taasifame immoo Damee Waajjira Dhaabbata Konistraakshinii Itoophiyaa keessatti argamu keessattidha. Kun immoo dhimma seera dhuunfaa idila addunyaatiin akka bitamuuf agarsiiftuudha. Waan ta'eef, dhimma kana akkaataa Labsii 25/88 keewwata 11(2)tti aangoo hundee dubbii biyyoolessaa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaati. Kanaaf, aangoo dhimma kana ilaaluu hin qabu jechuun murteessee jira. Himatamaan murtii kana komatee yoo ol-iyyates, waan itti cimeef dhaddacha ijibbaata Federaalaatti dhiyeeffateera. Dhaddachi Ijibbaataas dhimma kana ilaalee murtiin jalaa dogoggora hin qabu jechuun cimsee jira.

**Gaaffilee Marii**

1. Dhimmoota armaan olii keessatti wal-qabsiiftota manneen murtii fayyadamuun xiinxalan sirriidha jettuu?Maaliif?
2. Manni murtii tokko aangoon biyyoolessaa qaba jechuun wantoonni dandeessisan maal fa'i?
3. Yeroo gaaffiin aangoo biyyoolessaa ka'u dursa manni murtii maal qulqulleeffachuu qaba jettu?Dhimma federaalaa ta'uu fi dhiisuun falmisiisaadhaa?Maaliif?

**Dhimma 7ffaa**

Dhimma Dh/M/M/W/F Jildii 9ffaa Lakk.galmee 37339 irratti murtii argateedha. Ka'umsi dhimmichi wal-falmii diiggaa gaa'ilaa Iyyattuun A/de Nigist Hayilee fi obbo Laggasee Alemuu gidduutti geggeeffamaa tureen gaa'illi isaanii Mana Murtii Sadarkaa jalqabaa Federaalaatti ilaalamaa turee erga diigameen booda falmiin tarree qabeenyaa irratti itti fufee

jira. Haaluma kanaan, A/de Nigist iyyata dhiyeessiteen tarree qabeenyaa biyya Itoophiyaa fi Ameeriikaa jiru ilaalchisee akka qoodamuuf kan gaafatte yoo ta'u, manni murtichaa qabeenyaa biyya keessaa irratti murtii erga kenneen booda qabeenyota biyya Ameeriikaa jiran irratti garuu aangoo kan Mana Murtii Ol'aanaadha jechuun geggeessee jira. Kanumaan, qabeenyota biyya Ameeriikaa jiran irratti Mana Murtii Ol'aanaatti yommuu dhiyeeffattu, himatamaan immoo gama isaatiin nuti lameen keenya iyyuu lammii Itoophiyaati. Qabeenyaan kun biyya Ameeriikaa jiraachuu isaatiin qofa gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeru miti. Kanaaf, manni murtii jalaa dhimma kana ilaaluu qaba jedhee falmeera. Manni Murtii Ol'aanaan immoo mormii himatamaan kaase kuffisee erga jedheen booda garuu dhimma qabeenya Ameeriikaatti argamu qofaaf mana murtii kanatti adda baasanii ilaaluun sirrii miti jechuun iyyata dhiyaates kufaa taasiseera. Manni Murtii Waliigala Federaalaa komii iyyattuun dhiyeeffatte kuffisee murtii Mana Murtii Ol'aanaa cimsee jira. Iyyattuun murtii kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuun dhaddacha ijibbaataatti iyyattee jirti. Dhaddachi Ijibbaataas dhimmicha ofitti fuudhee falmisiisee erga jedheen booda dhimmi kun falmii seera dhuunfaa idila addunyaa kan kaasisu ta'uu isaa Manni Murtii Ol'aanaa mirkaneessee jira. Sababa qabeenyaan waliinii biyya keessa jiru mana murtii sadarkaa jalqabaatti ilaalameef adda adda bahee na biratti dhiyaachuu hin qabu jedhee kan Manni murtii Ol'aanaan kun kuffisee jiru garuu mirga haqa argachuu heera Mootummaa keewwata 37 irra teechifamee jiru kan sarbuudha. Kanaaf, manni murtii ol'aanaan dhimma kana ofitti fuudhee ilaaluu qaba jechuun gadi deebiseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmi kun dhuguma gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan kaasisuudhaa?Murtii manneen murtii jalaa fi kan Ijibbaataa keessaa kamtu sirrii isinitti fakkaata?
2. Wal-falmitoonni lachanuu lamii Itoophiyaa akka ta'an ifadha. Qabeenyaan garuu biyya Ameeriikaa kan jiruudha. Dhimma kana irratti Manni Murtii Itoophiyaa akkamiin aangoo biyyoolessaa argate jettu?Wal-qabsiiftuun jiru maali?

**Dhimma 8ffaa**

Dhimma Dh/M/M/W/F'tiin Jildii 23ffaa Lakk.galmee 152590 irratti murtii argateedha. Ka'umsi dhimmichaa gaa'illi A/de Eyerusaalem Asgadoom fi obbo Tawaldee H/Maariyaam erga diigameen booda qooddaa qabeenyaa irratti falmii ture irrati. Falmii kanaanis, obbo Tawaldeen deebii isaanii wajjin himata himatarraa dhiyeessaniin qabeenyaa maqaa himattuutiin biyya Ameeriikaatti waliin qabnu qulqullaa'ee akka nuuf qoodamu jechuun mana murtii gaa'ila diige sanatti himattuunis deebii itti laattee falmiin geggeeffameera.

Manni murtichaas bitaa fi mirgi mormii yoo kaasuu baatanis, dhimmi kun gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeru waan ta'eef, akkaataa Labsii 25/1988 kwt 11(a)tti aangoo hundee dubbii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaati jechuun erga xiinxalee booda bu'uura Sdfhh kwt 9(1) fi (2), 231(1a), 245(2), 17(3) fi 30(1), akkasumas murtii dhaddacha Ijibbaataa lakk.galmee 83169 fi 37339 wabeeffachuun galmee cufee geggeesseera. Manni Murtii Ol'aanaas komii itti dhiyaate kuffisee murtii jalaa cimsee jira.

Dhaddachi Ijibbaataas dhimmicha yommuu xiinxalu:-Manni murtii jalaa aangoo hin qabu kan jechaa jiru qabeenyaa bu'uuraan Itoophiyaa keessatti argamu osoo hin taane, qabeenyaa Ameerikaa keessatti argamu bu'uura godhachuudhaan akkaataa Sdfhh kwt 17(3) fi murtii ijbbaataa lakk.galmee 83169 tiin dhimmicha adda adda baasuun ilaaluurra himata himatarraa kana ilaaluuf manni murtii aangoo qabu walumatti haa ilaalu yaada jedhu qaba. Dhugumatti immoo dhimmi seera dhuunfaa Idila addunyaa ofitti affeeru irratti aangoo kan qabu Mana murtii Ol'aanuudha. Haa ta'u malee, dhimmi tokko seera dhuunfaa Idila addunyaa affeereera kan jedhamu yoomi kan jedhu ilaalamuu qaba. Dhimmi tokko Walitti bu'iinsa Seera dhuunfaa idila addunyaa(conflict of laws) kaaseera kan jedhamu; akka qajeeltoo waliigalaatti, yoo seeroti biyyoota garaagaraa dhimmicha kallattii garaagaraan kan furu ta'ee fi sababa kanaan walitti bu'iinsi (wal-faallessuun) seerota gidduu yoo jiraatee fi dhimmicha irratti seera biyya kamiitu raawwatiinsa qabaata kan jedhu irratti wal-dhabdeen yoo uumameedha. Dhimmi kanaan wal-qabatee immoo yeroo diiggaa gaa'ilichi Itoophiyaa keessatti hin hundeeffamne jedhamee falmiin ka'e hin jiru. Kanaanis walitti bu'iinsi seeraa jiraachuu wanti argisiisu galmee keessa hin jiru. Erga gaa'illi diigamees, iyyattuun qooddaa qabeenyaa waliiniitiif iyyata kan dhiyeeffatte bu'uura Seera Maatii Fooyya'e Labsii Lakk.213/1992tiin kan dhiyeeffattee jirtuudha. Waamamaanis himannaa himatarraa bu'uuruma kanaan kan dhiyeeffate yoo ta'u, qabeenyaa waliinii kan Ameerikaatti argamu kana irratti seerri Ameeriikaa kan Itoophiyaa irraa addatti kan bituudha jedhee falmii dhiyeesses hin qabu, walitti bu'iinsi seeraa kun jiraachuu isaas manni murtii jalaa waan qulqulleeffatu hin qabu. Kana irraa kan hafe qabeenyichi waanuma Ameerikaa keessatti argamee fi waamamaan lammii Ameerikaa waan ta'eef qofa, dhimmichi gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeruudha jechuun gudunfuun sirrii miti. Haa ta'u malee, qabeenyota Ameerikaa keessatti argaman irratti murtii Manneen Murtii Itoophiyaatiin kennaman Manneen Murtii Ameeriikaa keessatti argamanitti raawwatamuu danda'a moo miti gaaffiin jedhu immoo Raawwii Murtiitiin wal-qabatee gaaffii mataa isaa danda'eedha malee walitti bu'iinsa seerota biyyoota garaagaraa wajjin kallattiin hidhata kan qabu miti. Kanaaf, dhimmi kun gaaffii seera

dhuunfaa idila addunyaa kan affeeru miti jechuun murtiilee sadarkaan jiran diigee Manni murtii sadarkaa jalqabaa dhimmicha ofitti fuudhee akka ilaalu murteesseera.

**Gaaffiilee Marii**

1. Dhimma kana irratti murtii Mana murtii Sadarkaa Jalqabaa fi Ijibbaataa akkamitti ilaaltu?
2. Waa'een aangoo biyyoolessaa asitti akkamitti hubatamee jira jettu?
3. Dhimmi aangoo biyyoolessaa fi dhimmi seera dhuunfaa idila addunyaa of keessaa qabu garaagarummaan isaanii maali jettu?Manneen murtii keenya waa'ee aangoo biyyoolessaa fi dhimma seera dhuunfaa idila addunyaa, akkasumas dhimma lammummaa ambaa (*foreign element*) adda baasanii hubataniiru jettuu?Maaliif?

Gara seera deemsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaatti deebinee yoo ilaalles immoo dhimmoota Manneen Murtii Itoophiyaa aangoo biyyoolessummaa irratti qabaniin wal-qabatee ulaagaalee akkamiitu wal-qabsiiftuu ta'anii tajaajiluu akka qaban wanti kaa'ame hin jiru. Haa ta'uutii, aangoon biyyoolessummaa akka jiru immoo keewwattoota seeraa garaagaraa faffaca'anii jiran irraa ni mul'ata. Fakkeenyaa:-seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 20(2) jalatti kan ibsamee jiru yoo ilaalle, himatamaan lammii biyya alaa yoo ta'e illee hojii daldalaa Itoophiyaa keessaa yoo qabaate, ykn qaamaan daldala bu'aa dhuunfaatiif Itoophiyaa keessatti kan hojjetu yoo ta'ee fi qabeenya dhaabbataa ykn socho'aa Itoophiyaa keessaa kan qabu yoo ta'e, manneen murtii Itoophiyaa aangoo dhimma kana ilaaluu akka qaban namatti mul'isa. Gama biraatiin Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996 kwt 11(2C) jalatti murtiileen manneen murtii biyya alaatiin kennaman ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa akka ta'e ibsuun alatti ulaagaalee ittiin ofitti raawwachiisu waan kaa'e hin qabu. Haa ta'u malee, seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 456-461 jalatti murtiilee manneen murtii biyya alaatiin murtaa'an akkamitti akka raawwatamuu danda'an ibsee jira. Keewwata jalqabaa irraa kan hubatamu, yoo akkaataa Waliigalatee Idila Addunyaatti ibsamee jiraate malee akkaataa seera deemsichaa keessa kaa'ameen alatti murtiileen manneen murtii biyyoota biroo Itoophiyaa keessatti raawwatamuu akka hin dandeenye ibsee jira (kwt 456(1)). Haalotni ittiin murtiileen biyya ambaa kun raawwatamuu danda'anis(kwt 458):-1) murtiileen manneen murtii Itoophiyaa biyya ambaa murtiin akka raawwatamuuf gaafataa jiran keessatti kan raawwatamu yoo ta'e(*reciprocity*), 2) murtiin akka raawwatamuuf ergame sun mana murtii seeraan biyya alaatti hundeeffameen kan kenname yoo ta'e, 3) mana murtii biyya ambaa sanatti murtiin abbaa idaa dhiyaatee deebii ittisaa isaa akka dhiyeeffatuuf carraan kennameeraaf yoo ta'e, 4)

murtiin raawwatamuuf deemu kan dhumaa fi raawwatamuu danda'u yoo ta'e, fi 5) raawwiin murtichaa safuu fi nageenya biyya Itoophiyaa wajjin kan hin tuqne yoo ta'e jedhee jira. Akkasumas, murtii jaarsummaan biyya alaatti kennaman (*execution of foregn arbitral awards)* raawwachiisuun wal-qabatee Manneen murtii Itoophiyaa raawwachiisuudhaaf ulaagaaleen ibsaman jiru. Isaanis(kwt 461):-1) murtiileen manneen murtii Itoophiyaa biyya ambaa murtiin akka raawwatamuuf gaafataa jiran keessatti kan raawwatamu yoo ta'e(*reciprocity*), 2) akkaataa waliigaltee falmitootaan ykn akkaataa seerri biyya ambaa sun heyyamuun yoo ta'e, 3) falmitoonni abbootii seeraa filachuu irratti ykn ragaa dhiyeeffachuu fi falmii geggeessuu irratti mirga wal-qixa argataniiru yoo ta'e, 4) manni murtii jaarsummaa sun seera heyyamuun hundeeffameera yoo ta'e, 5) dhimmichi seera Itoophiyaatiin akka jaarsummaan ilaalamu kan heyyamu yoo ta'ee fi safuu fi nageenya uummataa kan hin faallessine yoo ta'ee fi 6) akkaa seera Itoophiyaatti murtichi raawwatamuu kan danda'u yoo ta'e; manneen murtii Itoophiyaa aangoo biyyoolessummaa ni argatu jechuudha.

Bu'aa aangoo biyyoolessummaatiin wal-qabatees yoo ilaalle seerri keenya adda adda baasee akka dhimmoota yakkaatti gosaan wanti ibsame hin jiru. Haa ta'u malee, bifa waliigalaatiin seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 8(2) jalatti dhimmi tokko Manneen Murtii biyya alaatti ilaalamaa kan jiru yoo ta'ee fi Manneen Murtii Itoophiyaa aangoo kan qaban yoo ta'e, manneen murtii Itoophiyaa dhimmuma kana ofitti fuudhanii ilaaluuf wanti dhorku kan hin jirre ta'uu isaati.

**Dhimma 9ffaa**

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataatti Jildii 15ffaa Lakk.galmee 78206 irraa fudhatame. Ka'umsi dhimmichaa iyyattootni Yusiraa Abdumuhiin N-3 fi Waamamaa Abdulqanii Abdulmuhiin gidduutti Mana Murtii Yemanitti wal-himatanii iyyattoonni ammaa abbootii mirgaa ta'anii jiru. Haaluma kanaan, biyya Itoophiyaatti Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaatti raawwachiifachuuf galmee raawwii saaqqatanii jiru. Raawwiin himatamaan (waamamaan) immoo dhiyaatee adeemsa murtii biyya Yemanitti kenname keessatti wantan hin hirmaanneef, murtichi mirga koo miidha jechuun bu'uura Sdfhh kwt 358tiin mormeera. Raawwiin abbootiin mirgaa(iyyattoonni) immoo yaada yeroo kennan; waamamaan yeroo falmiin geggeeffamaa ture sana biyya Itoophiyaa keessa waan tureef, karaa bakka isaa dhiyaatee akka falmetti ilaalama. Utuu ta'ees, murtiin kan mormamuu qabu biyya murtiin itti kennametti malee mana murtii kanatti miti jechuun falmaniiru. Manni murtichaas akkaataa Sdfhh kwt 456-4561tti ulaagaalee barbaachisan guutuu isaa qulqulleeffadheera jechuun

mormii dhiyaate kuffisee akka raawwatamu ajajeera. Mormii dhiyaate yeroo kuffisu Sdfhh kwt 358 dhimma kanaaf rogummaa kan hin qabnee fi sadarkaa raawwiitti mormiin dhiyaatu bu'uura Sdfhh kwt 418tiin yoo dhiyaate qofa fudhatama jedhee xiinxaleera. Wamamaan murtii kana komatee Mana Murtii Waliigalaatti yeroo dhiyeeffatutti, biyyoota lameen gidduu jechuun Itoophiyaa fi Yeman gidduutti akkaataa Sdfhh kwt 458(A)tti waliigalteen raawwii murtii osoo hin jiraatin murtii biyya Yemanitti kenname akka raawwatamu ajajuun sirrii miti kan jedhu ture. Manni Murtichaas kanuma bu'uura godhachuun Itoophiyaa fi Yeman murticha irratti chaappaa gochuun isaanii sanadni murtichaa yeroo biyya Itoophiyaa galu sirrummaa isaa mirkaneessuuf yaadameeti malee biyyoota lameen gidduu murticha raawwachiisuuf waliigalteen jiraachuu wanti argisiisu hin jiru. Kanaaf, ulaagaa seerichi kaa'e osoo hin guutin ofitti fudhachuun murtiin kenname sirrii miti jechuun diigeera. Dhaddachi ijibbaataa immoo yeroo xiinxala geggeessu:-seerri deemsaa keenya dhimma raawwiitiin wal-qabatee boqonnaa lamatti qoodee kan jiru yoo ta'u, boqonnaan jalqabaa raawwii murtii biyya Itoophiyaa keessatti aangoo bu'uuraan kennameef kan ilaallatu yoo ta'u, boqonnaan lammaffaan immoo murtii biyya ambaatti kenname tokko akkamitti Itoophiyaa keessatti raawwatamuu akka qabu kan ibsuudha. Kanaaf, akkaataa caaseffama seerichaa irraa kan hubatamu, wanti asitti bitaa fi mirga falmisiisaa jiru sadarkaa raawwiitti dhimma jiruudha malee waa'ee murtii raawwiidhaaf ka'umsa ta'ee jiru miti. Haa ta'u malee, murtichi biyya ambaatti kennamuu isaatiin wal-qabatee, manneen murtii Itoophiyaatti beekamtii argatee raawwatamuu danda'uudhaaf ulaagaalee bu'uura Sdfhh kwt 458tiin kaa'amee jiru guutamee argamuun dirqama. Ulaagaalee kana irratti immoo falmisiisee bu'uura Sdfhh kwt 459 fi 460tiin ilaalee murtii irratti kennuu kan qabu manuma murtii raawwicha qabatee jiru ta'uu qaba. Waan ta'eef, Manni murtii Ol'aanaa Federaalaa bu'uura Sdfhh kwt 458tiin ilaalee murtii kennuu osoo qabuu mormiin ka'e mana murtii Yeman ilaallata jedhee kuffisuun isaa adeemsa seeraa kan eeggate miti. Mormii raawwiin himatamaan dhiyeessaa jiru immoo murtii biyya Yemanitti kennamee jiru irratti mirgi falmachuu naaf hin eegamne kan jedhuu fi biyyoota lameen gidduutti dhimma kana raawwachuuf waliigalteen taasifame hin jiru jechuun isaa bu'uura Sdfhh kwt 458 (a fi c)tiin fudhatama kan qabuudha. Kanaaf, mormiin akkaataa seera kanaan dhiyaate kun jiraachuun fi jiraachuu dhabuun isaa qulqullaa'ee furmaata argachuu qaba. Raawwiin himatamaan waliigalteen biyyoota lameen gidduu jiraachuu hin qulqulloofne jedhee kan falmaa jiru yoo ta'u, raawwiin himatttoonni immoo murtiii biyya Yemanitti kenname Ministeerri Haajaa Alaa Itoophiyaatiin mirkaneeffamee kan gale dhiyeeffachuun cinatti dhimma kana irratti ragaan dabalataa nuuf haa dhiyaatu jechaa turuun isaanii ni hubatama. Kanaaf, Waliigalteen kun sadarkaa biyyattii kan taaisfamuudha waan

ta'eef, Ministeera Haajaa Alaatiin mirkanaaa'uun isaa sirrummaa ragichaatiif malee dhimma kanaaf rogummaa hin qabu jechuun xiinxaluma kana qofaan Manni Murtii Ol-iyyata dhagahe bira darbuun isaa sirrii miti. Dhugumatti akka qajeeltootti ragaa abbaadhumatu guuttatee dhiyeeffata, garuu bu'uura Sdfhh kwt 345(1b)tiin dhimmichaaf murtii sirrii ta'e kennuudhaaf kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannaa falmitootaatiin qaama Mootummaa dhimmi kun ilaallatu irraa manni murtii ol-iyyata dhagahe kun qulqulleeffachuu danda'a ture. Akkasumas, bu'uura Sdfhh kwt 458(C)tiin falmii biyya Yemanitti geggeeffamaa ture irratti hin hirmaanne waan ta'eef, mirgi dhagahamuu koo na jalaa mulqameera kan inni jechaa jirus Manni murtii Ol-iyyata dhagahe kun akka qabxiitti yoo qabate illee osoo deebii itti hin kennin bira darbuun isaa sirrii miti. Manni murtichaa bu'uura Sdfhh kwt 247(4) fi 182(3- kan Afaan Amaariffaa qofa)tiin ijoo dubbii tokko deebisuudhaan murtii kennuun ni danda'ama gudunfaa jedhuun kan deeme yoo ta'e illee aangoo ol-iyyannoo qabuun qabxii kanas ilaalee deebii itti kennuu qaba ture jechuudhaan murtii jalaa diigee Manni Murtii Waliigala Federaalaa irra deebi'ee qabxii kanneen irratti ragaa dabalataa dhiyeessisee murtii isatti fakkaate haa kennu jechuun sagalee caalmaan bu'uura Sdfhh kwt 343(1)tiin gadi deebiseera.

Sagaleen Addaa Bahiinsaa tokko immoo yeroo xiinxalu:-Murtiin mana murtii biyya Yemanitti kenname biyya Itoophiyaatti bu'uura Sdfhh kwt 458tiin ulaagalaa guutuu isaa ibsee raawwatiinsa ni qabaata jedhee bu'uura akkaataa kwt 460tiin Manni murtii Ol'aanaan yeroo murteessu, waamaan kun dhiyaatee akka Sdfhh kwt 459tti yaada isaa hin kennanne. Murtii kana immoo bu'uura Sdfhh kwt 358tiin mormuu fi akka haqamu taasisuuf akka hin dandeenye wanti dhorku hin jiru. Waamamaan kan mormaa jiru murtiin biyya Yemaniitti kenname beekamtii argatee Itoophiyaa keessatti akka raawwatamuuf murtii Manni Murtii Ol'aanaa kennee jiruudha malee murtii mana Murtii Yemanitti kenname miti, manni murtichaas isa kana osoo hin hubatin biyya Yemanitti mormuu qabda jechuun isaa sirrii miti. Manni murtii Waliigalaa Ol-iyyannoo dhagahes ijoo dubbii "biyya Yemanitti murtiin kennamee jiru Itoophiyaa keessatti raawwatamuu danda'a moo miti?"kan jedhu qabachuun Sdfhh kwt 358(a) bu'uura godhachuun xiinxalee Itoophiyaa keessatti murtichi raawwatamuu hin danda'u jedhee murteessuun isaa sirrii miti. Ijoon dubbii silaa qabamee bu'uura Sdfhh kwt 341(1)tiin manni murtii Ol'aanu dhimma kana ofitti fuudhee ilaalee murtii kennuu qaba ture moo miti?kan jedhu qabatee mormii murtii fi falmii iyyattootaa giddu-galeessa godhatee akka murteessuuf deebisuu qaba ture. Kanaa alatti Manni murtii Ol-iyyata dhagahu kun dhimma Manni murtii jalaa keessa galee hin ilaalle irratti ijoo dubbii "biyya Yemanitti murtiin kenname Itoophiyaa keessatti raawwatamuu danda'a moo miti?"kan jedhu qabatee

Mana murtii Waliigalaatti deebisuun isaa mirga ragaa dhiyeeffachuu fi falmii guutuu geggeessuu, akkasumas mirga ol-iyyannoo falmitootootni qaban kan jalaa dhiphisuudha. Waan ta’eef, qabxii kanaan akka qulqullaa’uuf mana murtii Ol’aanutti deebi’uu qaba ture jechuun xiinxala biroos kaasee yaada addaa qabateera.

**Gaaffiilee Marii**

1. Murtiileen manneen murtii sadarkaan jiranii  kana akkamitti ilaaltu?
2. Murtiin tokko raawwachiidhaaf aangoo biyyooleessaa wantoota dhabsiisuu danda’an manneen mrutii kun adda baasanii jettuu?
3. Sadarkaa dhaddacha ijibbaataatti murtii yaada sagalee caalmaa moo yaada addaatu sirriidha jettu?Murtiilee biyya ambaatti kennaman bu’uura Sdfhh kwt 358 ykn 418tiin mormuu ni danda’amamoo hin danda’amu?
4. Ulaagaalee Sdfhh kwt 458 jala jiran akkamittiin qulqulleessuun danda’ama?Adeemsa kamiin qulqullaa’a?Dhimmoota kana tumaa kana jala irratti murtii kennuudhaaf bitaa fi mirga dhagahuun ni barbaachisaa?

### 2.2.3. Aangoo Tooraa Manneen Murtii Itiyoophiyaa

Aangoon tooraa kallattiidhaan dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan kan wal-qabatu yoo ta’u, waa’ee tajaajila qulqulluu fi si’ataa ta’e ragaa amansiisaa fi dhiyeenyatti argamuu danda’uun murtii kennuun kan wal-qabatuudha. Akkasumas, wanti aangoo hundee dubbii irraa adda isa godhu, dhimma tokko irratti manneen murtii hedduuf aangoo kennuu danda’a. Yeroo kana dhimma tokko irratti murtiin garaagaraa kennamuu waan danda’uuf falli isaa maali kan jedhu, leenjitoonni mariin kan gabbisan ta’a.

#### 2.2.3.1. Aangoo Tooraa Dhimma Hariiroo Hawaasaa

Dhimma hariiroo hawaasaatiin wal-qabatee, yeroo baay’ee haqa ni jallisa jedhamee yoo yaadame malee bitaa fi mirgi mormii osoo hin kaasin kan hafan ykn himatamaan fedhii kan argisiisu taanaan ykn waliigalteen  jiraannaan[100] aangoo tooraa malee murtiin kennamu akka aangoo hundee dubbii dhiibbaa inni fidu salphaa ta’uu mala. Akkasumsa, yoo haqa jal’ise malee qabxii ol-iyyannoo ta’uu akka hin qabne serichi ni ibsa.[101]  Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa illee Jildii 19[ffaa] irratti lakk.galmee 109383 irratti xiinxala taasiseen, manni murtii

[100] The Civil Procedure Code Decree Of Ethiopia.,(Negarit Gazeta - Extraordinary Issue  No. 3 Of 1965
Addis Ababa), 1965, Kwt  10.
[101] Miiljalee olii, kwt 10(2).

tokko hanga aangoo hundee dubbii qabutti, akkasumas hanga haqa hin jal'ifnetti sababa aangoo tooraa hin qabneef qofa murtii inni kenne fudhatama hin qabu jechuun ol-iyyachuun sirrii miti jedhee komii dhiyaate xiinxalee kuffisee jira. Dabalataan dhimma kanaa ilaalaa:-

**Dhimma 10ffaa**

Dhimma M/M/W/Ftiin lakk.galmee 23676[102] ta'e irratti murtii argate irraa fudhatame. Himataan obbo Mahaammad Yusuuf Abbaan Taayitaa Gumuruka Itoophiyaa Damee Adaamaa konkolaataa koo seeraan ala to'annoo isaa jala tursiise waan ta'eef, kisaaraa narraan gaheera jedhee miidhaa irra gahe shallagee M/M/O/A/Adaamaatti himannaa hundeesseera. Himatamaan immoo Manni Murtii kun dhimma kana ilaaluuf aangoo bakkaa hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa kaasee jira. Manni Murtichaas kanumaan aangoo hin qabu jechuun galmee cufeera. M/M/W/Oromiyaa immoo aangoo qabda jechuun murticha diigee deebiseera. M/M/W/F immoo yommuu xiinxalu:-Manni Murtii Ol'aanaa Adda Adaamaa bu'uura Sdfhh kwt 21tiin xiinxalee aangoo tooraa hin qabu jedhee galmee cufuu isaa ibsee jirra. Murtii ykn ajaja manni murtii tokko aangoo tooraa hin qabu jechuun kennu irraa ol-iyyannoon fudhatamuu akka hin dandeenye akka qajeeltootti Sdfhh kwt 10(2) ibsee jira. Haala addaatiin ol-iyyachuun kan danda'amu, murtiin mana murtii jalaa haqa kan jal'isu ta'ee yoo argameedha. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa A/Adaamaa immoo haqa kan jal'isu ta'ee hin argamne. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa immoo ol-iyyannoo ofitti fuudhee kan ilaale haqa jal'isuu isaa bu'uuraffatee miti. Kanaaf, M/M/W/Oromiyaa ol-iyyannoo fuudhee ilaaluun isaa seeraan aladha jechuun murteesseera.

**Gaaffii Marii**

- ❖ Murtiilee kana keessaa kamtu dhama qabeessa jettu?Maaliif?

Aangoo tooraan wal-qabatee akka biyyattiitti labsiileen manneen murtii Federaalaa fi naannoo hundeessan aangoo tooraa darbanii darbanii haala addaan kan ibsan yoo ta'e illee akka waliigalaatti aangoo tooraatiin wal-qabatee seerri deemsa hariiroo hawaasaa amma hojiirra jiru kwt 19-30tti ibsuuf yaalee jira. Haa ta'u malee, seera deemsaa kana keessatti qaawwaan seerichaa fi hojimaataa jiraachuu irraa kan ka'e iddoon itti falmisiisaa ta'u ni jira. Akka qajeeltootti Sdfhh kwt 19 jalatti himanni kamiyyuu iddoo jireenya himatamaatti ykn hojii dhuunfaa(daldalaa) faayidaaf itti hojjetutti dhiyaachuu akka qabu, yoo himatamtoonni

[102] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002

baay'ee ta'an immoo isaan keessaa iddoo jireenyaa isa tokkootti ykn bakka inni tokko itti hojii daldala dhuunfaa isaa itti hojjetutti keessaa filatee himannaan hundaa'uu akka qabu tumee jira. Haa ta'u malee, tumaan kanaan wal-qabatee falmiin garaagaraa yeroo ka'u ni mul'ata. Akka tumicha irraa hubatamutti, tumaaleen itti aanaanii jiran jechuun kwt 20-30 kan jiranii fi kan seerri biraan tumes yoo jiraate akkuma jirutti ta'ee(*Without prejudice to the provisions of the following Articles and to such special places of jurisdiction as may be provided for by law*,….) jechuun ibsee jira. Kana irra dhaabbachuun ejjennoo garaagaraa sadiitu calaqqisaa jira. Ejjennoon jalqabaa:- gaaleen akkuma jirutti ta'ee jechuun barreeffamee jiru tumaalee kwt 20 fi itti aananii jiran kwt 19 irratti dabalataan hojiirra kan oolan ta'uu argisiisa kan jedhan jiru. Sababiin isaas qajeeltoon waliigalaa illee eegamuu qaba jedhu. **Ejjennoo lammaffaan** immoo tumaaleen kwt 20 fi itti aananii jiranii fi seerri biraan aangoo bakkaa kan ibsu yoo jiraate akka hambifannaatti(exception) waan ilaalamuuf, qajeeltoon kwt 19 jalatti tumamee jiru hojiirra hin oolu jedhu. Tumaadhumti kun mataan isaa hambifannaa kanaaf eegumsa taasisee darbee jira jechuun falmu. Ejjennoo isaanii yommuu cimsa, osoo kwt 19 raawwatiinsa qabaatee tumaalee itti aananii jiran keessaa kwt 27(1) qofti gara qajeeltoo kwt 19 jala jiruutti hin qajeelchu ture(*for cross reference)*. Tumaaleen kaan qajeelchuu hafuu isaaniitiin qajeeltoo waliigalaa kwt 19 jala jiru akka hojiirra hin oolle hambisanii jiru jechuun falmu. **Ejjennoo sadaffaan** immoo yaada giddu-galeessaa kan qaban yoo ta'u, tumaaleen itti aananii jiranii fi seera biraatiin kan tumaman yoo jiraatan, tumaan seerichaa diriqisiisaa ta'uu fi dhabuu isaa dursinee adda baasuu qabna. Akkaataa kanaan, haala diriqisiisaa ta'een kan tumu yoo ta'e, qajeeltoo kwt 19 jalatti ibsamee jiru hafaa ta'a jechuudha. Fkn:- seericha kwt 25 yoo ilaalle, haala dirqii ta'een himannaan bakka qabeenyaan dhaabbataan sun itti argamutti hundeeffamuu qaba jedhee waan tumee jiruuf, qajeeltoon kwt 19 jala jiru akka hojiirra hin oolle taasisee jira jechuudha. Gama biraatiin immoo tumaaleen seeraa bifa heyyamsiisaadhaan kan tuman yoo ta'e garuu filannoo himataatiin bu'uura kwt 19tiin ykn bu'uura kwt 20 fi itti aanii jiraniin ykn bu'uura seera biroo tumee jiruun himachuu danda'a. Kanas seeruma deemsaa kana kwt 10(1) jalaa hubachuun akka danda'amutti, manni murtii biroon bu'uura Sdfhh kwt 19-30tiin aangoo kan qabu yoo jiraates, manni murtii dhimmichi dhiyaateef hin fuudhu jedhee diduu akka hin qabne ibsa. Fkn:-seerichi kwt 24(1, 3 fi 4) fi 27 yoo ilaalle, haala heyyamsiisaa ta'een waan tumanii jiraniif, bu'uura tumaalee kanaan ykn bu'uura qajeeltoo kwt 19 jala jiruun himachuun filannoo himataati jechuun falmu.

**Gaaffiilee Marii**

1) Ejjennoowwan sadeen armaan olii keessaa isin kamtu sirriidha jettu?Sababi keessan hoo?

2) Aangoon tooraa aangoowwan kaan irraa wanti adda taasisu dhimma tokkicha irratti manneen murtii baay'een aangoo qabaachuu danda'u. Yeroo kana immoo dhimma tokko irratti murtiin garaagaraa mana murtii garaagaraatiin kennamuuf deema jechuudha. Kanaaf, furmaatni isaa maali jettu?Seerri deemsaa furmaata kaa'e qabaa?

Himatamaan biyya Itoophiyaan ala kan jiraatu yoo ta'e immoo qajeeltoon kwt 19 jalatti ibsamee jiru keessaa bakka jireenya himatamaa kan jedhu hojiirra oolchuun rakkisaadha. Kanaaf, kwt 20 jalatti furmaatni isaa kaa'amee jira. Haa ta'u malee, tumaa kanaan wal-qabatee amma illee ejjennoo garaagaraa lamatu calaqqisaa jira. Ejjennoo jalqabaa warri qabatan, tumaan kana keessaa 20(1) lammii Itoophiyaa qofa ilaallata, kwt 20(2) immoo lammii biyya ambaa ilaallata jedhanii falmu. Ejjennoo 2ffaan immoo kwt 20(1) hundumaa irratti raawwatiinsa ni qabaata, keewwati 20(2) keewwata 20(1) caalmaatti ibsuudhaaf lammummaa himatamaa irratti garaagarummaa uumuuf miti. Yoo akkas ta'uu baate, keewwati 20(1) lammii Itoophiyaa qofaa irratti raawwatiinsa kan qabu taanaan, yoo himatamaan lammii biyya ambaa ta'ee qabeenyaa tokko illee Itoophiyaa keessa kan hin qabnne ta'ee fi heyyamaan aangoo biyyoolessaa biyyattiif of kenneera yoo ta'e, dhimmicha murteessuuf ni rakkanna jedhu.

**Gaaffii Marii**

- Ejjennoo armaan olii keessaa kamtu sirriidha jettu?Maaliif?

Waliigalteen wal-qabatees akkaataa itti aangoon tooraa itti murtaa'uu danda'u seerichi keewwata 24 jalatti ibsamee jira. Akka tumaa kana kwt 24(1) irraa hubatamutti, waliigaltee keessatti aangoo tooraa mana murtii biraaf kennamee yoo jiraate malee himataan filannoo lama qaba. Isaanis:-yoo barbaade bakka waliigalteen itti taasifame, ykn bakka waliigaltee itti raawwatamu keessaa filatee himachuu danda'a. Tumaadhuma kana kwt 24(2) jalatti immoo waliigalteen deddeebisaa qabeenyaa(contract of carriage)tiin wal-qabatee ulaagaa isa sadaffaa jechuun bakka waliigaltee keessaa hambisee jira. Seera Daldalaa fi seera Geejiba bishaan irraan wal-qabatee bakka jireenya geejibsiisaa, ykn bakka daldadalaa isaa ykn bakka bu'aa isaa ykn bakka qabeenyaan sun itti geejibsiifamu(gahumsa)tti filannoo himataatiin

himannaan hundaa’uu akka danda’u ibsee jira[103]. Tumaadhuma kana jalatti keewwati 24(3) immoo waliigaltee Inshuuraansiin wal-qabatee bifa dirqiin osoo hin taane, bifa heyyamsiisaan bakka Waajjira Muummee Dhaabbata Inshuuraansii ykn bakka itti galmaa’e ykn bakka qabeenyaan uwwisa Inshuuraansii argate itti argamu keessaa filatee himataan himannaa hundeessuu danda’a. Waliigaltee adaraa ykn qabsiisaa qabeenyaa ol kaawwachuun wal-qabatee wal-dhabdee ka’us bifuma wal-fakkaatuun bakka qabeenyaan sun itti argamutti himannaa hundeessuu akka danda’u ibsee jira(kwt 24(4)). Haa ta’u malee, tumaa kana keessaa kwt 24(2) bifa dirqiin tumuu isaatiin kwt 24(1) dabalataan raawwatiinsa dhabuu danda’a jechuu dandeenya. Kanaan wal-qabatee, himannaa beenyaa miidhaa gaafatamuun wal-qabatee seerri deemsaa kwt 27(1) waliigaltee irratti raawwatiinsa qaba moo miti, waliigaltee irratti raawwatiinsa yoo qabaate kwt 24 maaliif barbaachisee kan jedhu falmisiisaa yeroo ta’u ni mul’ata. Haaluma kanaan, hojimaata keessatti ejjennnoon sadii kan jiru yoo ta’u, ejjennoo 1ffaan:-dhimam waliigalteen wal-qabatee keewwati 24 haguuggii waan kennee jiruuf, tumaan kun raawwatiinsa hin qabu kan jedhan jiru. Ejjennoo 2ffaan:-immoo gaaleen “…Suits for compensation for wrong done to persons or to movable property…”jedhu miidhaa waliigaltee ykn waliigalteen alaa illee waan dabalatuuf, tumaan kun waliigaltee irratti raawwatiinsa qaba jedhuun falmu. Ejjennoo 3ffaan:-immoo qajeeltoo argamiinsa ragaa(accessability of evidence) irratti hundaa’uun kwt 27(1) dabalataan tumaa 24 irratti raawwatiinsa ni qaba jedhu.

**Dhimma 11ffaa**

Dhimmi Dh/Ij/M/M/W/Ftiin Lakk.galmee 11637[104] ta’e irratti murtii argate irraa fudhatame. Himataan Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Jimmaa osoo deemuu konkolaataan Jimmaa keessatti garagalee waan miidhaan irra gahee beenyaan akka kaffa M/M//S/D/F ttti himannaa hundeessee jira. Himatamaan immoo konkolaataan Godina Jimmaa keessatti garagale waan ta’eef, Manni murtii kun aangoo tooraa ittiin dhimma kana ilaalu hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera. Haaluma kanaan, M/M/S/D/F mormii ka’e xiinxalee erga jedheen booda akkaata Sdfhh kwt 10(1) aangoo bakkaa ittiin dhimma kana ilaalu hin qabu jechuun galmee cufeera. Manni Murtii Ol’aanaanis ol-iyyannoo ilaalee murtii jalaa cimseera. Dhaddachi Ijibbaataa immoo yommuu xiinxalu:-himataan nagahee karaa deemsaa(ticket) kan bitate Magaalaa Finfinneetti, teessoon falmitootaas Magaalaa

[103] Commercial Code of Ethiopia, Proclamation No. 166, (Negarit Gazeta *Gazette Extraordinary*, Addis Ababa 5th May 1960), kwt 647.
[104]

Finfinneedha. M/M/S/D/F/ bu'uura Sdfhh kwt 27(1)tiin himanni kan dhiyaatu iddoo miidhaan itti dhaqqabe jechuun isaa sirriidhuma. Haa ta'u malee, walitti dhufeenyi falmitoota gidduu jiru waliigaltee waan ta'eef, bu'uura Sdfhh kwt 24(1)tiinis dabalataan ilaaluu qabna. Himataan nagahee kutuun himatamaa wajjin waliigaltee kan uume Magaalaa Finfinneetti waan ta'eef, M/M/S/D/F bu'uura Sdfhh kwt 24(1)tiin aangoo tooraa ni qaba jechuun murtii jalaa diigee jira.

**Qabxii**

1) Murtii kana akkamitti madaaltu?Kamtu dhama qabeessa?
2) Konkolaataan geejibsiisaa uummataa osoo ta'uu baate hoo kwt 24(1) raawwatiinsa ni qabaataa?

#### 2.2.3.2. Aangoo Tooraa Dhimma Yakkaa

Dhimma yakkaan wal-qabatee, yakki tokko daangaa mana murtii yakkichi keessatti raawwate bu'uura godhachuun manni murtii daangaa sana keessatti argamu aangoo tooraa akka qabaatu seerri deemsa falmii yakkaa amma hojiirra jiru tumaa dirqiin kaa'ee jira.[105]Yakki raawwatame tokko immoo bakki gochi itti ta'ee fi bakki bu'aan yakkaa itti xumurame adda yoo ta'e, manni jalqaba gochi itti raawwatame ykn manni murtii bu'aan yakkaa daangaa isaa keessatti xumurame aangoo tooraa qabaata.[106]Gochi tokko immoo sababa yakka biraa wajjin walitti hidhata qabuuf yakka yoo ta'e, manneen murtii bakka yakkoonni lameen itti raawwataman keessaa tokkotti yoo dhiyaate, manneen murtii lachanuuu yakkoota lachanuu irratti aangoo tooraa ni qabaatu.[107]Gama biraatiin immoo gochi yakkaa tokko aangoo tooraa manneen murtii keessaa isa kamiin keessatti akka raawwatame adda baasuun yoo rakkisaa ta'e, ykn gochichi gariin aangoo tooraa mana murtii tokkoo keessatti gariin immoo aangoo tooraa mana murtii biraa keessatti kan raawwatame yoo ta'e, ykn gochi yakkichaa aangoo tooraa mana murtii tokkoo ol keessatti itti fufee raawwatameera yoo ta'e, ykn yakkichi gochoota garaagaraa aangoo tooraa mana murtii garaagaraa keessatti argamuun kan raawwatame yoo ta'e, mana murtii aangoo tooraatiin tuttuqaa qabu keessaa tokkotti dhiyaachuu danda'a jedhee seerichi ifaan ibsaa jira.[108]Itti dabalees, yakkamaan ykn shakkamaan yakkaa raawwate tokko yeroo yakka raawwatetti adeemsa irra kan jiru yoo ta'e,

---

[105] Criminal Procedure Code Of Ethiopia, PROCLAMATION No.185 OF 1961 (Ministry of Pen Addis Ababa), kwt 99
[106] Miiljalee olii, kwt 100.
[107] Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 101.
[108] Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 102.

bakka shakkamaan ykn yakkamaan kun osoo keessa darbuu yakka itti raawwate aangoo tooraa mana murtii naannoo sana jiruu ta’a jechuudha[109].

Haa ta’u malee, yakki tokko immoo doonii ykn xiyaaraa Itoophiyaa keessatti kan raawwatu yoo ta’e, akka wanta inni Itoophiyaa keessatti raawwatameetti ilaalamaa jedhee ibsee jira.[110]Tumaan seeraa kun gaaffii garaagaraa kaasuu mala. Tokkoffaan:-Itoophiyaa keessa manneen murtii garaagaraa waan jiraniif, dhimmi kun aangoo tooraa mana murtii kami ta’a kan jedhu seerichi ifaa miti. Gama biraatiin immoo tumaan seeraa kun eenyummaa yakkamaa ykn shakkamaa ilaalcha keessa hin galchine. Kan yakka raawwate lammii biyya alaa yoo ta’e, ykn dippilomaatota yoo ta’an, waa’een aangoo biyyoolessaa ka’uun isaa hin oolu. Yeroo kana tumaan seeraa kun ifaa waan hin taaneef, deebii kennuu hin danda’u. Kanaaf, falli jiru manneen murtii Itoophiyaa keessa jiran kamiyyuu aangoo tooraa ni qabaatu jechuu qofa osoo hin taane, dhimma kanaan wal-qabatee waa’een aangoo hundee dubbii fi aangoon biyyoolessaa walitti hidhamee ilaalamuu qaba. Waa’een aangoon biyyoolessaa mata duree armaan olii keessatti ifee waan jiruuf, akkamitti Biyyi Itoophiyaa aangoo biyyoolessaa argatti kan jedhu sakatta’uun, akkaataa Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996tti immoo aangoon hundee dubbii kana murtii kamiiti kan jedhu sakatta’uudhaan mana murtii Itoophiyaa keessaa dhimmoota akkasii ilaaluu danda’an murteessuun ni danda’ama. Haa ta’u malee, akkaataa SDFY kwt 100-104tti ykn kwt 116 ykn kwt 117tti, abbaan alangaa yommuu himannaa hundeessu, manneen murtii jiran keessaa mana murtii tokkotti himanni akka hundaa’u yoo murteesse, manni murtichaa bu’uura himannaa abbaa alangaatiin aangoo tooraa argachuu akka dana’u ni hubachuun barbaachisaadha.[111]

Haala addaatiin immoo Manni murtii ol’aanu jechuun akka sirna ammaatti Manni Murtii Ol’aanaa fi Waliigalaa utuma ulaagaaleen SDFY kwt 99-104tti jiraataniyyuu aangoo tooraa mana murtii kaasuun mana murtii biro kan tasumaa aangoo tooraa qabaachuu hin dandeenyeef illee dabarsuu akka danda’u seerichi ibsee jira.[112]Sababoonni ittiin aangoo tooraa mana murtii kaasuun danda’amus:-manni murtii gadi’aanu dhimmicha haqummaan loogii malee ilaaluu hin danda’u jedhee yoo itti amane, haala hin baratamneen falmii seeraa rakkisaa ta’e kan kaasu yoo ta’e, yoo jijjiirraam taasifame falmitootaaf ykn ragootaaf mijataa kan ta’u yoo ta’e, jijjiirraan kun yoo taasifame yeroo gabaabaa keessatti murtii sirrii kennuun

109 Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 103.
110 Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 104.
111 Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 107.
112 Criminal Procedure Code Of Ethiopia, kwt 106.

kan danda'amu yoo ta'e, mana murtii biroo aangoo tooraa hin qabne yoo ta'es, garuu dhimma yakkaa akkasii ilaaluuf aangoo isa dandeessisu kan qabu yoo ta'e(mana murtii aanaa birootti ykn gara mana murtii isa ol'aanaatti), dhimmicha naannessuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, dhimmi kun sadarkaa Federaalaatti yoo ta'e, bu'uura labsii 25/1996 kwt 8(3) fi 11(2d)tiin aangoo mana murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa qofaaf kan kenname waan ta'eef, walitti hidhamee ilaalamuu qaba. Akkasumas sadarkaa naannoottis dhimmichi labsii manneen murtii naannoo hundeessanii wajjin ilaaluun murteessaadha. Fakkeenyaaf:-akka naannoo Oromiyaatti aangoon kun Mana murtii Ol'aanaa fi Mana murtii Waliigala naannichaa qofaa kennamee jira.[113]

Walumaagalatti, tumaalee seera deemsa falmii kana irraa kan hubatamu, aangoo tooraa adda baasuuf bakka yakki itti raawwatame akka ulaagaatti fayyadamee kan jiru ta'uu isaati. Bakki yakki itti raawwatame jechuun hoo maal jechuudha kan jedhu seerri deemsaa kun ifaan hin keenye. Haa ta'u malee, seera bu'uraa kan ta'e seera Yakkaa bara 1996 bahe kwt 25 irraa qajeeltoo jiru hubachuun ni danda'ama. Seerichi yommuu ibsu:-bakki tokko yakki itti raawwatameera kan jedhamu, yoo gochi yakkaa seeraan adabsiisu itti raawwatame ykn akka hin raawwatamne seeraan dhorkame itti raawwatame akka ta'e ibsee jira. Akka hiika kanaatti, yakki sadarkaa yaaliitti hafe akkuma yakka bakka sanatti raawwatameetti ilaalama. Haa ta'utii, seerichi seera deemsaa wajjin wal-fakkaataadha. Qajeeltoo adda itti dabalame yoo jiraate, bakki gochi itti raawwatame bakka bu'aan yakkaa itti argame caalaatti aangoo tooraa mana murtii akka murteessu taasisee jira.[114]

**Gaaffilee Marii**

1. Yakkoota nageenya daandii qilleensaa irratti raawwatamaniin wal-qabatee labsiin 25/1996 kwt 4(8) fi kwt 12 jalatti aangoo mana murtii ol'aanaa Federaalaa taasisee jira. Kanaaf, akkaataa SDFY kwt 104 fi 107tti abbaan alangaa filatee himachuuf aangoo hin qabu. Kana jechuun tumaan SDFY kwt 104 haqameera jedhanii namoonni barreessan jiru. Isin hoo akkamitti ilaaltu? Kaayyoon seerota lameenii tokko moo garaagara? Tokko yoo ta'e maaliif? Tokko miti yoo jettan immoo sababa adda adda isaan taasise tarreessaa ibsaa!

---

[113] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa Lakk. 216/2011, kwt 25(2d) fi 30(5).

[114] The Criminal Code Of The Federal Democratic Republic Of Ethiopia, Proclamatio,N No.414/2004, Kwt 25(2, Kewwata 3).

2. Akka qajeeltootti bakka gochi yakkaa itti raawwatame aangoo tooraa mana murtichaa murteessuu isaa SDFY kwt 99 jalatti ilaalleerra. Qajeeltoo kanaaf hambifannaa (exception) kan ta'uu danda'u maal jettanii yaaddu?

**Dhimma 12ffaa** [115]

Dhimma Mana murtii Aanaa Adaamaa Galmee lakk.95066 irratti Abbaa Alangaa fi Seeyifa Mikaa'el Tesfaayee jidduu turee murtii argateedha. Himatni dhiyaatee: himatamaan konkolaachisaa yoo ta'u, Magaalaa Asallaa gara Magaalaa Adaamaa deemaa utuu jiruu of eeggannoo taasisuu dhabuun konkolaataa ISUZUtti buusuun miidhaa qarshii 16,000tti tilmaamamu waan geessiseef, yakka dagannoo balaa tiraafikaan himatameera kan jedhudha. Dhimma kana Manni murticha ofitti fuudhee ilaaluun himatamaa qarshii kuma tokko adabeera.

**Gaaffiilee Marii**

1. Dhimmi kun Utuu Mana murtii Aanaa xiyyootti dhiyaateera ta'ee Manni murtichaa ilaaluuf aangoo qabaa? Maaliif
2. Aangoo tooraa Manneen murtii murteessuu keessatti Aangoo tooraa muummichaa fi xiqqaan ni jiraa? Seera yakaa kwt.25/2/ jallatti himni "…. For the purpose of prosecution the jurisdiction of place where the result was achieved is subsidiary to that of place of the commission" jedhu bu'aa maal hordofsiisa jettu?
3. Akka waliigalatti SDFY sirna Mootummaa Jiddu Galeessaa bu'uura godhachuun tumamuun isaa aangoo tooraa murteessuuf yeroo ammaa tumaaleen haqaman jiruu?
4. Maallaqa Magaalaa Bishooftuuti nama hin beekamneen hatamee, himatamaa harkatti Magaalaa Dukamiitti yoo qabame mana murtii kamtu aangoo tooraa qaba? Maaliif?.

**Dhimma 13ffaa**

Dhimma Mana murtii Aanaa Magaalaa Buraayyuutti Lakk.galmee 52048 irratti Abbaan Alangaa Abreen Indageer faa N-4 himate irraa fudhatame. Ijoon himannichaa:- himatamtoonni kun Dhiha Goojjam Magaakaa Fiinotasalaam irraa ka'uun Naannoo Gambeellaa keessaa meeshaa waraanaa kilaashii baay'inaan 105 ta'e rasaasa shan waliin konkolaataa FSRtti akka ocholoonii fe'anitti fakkeessanii himatamaa 1ffaa fi 2ffaan konkolaataa kana qabatanii, himatamtoonni 3ffaa fi 4ffaan immoo konkolaataa doolfiniin fuula dura deemanii waan jiru hordofaa osoo deemanii Magaalaa Buraayyuu iddoo Kellaa

115 Abdii Gurmeessaa fi Ayyaanaa Toliinaa, Aangoo Manneen Murtii Dhimmoota Yakkaa (Moojulii Leenjii Hojii Irraa, kan hin maxxanfamne, Amajjii 2008 irraa fudhatame.

jedhamutti qabaman jechuun yakka meeshaa waraanaatiin daldaluutiin S/Y kwt 32(1A) fi 481(1A) jalatti himataman.

**Gaaffilee Marii**

1) Akka ibsa armaan oliitti dhimma kana irratti aangoo tooraa manneen murtii qabaachuu danda'an kam fa'i jettanii yaaddu?Akkaataa SDFY kwt 99tti moo akkaataa kwt 103tti ilaalamuu qaba jettu?
2) Akkuma dhimma kana irraa hubatamutti, bittaan meeshaa waraanaa kun Naannoo Gambeellaatti yoo ta'u, bu'aan yakkaa kan itti qabame immoo Naannoo Oromiyaa keessatti. Yakki kun naannoo lama waliin hidhata kan uume waan ta'eef, akkaataa labsii 4(11)tti yeroo ilaallu, aangoon tooraa kan mana murtii kami ta'uu qaba jettu? Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa dhimma kana ilaaluuf aangoo qabu jettuu?Maaliif?

### 2.2.4. Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii Federaalaa

Sababni guddaan aangoon kun barbaachiseef dhimmicha sirriitti ilaaluun murtii haqa qabeessaa fi barbaachisaa ta'e kennuuf yommuu ta'u, haala gahumsa/humna/ manneen murtii tilmaama keessa galchuun qoodaminsa aangoo taasifameedha. Dhimma Yakkaan wal-qabatee gosa yakkaa raawwatame mana murtii sadarkaa kamitti dhiyaachuun murtii akka argatu duraan dursanii murteessuu, akkasumas dhimma hariiroo hawaasaafis ka'umsa tilmaama qarshii ykn tilmaama qabeenyaa himaticha keessatti ibsame akka ta'e SDFHH kwt.14 fi 15 akkasumas labsii Manneen murtii Federaalaa hundeessuuf bahe lakk.25/88 keewwattota 8,11,14 fi 15 jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Dabalataanis dhimmi tokko dhimma aangoo mana murtii federaalaati jennee addaan baasuuf kan ka'umsa ta'u immoo labsii lakk.25/88 yoo ta'u, labsii kana keewwata 5 jalatti dhimmoota ibsama irratti aangoo qofaatti kan qabu mana murtii federaalaati.

Gaaffilee Marii

1) Murtiin aangoo hundee dubbii malee kennaman raawwatamuu danda'u jettanii yaadduu?
2) Aangoon hundee dubbii manneen murtii kallattii meeqaan beekamuu danda'a?

#### 2.2.4.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Aangoon ol'aanaan abbaa seerummaa Federaalaa Mana Murtii Waliigala Federaalaa jalatti akka kufu Heerri ifatti tumeera.[116] Dhimmoota Federaalaa irrattis aangoo isa dhumaa akka qabaatu Heerri MFDRI kwt.80(1) tumee jira. Aangoon Mana Murtii Waliigala Federaalaaf kennames, aangoo dhimmoota yakkaas dabalatee, aangoo sadarkaa jalqabaa osoo mana maree federashinitiin hin kaafamiin dura, ol'iyyannoo fi ijibbaataa ti. Dhimmoota kanas tokko tokkon kaasnee ilaalla.

##### 2.2.4.1.1. Aangoo Sadarkaa Jalqabaa Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Aangoon jalqabaa MMWF labsii lakk.25/88 kwt 8 jalatti tumameera. Akka tumaa kana irraa hubatamutti immoo dhimmi sadarkaa jalaqabaan mana murtii kanatti ilaalamu dhimma hariiroo ykn fi yakka jedhamee waanti qoodame hin jiru.  Dhimmoonni tumaa seeraa olitti ibsame kwt.1 fi 2 jalatti tumaman dhimmoota yakkaati. Kana irraa kan hubannu, manni murtii waliigala federaalaa kun aangoo sadarkaa jalqabaan dhimma hariiroo hawaasaa waan ilaalu hin fakkaatu.

Tumaa olitti ibsame kewwata xiqqaa 3 jalatti manni murtii kun iyyata jijjiirraa galmee bu'uura seeraatiin mana murtii ol'aanaa federaalaa tokkorraa isa kaanitti ykn gara isaatti akka jijjiiramuuf gaafatamu ilaalee murtii akka kennu tumameera. Kun immoo dhimmoota lameenuu jechuunis dhimma yakkaas ta'e hariiroo hawaasaa kan ilaallatudha. Kana jechuun manni murtii kun dhimma hariiroo hawaasaa sababa kanaan gara isaatti deemu qofa aangoo sadarkaa jalqabaan kan ilaaluu danda'u malee dhimma hariiroo hawaasaa aangoo sadarkaa jalaqabaan ilaalu kan hin qabne ta'uudha.

Akka aangoo sadarkaa jalqabaatti, aangoon hundee dubbii dhimmoota yakkaa Mana Murtii Waliigala Federaalaa Labsii lakk.25/88 kwt. 8 jalatti tumamee jira. Haaluma kanaanis, yakkoota abbootiin taayitaa mootummaa Federaalaa dhimma hojii isaanii waliin wal qabatu raawwatan, yakkoota ambaasaaddaroonni, qonsiloonni, fi bakka bu'oonni dhaabbata idil-addunyaa fi biyyoota alaa raawwatan irratti Manni Murtii Waliigala Federaalaa aangoo dhimma yakkaa sadarkaa jalqabaa akka qabu kwt.8(1,2) jalatti tumameera. Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota yakkaa sadarkaa jalqabaan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo

[116]Heera Mootummaa Federealawaa Dimokiratawaa Ripubilikaa Itoophiyaa labsii lakk.1/1987, kwt.78(1)

qabaachuun isaa beektotaa fi ogeessota seeraa tokko tokko biratti yaanni ykn ejjennoon garaa garaa ni mul'ata. Gareen tokko Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota yakkaa sadarkaa jalqabaan ilaaluun isaa mirga ol'iyyannoo heeraan kennametti ni dhiphisaa yommmuu jedhan, gareen biraan immoo mirga ol'iyyannootti waan hin buuneef labsichi heerawaa dha kan jedhan ni jiru.

#### 2.2.4.1.2. Aangoo Ol-iyyannoo Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota yakkaa Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa sadarkaa jalqabaatiin ilaalee murteesse irratti aangoo ol'iyyannoo ni qabaata. Akkasumas, murtii Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa murtii Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaatiin kenname diigee murteesse irrattis aangoo ol'iyyannoo akka qabaatu labsiin lakk.25/88 kwt. 9 ifatti tumeera. Itti dabalees, Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota Federaalaa Mana Murtii Waliigala naannoleetiin (Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa bakka bu'uun murteessan) irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabu Heera MFDRI kwt.80(6), Heera Naannoo Oromiyaa kwt.64(5)) irraa hubachuun ni danda'ama.

Bu'ura labsii lakk.25/88tiin fi bu'uura Heera Mootummaa Federalaa fi Naannoo Oromiyaa kana irraa kan hubatamu Manni Murti Waliigala Federaalaa dhimmoota kallattiidhaan ykn ol'iyyannoodhaan Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaatiin ilaalaman irrattii fi dhimmoota Federaalaa aangoo bakka bu'ummaadhaan Mana Murtii Waliigala Naannoleetiin ilaalaman irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabaatu dha.

#### 2.2.4.1.3. Aangoo Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa

HMFDRI caaseffama mana murtii caaslamee (dual structure of courts) kan ijaaredha.[117] Haaluma kanaanis aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii qofa ta'uu tumameera. Sadarkaa Federaalaattis ta'e Naannootti manneen murtii caaseffama sadii qaban kan hundaa'an ta'uu HMFDRI kwt. 79 irraa hubachuun ni dandaa'ama. Aangoo kana keessaa, sadarkaa Federaalaatti Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota federaalaa ilaalchisee aangoo isa dhumaa fi olaanaa kan qabu ta'uu tumameera. Sadarkaa naannoottis akkasuma

[117] FDRE Constitution, Proclamation No.1/1995, Fed. Neg. Gaz., Chapter 9, Arts. 78- 81 which generally provide for structure and powers of courts.

dhimmoota naannoo ilaalchisee Manni Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo isa dhumaa fi olaanaa ta’e kan qabu ta’uu tumamee jira.[118]

Aangoo ijibbaataa ilaalchisee, HMFDRI kwt 80 (2) jalatti kan tumamee jiru yeroo hedduu falmi yeroo kaasu ni mullata. Sababiin isaas, kwt 80 (2)(a) jalatti dhaddachi ijibbaataa Federaalaa aangoo ijibbataa dhimmoota mana murtiin murtiin xumura argatanii dogongora seeraa qaban hunda irratti aangoo akka qabu tumeera. Itti fufuunis, kwt 80(2)(b) jalatti, Mana Murtii Waliigala Naannoleef aangoo Ijibbaataa dhimmootaa naannoo kan murtiin xumura argatanii dogongora seeraa qaban irratti aangoo kenneeraaf. Gaaffiin tumaalee kana lameen jidduutti ka’u inni guddaan Manni Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa dhimmoota naannoo ilaalchisee kan Dhaddacha Ijibbaataa naannoon ilaalaman irratti aangoo ijibbaataa ni qabaatamoo hin qabaatu kan jedhudha.

Qabatamaan kan yeroo ammaa kana mullatu Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa dhimmota Dhaddacha Ijibbaata naannoon ilaalamanii xumuraman ilala jira. Kun barmaata ijibbata ijibbaataa irraa (cassation over cassation) jedhu fidee jira.[119] Kana irraa ka’uun, aangoo mana Mana murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa bakka lamatti qooduun ilaaluun ni dandaa’ama. Aangoo dhimmoota akkamii irratti akka qabuu fi Aangoo murtii dirqisiisaa (binding judgement) kennuudha. Mata dureewwan xixiqqaa itti aananii jiran jalatti aangoo kanneen adda baasuun kan ilaallu ta’a.

#### 2.2.4.1.3.1. Aangoo Idilee Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Aangoo Ijibbaataa Mana Murtii Federaalaa osoo hin ilaalin dura ijibbaanni sirna oliyyannoo idilee akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas, sirna oliyyannoo idilee keessatti dhimmi tokko rakkoo inni ijoo dubbii fi seeraa keessatti qabu ilaaluun manni murtii sadarkaa itti aanu jiru sirreeffama fudhatu waliin kan walqabatu waan ta’eef. Itti dabaluunis, ijibbaanni dhimmoota murtii xumuraa aragatan waliin kan walqabatu waan ta’eef, oliyyannoon dhimmoota murtii xumuraa hin arganne waliin kan walqabatu ta’a jechuudha.[120]

---

[118] FDRE Constitution, Proclamation No.1/1995, Fed. Neg. Gaz., Chapter 9, Arts. 80.
[119] Hussein Ahmed Tura, “Uniform Application of Law in Ethiopia,” n.d., p.2, www.abyssinialaw.com.
[120] M Redae, “የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia),” *Mizan Law Review* 9, no. 1 (October 29, 2015): p.180, https://doi.org/10.4314/mlr.v9i1.6. በAዋጅ ቁጥር 25/1988 Aንቀጽ 22(2) “…ጉዳዩ በሰበር Eንዲታይለት የሚፈልግ Aቤቱታ Aቅራቢ…”

Olitti akkuma caqasame aangoo Dhaddacha Ijibbaata Federaalaa ilaalchisee deebii argachuuf jalqaba tumaa HMFDRI ilaaluun dirqama ta'a. Bu'uura kanaanis, JMFDRI kwt. 80 maal jedha kan jedhu barbaaduun irratti waliif galuun murteessaa ta'a jechuudha. Hubannoof akka tolutti kwt. 80 HMFDRI akkaataa itti aanutti afaan Ingiliffaan dhihaateera.

***Article 80 Concurrent Jurisdiction of Courts***

1. *The Federal Supreme Court shall have the highest and final judicial power over Federal matters.*
2. *State Supreme Courts shall have the highest and final judicial power over State matters. They shall also exercise the Jurisdiction of the Federal High Court.*
3. *Notwithstanding the Provisions of sub-Articles 1 and 2 of this Article;*
    a. *The Federal Supreme Court has a power of cassation over any final court decision containing a basic error of law. Particulars shall be determined by law.*
    b. *The State Supreme Court has power of causation over any final court decision on State matters which contains a basic error of law. Particulars shall be determined by law.*

Jalaqaba irratti aangoo Mana Murtii Waliigala Federaalaa kwt. 80(1) irraa hubachuun akkuma dandaa'amutti dhimmoota federaalaa irratti aangoo dhumaa fi olaanaa kan qabu ta'uu tumameera. Itti aansuun, kwt. 80 (3)(b) jalatti ammo Manni Murtii Waliigala Federaalaa aangoo ijibbaataa kan qabu ta'uu tumameera. Asitti akkaataan itti ibsamee jiru yoo ilaallu, Manni Murtii Waliigala Federaalaa murtiilee mana murtii hanqina hiikkoo seeraa qaban kam irrattiyyuu aangoo ijibbaataa kan qabu ta'uu tumamee jira. Gaaffii fi falmii kan kaasu murtiilee mana murti hanqina hiikkoo seeraa qaban kamiytuu 'any final court decision containing basic error of law' jedhudha. Kana irrattis ogeessonni ejjennoowwan garaagaraa yeroo qabatan ni mullata. Isaanis, gam tokkoon gaaleen murtii mana murtii dogongora seeraa qabu kamiyyuu jedhu kun dhimmoota aangoo naannoo ta'an hin ilaallatu ykn ammoo ni ilaallata jedhuun adda bahuun ni falmama.[121] Yaada kana ilaalchisee ogeessonni kan kaasan akka rakkoo cimaatti, Manneen Murtii Naannoo dhimmoota aangoo isaani ta'e irratti

የሚለውም ሐረግ የሚያመለክተው የሰበር Aቤቱታ ከይግባኝ ያለውን ልዩነት ነው። የዚሁ ሐረግ Aንቀጽ የEንግሊዝኛ ቅጂ የተጠቀመው "The applicant for a hearing in cassation" የሚል ነው።

[121] Abdissa Dashura, "Addis Ababa University College Of Law And Governance: Center For Federal Studies," n.d., 160; Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia"; Redae, "የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia)." faa ilaaluun ni dandaa'ama.

bu’uuraa seeraa naannoon ilaaluun erga xumuramee booddee Dhaddachi Inibbaata Federaalaa keessa deebi’ee haa ilaalu jechuun aangoo naannoo dhorgachuudha. Adeemsi akkaanaa kun ijaarsa sirna federaalizimii waliin illee kan hin deemne ta’uu ogeessonni kaasan ni jiru.[122] Yaada kana ilaalchisee yaadota jiran mataduree xixiqqaa armaan gadii jalatti akkaataa itti aanuun xiixnalameera.

- ***Dhimmoota Federaalaa Ilaalchisee***

Bu’uura HMFDRI kwt. 80 (1) fi 80(3)(a) tiin dhimmoota federaalaa ilaalchisee Manni Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa aangoo dhumaa fi isa olaanaa murtiilee mana murtiin kennamanii dogongora seeraa qaban irratti aangoo kan qabu ta’uu tumamee jira. Bu’uura kanaanis, dhimmoonni federaalaa ta’anii ka’umsi isaanii mana murtii federaalaa irraa ta’ee fi mana murtii olaanaa fi waliigalaa naannoo irraa ta’e kallattiin hanga ijibbaataatti deemuu kan dandaa’an jechuudha. Aangoo Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa dhimmoota federaalaa ilaalchisee qabu irratti falmiin ka’u hin jiru.

**Gaaffilee Marii**

1. Dhimmoota murtiin xumura argatan “የመጨረሻ ውሳኔ” jechuun maal jechuudha?

- ***Dhimmoota Naannoo Ilaalchisee***

Tumaa HMFDRI kwt. 80 olitti dhihaate irraa ka’uun yaadonni garaagaraa dandeettii dhimmoota aangoo naannoo ilaaluu qabaachuu Mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Ijibbaataa irratti yeroo ka’u akka mullatu tuqameera. Aangoo Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa dhimmoota naannolee ilalchisee qabu irratti falmiin kallattii lamaan ni ka’a. Jalaqaba irrattis akka ejjennootti kan tarkaanfachiifame, tumaa heerichaa irraa akka hubachuun dandaa’amutti dhaddachi ijibbaataa seeraa fi heeroon dhimmoota murtii argatanii xumura argatanii dogongora seeraa qaban hundumaa irratti aangoo kan qabu ta’uun ni hubatama. Dhimmoonni murtii xumuraa argatan kan jedhamus dhaddacha ijibbaataa naannoleen ilaalamuun dhimmoota naannolee xumura argatanis ni dabalata. Akka ejjennoo lammataatti kan ka’u, barmaatini ijibbata ijibbaata (cassation over cassation) jedhamu kun deggersa seeraa hin

[122] Redae, “የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia),” p.177.

qabu. Dhaddachi Ijibbaata Federaalaas dhimmoota dhaddacha ijibbaata naannoleen ilaalamanii xumura argatan keessa deebi'ee ijibbaatan ilaaluuf aangoo hin qabu.[123]

Kanaafis akka sababa guddaatti kan ka'u, kwt. 80(3) (A)dha. Bu'uura tumaa keewwata kanaanis gaaleen murti dhumaa kamiyyuu "ማንኛዉም የመጨረሻ ዉሳኔ" jettu dhimmoota manneen murtii waliigalaa naannolee dhaddacha ijibbaataa isaaniin ilaalamanii murtii xumuraa argatan illee kan dabalatudha yaadni jedhu ogeessotaan akka sababaatti ni ka'a.[124] Yaada kanas jabeessuuf falmiin yeroo wixinee heerichaa geggeeffamaa ture dhaddachi ijibbaataa kan hundaa'u ta'uu isaa waan agarsiisuuf dhaddachi ijibbaataa federaalaa aangoo kana qabaachuu qaba falmiin jedhus ni dhihaata.[125] Itti dabaluunis, tumaa HMFDRI kwt. 80(3)(a) jalatti ballinaan seeraan kan murtaa'u ta'a jedhamee tumamee waan jiruuf labsii Mana Murtii Federaalaa Hundeessuuf bahe labsii lakk. 25/1988 kwt. 10 jalatti dhimmoota naannoo irratti Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa aangoo kan qabu jedhamee tumamuun isaa seera qabeessa jedhu.

Akka yaada lammaffaatti Dhaddachi Ijibbaataa aangoo dhimmoota naannoo irratti qabaachuu isaa akka agarsiiftuutti kan dhihaatu, naannoleen tokko tokko manneen murtii waliigalaa isaanii keessatti dhaddacha ijibbaataa kan hin gurmeessine waan ta'eef, sadarkaa federaalaatti manni murtii aangoo kana qabu jiraachuun dirqama falmii jedhudha.[126] Sadaffaa irrattii, Dhaddachi Ijibbaataa aangoo kana qabaachuun sirriidha jedhamee yaadni dhihaatu, adeemsa kenniinsa murtii keessatti hanqina qulqullinaa qofa osoo hin tane jallinni haqaa mudachuu kan danda'u waan ta'eef, yeroo jallinni haqaa akkasii mudatee jedhu Dhaddachi ijibbaataa sirreessuuf aangoo qabaachuu qaba. Yoo kana ta'uu baate haqni walfakkaataa ta'e hin argamu. Kanaaf, dhaddachi ijibbaataa Federaalaa dhimmoota naannoo fuudhee keessummeessuun rogummaa qaba falmiin jedhu ogeessotaan ni dhihaata. Dhimmoota dhaddacha ijibbaataa naannoonis ilaalamanii xumura argatanis yoota'e dhaddachi Ijibbaata Federaalaa yoo keessummeesse walfakkeenyummaa haqaaf gummaachaa guddaa waan qabaatuuf gaariidha yaadni jedhu yeroo wixinee HMFDRI falmii geggeeffamaa ture irraa

[123] M Abdo, "Review of Decisions of State Courts over State Matters by the Federal Supreme Court," *Mizan Law Review* 1, no. 1 (June 14, 2010): p.62, https://doi.org/10.4314/mlr.v1i1.55614.
[124] Redae, "የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia)," p.185.
[125] Redae, p.185.
[126] Redae, p.186.

hubachuun ni dandaa'ama.[127] Bu'uura falmii geggeeffamaa ture kanaanis, dhaddacha ijibbaataa naannoleen dhimmoonni ilaalaman dhaddachi ijibbaataa keessa deebi'ee ilaaluuf aangoo kan qabu ta'uu dubbatamaa tureera. Heericha keessattis dhimmi murtii dhuma argate jedhamee jiru kan dhaddacha ijibbaataa naannolee kan hin dabalanne ta'uu ibsamee irratti falmaama tureera. Itti daabaluunis akka biyyaatti hiikkoo seeraa walfakkaataa ta'e qabaachuun barbaachisaadha jedhamee akka sababaatti dhihaachaa tureera.

Haa ta'u malee, ogeessonni tokko hiikkoo walfakkaataa qabaachuu sababni jedhu sirna ijibbaata ijibbaataa hundeessuuf akka sababa quubsaa hin taaneetti kaasu.[128] Yaada kana yeroo balballoomsan, sirna federaalaa keessatti seeronni haala walfakkaataa ta'een hiikamuu qabu jedhamee yeroo akka sababaatti dhihaatu kallattiin kan ilaallatu seerota federaalaadha malee seerota nannoo miti. Seeronni sadarkaa biyyaatti haala walfakkaatuun hiikamuu qaban seerota federaalaa fi waliigalteewwan idila addunyaa biyyattiin fudhate qofadha. Seeronni naannoo hiikkoo naannicha fakkaatuutu kennamuufii qaba malee, akka biyyaatti hiikkoo walfakkaataatu kennamuufii qaba jechuu miti. Yaada kana waliinis dhimmi ilaalamuu qabu mirga ofiin of bulchuu naannolee waliin akkamitti ilaalama kan jedhus xiyyeeffanno argachuu qaba.

**Gaaffilee Marii**

1. Bu'uura Labsii 25/1988 kwt. 10(3) tiin aangoo dhaddacha ijibbaataa yeroo ibsutti "የክልል ጠቅላይ ፍርድ ቤት መደበኛ ችሎት ወይም በይግባኝ አይቶ የመጨረሻ ዉሳኔ የሰጠባቸዉን ጉዳዮች" jedhamee kan tumamee jiru maal jechuudha?

Itti fufuun labsii 25/1988 Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa dhimmoota naannoo irratti aangoo qabaachuu isaaf akka sababaatti dhihaachuu hin yaada jedhuuf kan akka sababaatti dhihaatu,

---

[127] … በክልል ሰበር ችሎት የሚታየውን ጉዳይ የመጨረሻ ነው ማለት Aለመሆኑንና ጉዳዮቹን መጀመሪያ የክልል ሰበር ያያቸዋል ማለት Eንደሆነ፤ ጉዳዮቹ Eዚያም በክልሉ Eልባት ካገኙ ጥሩ፣ ያለበለዚያ ግን የፌዴራሉ የሰበር ችሎት የማየት ሥልጣን Eንዳለው፤ ከዚህም ሌላ የክልል የሰበር ችሎት መኖር የፌዴራሉን የሰበር ችሎት ጫናን Eንደሚቀንስ፣ ጉዳዮችም በትክክል Eልባት ሊያገኙ Eንደሚችሉ Aስረድተዋል
በማያያዝም፣ የፌዴራሉ የሰበር ችሎት መኖር Aስፈላጊነት Aገር Aቀፍና Aንድ ወጥ የሕግ Aተረጓጎም Eንዲኖር ለማድረግ መሆኑን፤ ይህን ለማድረግም የፌዴራል የሰበር ችሎት የግድ መኖር Eንዳለበት፤ ስለዚህ በክልልም ሆነ በፌዴራል ጠቅላይ ፍርድ ቤቶች የመጨረሻ ውሳኔ ላይ መሠረታዊ የሕግ ስህተት ካለ ጉዳዩ በሰበር መታየት Eንዳለበት
(የIትዮጵያ ሕገ መንግሥት ጉባዔ ቃለ ጉባዔ ጥራዝ 5፣ ገጽ 32።)

[128] Redae, "የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia)," p.187.

labsichi labsii hundeeffama mana murtii federaalaa ta'uu isaadha. Kanas sababa ta'eef manneen murtii naannolee dhimmoota naannoo ilaalchisee daangaa aangoo dhaddacha kanaan ala ta'u jechuudha. Labsii kanaan aangoo manneen murtii naannoo tumuun barbaadameera osoo ta'eera ta'ee maqeeffama kana haammachuu danda'u filachuun ni dandaa'ama turee yaada jedhu ogeessonni ni kaasu.[129] Itti dabalees, seensa labsichaa keessatti labsichi bu'uura qooddii aangoo heeraan manneen murtii naannoolee fi federaalaaf taasifame bu'uureffachuun aangoo manneen murtii Federaalaa tumuuf kan bahe ta'uu ni ibsa. Kanaafiyyuu labsichi aangoo Manneen Murtii Federaalaa tumuuf kan bahedha malee aangoo manneen murtii naannoo tummuuf kan bahe akka hin taane hubatamuu qabna yaada jedhu dabalamee ni ka'a.[130]

Yaada kana deggeruuf labsii 25/1988 kwt. 10(3) jalatti manneen murtii waliigala nannolee jedhamee kan ka'ee jiru maal agarsiisuu barbaadeetu kan jedhuuf deebii kennuun barbaachisaa akka ta'e ogeessonni ni kaasu. Kanaafis, manni murtii waliigala federaalaa kan caqasame aangoo mana murtii naannoo waliin walqabatee osoo hin taane bakka bu'ummaan aangoo mana murtii federaalaa ilaalchisee hojii hojjetu ilaalchiseetudha. Sera tokko yeroo hiiknu jechoota isaa qofa jiddu galeessa godhachuun osoo hin taane hafuurri seerichaa maal jechuu barbaadetu yaada jedhus itti dabaluun ta'uu qaba. HMFDRI hafuura isaa yoo ilaallu ammoo aangoo manneen murtii naannoolee fi federaalaa adda baasuun tarreessuun kan ibsee kaa'e waan ta'eef dhimmoota mana murtii naannoleen murtii dhumaa dhaddacha ijibbaataan ilaalamanii argatan dhaddachi ijibbaata federaalaa keessa deebi'a yaada jedhu hin agarsiisuu jechuun gudunfuuu.[131]

Sodaa biraan yaaddama ijibbaata ijibbaataa kana ilaalchisee ka'u, naannoleen dhimmoota aangoo irratti qaban ilaalchisee seera baafatan hojiirra akka hin oolchine kan daangessuu waan ta'eef heerawaa miti falmiin jedhus jira. Hojimaanni akkanaa kun kallattiin bu'a qabeessummaa seerota naannoleen bahanii irratti dhiibbaa mataa isaa danda'e qaba. Sababiin isaas, Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa dhimmoota kana kan keessa deebi'u yoo ta'e seera isa kamiin ilaala kan jedhu gaaffii ta'a waan ta'eef. Itti dabaluunis, aangoo karaa seera baasuu naannoleef kenname karaa dhaddacha ijibbaataa kana deebisee fudhachuu waan ta'uuf heera waliin kan walitti bu'u ta'a yaadota jedhan akka mormiitti ni ka'u. Bu'ura HMFDRI tiin

[129] Redae, p.189.
[130] Redae, p.189.
[131] Redae, p.190; Abdo, "Review of Decisions of State Courts over State Matters by the Federal Supreme Court," 63.

mootummaan Federalaas ta’e naannooleen qaamolee mootummaa seera baaftuu, raawwachiiftuu fi hiiktuu mata mataa isaaniin qabu. Dhimmoota naannolee ilaalchisee dhaddachi Ijibbaata Federaalaa dhimmoota dhaddacha ijibbaataa naannoleen ilaalamanii xumura argatan keessa deebi’ee haa ilaalu jechuun heera waliin walitti akka bu’u ogeessonni ni kaasu.[132] Itti dabaluunis, haala kanaan aangoo dhimmoota naannolee irratti Dhaddacha Ijibbaata Federaalaaf aangoo kennuun tumaa HMFDRI kwt. 80 (2) ni faalleessa. Sababiin isaas, tumaan kun dhimmoota naannolee irratti murtii dhumaa kennuuf aangoo kan qabu mana murtii waliigala naannollee akka ta’e ni tuma waan ta’eef.[133]

Dhimma ijibbaata ijibbaata kana yaadni biraan ogeessotaan ka’u gosa seera hojiirra ooluu irratti hundaa’uun qooduun danda’a yaada jedhudha. Kana yeroo jedhanis, dhimmi tokko heeraan dhimmoota naannoo fi federaalaa jedhamee yerotti qoodamutti aangoon seera baasuu fi aangoon murtii irratti kennuu gargar bahee kan ilaalame ta’uu hubachuun ni dandaa’ama. Dhimmoota manneen murtii naannolee ilaalan hunda irratti seera baasuun aangoon isaa hin kennamneef waan ta’eef. Fakkeenyaaf, dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ilaalchisee naannoleen yeroo murtii kennan seera federaalaan bahe bu’uureffachuunidha. Seerri hojiirra oolaa jiru seera federaalaa waan ta’eef, dhimmichi mana murtii waliigalaa naannolee dhaddacha ijibbaataatti xumuramuu qaba jechuunis rakkisaa ta’a yaada jedhudha. Kana qofas osoo hin taane dhimmoota federaalaa irratti Mana Murtii Waliigala Federaalaatu murtii dirqisiisaa fi xumuraa kennuu qaba kan jedhu HMFDRI kwt. 80(1) waliinis kan walitti bu’u ta’aa.[134] Dhimmoota naannolee ilaalchisee uumama isaaniin kan aadaa fi barmaatilee naanichaa waliin walqabatan waan ta’eef, dhaddachi ijibbaata federaalaa akka irratti aangoo qabaatu taasisuun rogummaa hin qabu. Sababiin isaas abbootiin seeraa kun adaa fi duudhaa naannolee hundumaa irratti hubannoo isaan qaban gadi aanaa ta’uu danda’a waan ta’eef. Itti dabaluun, dhimmoonni hundinuu dhaddacha ijibbaataa federaalaan ilaalaman malee haqni argamuu hin danda’u falmiin jedhus kallattiin dandeettii fi gahums naannolee kan tufatu waan ta’eef fudhatamummaa isaa hangas mara miti jechuun ogeessonni ni kaasuu. Kanaaf dhaddachi ijibbaataa dhimmoota kana fakkaatan keessummeessuu ni danda’aa kan jedhus yaadni ka’u jiraa. Silaa kan ta’uun irra ture dhimmoota seera federaalaa bu’uureffachuun

132 Abdo, “Review of Decisions of State Courts over State Matters by the Federal Supreme Court,” p.63.

133 this argument urges us to read the words “...any court...” in Art 80(3, a) of the present Constitution as “any federal court or any other court rendering a final decision on federal matters.” Malee dhimmoota naannoo waliin kan walqabatu miti.

134 Redae, “የሰበር ሰበርና ተግዳሮቶቹ በኢትዮጵያ (Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia),” p.193.

kennaman ilaalchisee murtee kennuu kan qabne mana murtii waliigalaa dhaddacha ijibbaataa naannoole ture.[135]

Yaada wixineessituu HMFDRI yeroo sana ka'a ture yoo ilaalle aangoon ijibbaataa naannoleef akka kennamu jalqaba irratti yaadni kan turre ta'u hubachuun ni dandaa'ama. Sababiin isaas, wixinee jalqabaa irratti aangoon ijibbaataa mana murtii waliigala federaalaa qofaaf kennamee ture booda keessa garuu aangoon ijibbaataa naannoleefis yoo kenname gaariidha kan jedhu ka'uun itti dabalameera.[136] Booda irra koreen wixineessituu yaada naannoleenis dhimmoota isaanii ilaalchisee aangoo ijibbaataa akka qabaataniif wixinee HMFDRI fooyyesseeraa. Haa ta'u malee, aangoon kennamu aangoo akkamiiti kan jedhu ilaalchisee, dhaddachi ijibbaataa federaalaa dhimmoota hunda irratti aangoo kan qabaatu ta'uun isaas irratti mari'atamee kan waliifa galame ta'uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[137] Bu'uura kanaanis, dhaddachi ijibbaataa federaalaa dhimmoota murtiin xumura argatan kamiyyuu irratti aangoo qaba yeroo jedhutti, dhimmoota dhaddacha ijibbaataa naannooleen ilaalamanii xumura argatanii dogongora seeraa qaban ni kan dabalatu ta'uu ibsameera.[138] Haa ta'u malee, yaadota akka sababaatti ka'aa turan keessaa  baayyina hojii dhaddacha ijibbaataa irraa hirrisuu, dhimmoonnii akkaataa barbadamuuni furmaata sirrii ta'e akka itti kennamuu fi hiikkoo walfakkaataa (uniform interpretation of laws) ta'e akka biyyaatti kennuu kan jedhu turee.[139]

### Gaaffilee Marii

1. Yaadota lamaan gaaffii ijibbata ijibbaataa ilalchisee ka'an kana akkamitti ilaaltu?

---

135 Redae, p.193. (ምክንያቱም ሰበር በባህርዩ በሕጉ ላይ የመጨረሻ ትርጉም የመስጠት ኃላፊነት Eንደመሆኑ የክልል ፍርድ ቤት በፌዴራል ሕግ ላይ የመጨረሻ ትርጉም መስጠት Aይቻለውም። ስለዚህ የወንጀል ሕግ፣ የAሠሪና ሠራተኛ ሕግ፣ የጉምሩክ ሕግ Eንዲሁም የንግድ ሕግና የመሳሰሉትን መሠረት በማድረግ ውሳኔ የተሰጠባቸው የክልል ጉዳዮች ቢኖሩ፣ ጥቅም ላይ የዋለው ሕግ የፌዴራል ሕግ ስለሆነ ይህ ሕግ በAግባቡ ጥቅም ላይ መዋሉን ማረጋገጥና መተርጎም የፌዴራሉ ሰበር ሰሚ ችሎት ሥልጣን ነው።)

136 The Minutes of the Constitutional Assembly of the present Ethiopian Constitution No 26-29, (Unpublished, 1993) at 34-36.

137 Abdo, "Review of Decisions of State Courts over State Matters by the Federal Supreme Court," p.69.

138 Abdo, p.69. (The cassation division of the Federal Supreme Court shall have cassation power over not only federal matters but also over state matters even if state supreme courts have already reviewed such matters in cassation. A party to a case based on state law and decided by a subordinate state court may opt for review by way of cassation in his/her state supreme court (if there is a cassation division) and if he/she still thinks that the basic error of law is not rectified he/she can submit her/his case to Federal Supreme Court.)

139 The Minutes of the Council of Representatives of the Transitional Government of Ethiopia May 4-25 (Unpublished, 1993) at 253-256.

2. Dhaddachi ijibbaataa dhimmoota ijibbaata naannooleen xumura argatanii jedhan yoo kan keessa deebi'ee ilaaluuf sababni dhaddachoonni ijibbaata naannolee dogongora seraa jiru sirreessuf jedhu fudhatamummaa isaa akkamitti ilaaltu? Kun dhimmoota naannolees ni dabalata jechuudha?
3. Falmiiwwan yeroo wixinee geeggeeffamaa turan akkamitti ilaaltu?

#### 2.2.4.1.3.2. Aangoo Murtii Dirqisiisaa Kennuu fi Barbaachisummaa isaa

Bu'uura labsii 454/2005 tiin Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa hiikkoo seeraa ilaalchisee murtii isaa aangoo dirqisiisummaa akka qabu tumameera. Akka sababaattis kan ka'u hojiirra oolmaa fi hiikkoo seeraa wafakkaataa ta'e akka jiraatu taasisuufidha. Bu'uura labsii kanaa kwt. 2 tiinis murtiin abbootii seeraa dhaddacha ijibbaataa 5 gadi hin taaneen kenname, manneen murtii biyyattii keessa jiran irratti murtii dirqisiisaa akka ta'e tumameera. Yaaddamni lambsii Kanaan dhihaatee jiru yaaddama warreen sirna seeraa kooman loo waliin kan walffakkaatudha. Haa ta'u malee, sirni seeraa Itiyoophiyaan hordoftu irra jireessaan sirna seeraa siivilii loo ta'ee osoo jiruu murtiin dhaddacha ijbbaata federaalaa manneen murtii jalaa irratti humna seeraa ykn dirqisiisummaa akka qabaatu taasisuun akka gaaffiitti yeroo ka'u ni jira.

Ogeessoonni yaaddama kana irratti barreessan akka gaaffii guddaatti kan isaan sirna kana irratti kaasan, qoqqooddii aangoo qaamolee mootummaa waliin hin deemu kan jedhudha. Seera baasuun kan seera baaftuuti malee kan mana murtii akka hin taane sirna seeraa warra siivilii keessatti cimsee waan dubbatamuufi.[140] Haa ta'u malee, yaaddamni kun kan biyya keenya keessatti hojiirra oolee jiru seerota baasuuf osoo hin taane hiikkoo seeraa ilaalchisee waan ta'eef kun sodaa akkasiif deebii ta'uu danda'a. kan dagatamuu hin qabne, dhaddachi ijibbaata federaalaa dhimmoota naannolee irratti aangoo kan qaban yoo ta'e hiikkoo seeraa ilaalchisee murtii isaan kennanis dirqisiisummaa kan qabaatu ta'uu isaadha. Aangoo murtii dirqisiisummaa kana waliin walqabatee wantoonni gurguddoon lama ifa ta'uu qaba. Jalqaba irratti sirna akkanaa kana maaliif sirna seeraa Itiyoophiyaa keessatti fiduun akka barbaachisee fi sirni murtii dirqisiisummaa kennuu jedhamu kan labsiin kun biyya Itiyoophiyaatti fide kan akkamiidha kan jedhudha.

Sababni guddaan sirna murtii dirqisiisummaa kennuu gara biyya Itiyoophiyaatti fiduuf barbaachise, murtiileen biyyattii keessatti kennaman walfakkeenyummaa akka qabaatan

[140] Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia," p.2.

barbaadameetu. Kana jechuunis, hiikkoonii fi hojiirra oolmaan seeraa biyyattii keessatti haala walfakkeenyummaa fi tilmaamamummaa qabuun akka ta'u barbaadameetu. Itti dabaluunis, murtiileen kennaman tilamaamummaan isaa akka dabalu, akkaataan gareewwan dhaddacha fuulduratti itti keessumeeffaman mirga gareewwanii tilmaama keessa kan galche akka ta'u yaadameetu. Yaadota kana ilaalchiee qabatama jiruun manneen murtii garaagaraa jidduutti dhimmoota walfakkaataa ta'e tokko irratti hiikkoon seeraa kennamu adda adda arguun baratamaadha. Kana hambisuuf jecha Dhaddachi Ijibbaataa hiikkoo inni kennu humna dirqisiisummaa akka qabaatu barbaadame.[141]

Hiikkoo walfakkeessuutti aansuun akka sababaatti kan dhihaatu, mirga walqixa keessummeeffamuu lammiilee heeraan eegumsa argatee jiru hojiirra oolchuudha. Manneen murtii dhimma walfakkaataa irratti hiikkoo garaagaraa kan kennuu danda'u. Sababa kanaanis, mirgi walqixa keessummeeffamuu lammiilee irra dhiibbaa gahuu danda'a. Kana hambisuufis dhaddachi ijibbaataa akka furmaata tokkootti dhihaateera. Haa ta'u malee, Dhaddachi Ijibbaataa aangoo murtii dirqisiisummaa kennuu qabuun manneen murtii jalaa hiikkoo dhaddachi kun kennuun akka dirqisiifamanf taasisuu danda'a. Haala Kanaan garaagarummaa uumamuu danda'uuf furmaata hanga tokko kennuun ni dandaa'ama yaada jedhu kan bu'uureffatedha. Haala Kanaan manneen murtii bu'uura hiikkoo Dhaddacha Ijibbaataa irratti hundaa'uun hiikkoo walfakkaataa ta'e akka kennan taasisuun, mirga walqixxummaa HMFDRI kwt. 25 jalatti tumamee jiru eegsisuu irra darbee ilaalcha uummataa manni murtii murtii haqa qabeessaa fi tilmaamawaa ta'e kenna jedhu kan olkaasu akka ta'e ogeessonni ni kaasu.[142] Kun kallattiin amantaa hawwaasni mana murtii irraa qabu olkaasuuf gumaacha ni qaba.

Itti dabaluunis murtiilee dirqisiisaa akkasitti Dhaddachi Ijibbaataa akka kennu taasisuun tilmaamamummaa hojii mana murtii ni dabala jedhamee tilmaamama. Kan biraan akka sababaatti ka'uu dana'u, murtii dirqisiisaa kennuun kallattiin hojii dhaddachicha hirrisuuf kan gargaaru ta'uudha. Sababiin isaas lammiileen murtii kenname kana akka seeraatti fudhachuun kan ittiin bitaman waan ta'eef, gara fuulduraatti jireenya fi walitti dhufeenya lammiilee kan qaru ta'a jechuudha.[143] Murtiin Dhaaddacha Ijibbaataa kun dhimma irratti murtaa'aa jiru qofa kan ilaallatu osoo hin taane dhimmoota walfakkaatoo irratti hiikkoo seeraa ilaalchisee

[141] The Minutes of the Constitutional Assembly of the FDRE Constitution, No. 5, (Dec 1994) at 32. Akka Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia," p.2. jalatti caqasamee jirutti.
[142] Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia," p.4.
[143] Tura, p.4.

dirqisiisummaa kan qabaatu waan ta'eef humna seeraa qaba jechuudha. Kanaaf, walitti dhufeenya lammiilee fi sochii dinagdee irraan dhiibbaa ni geessisa jechuudha.

HMFDRI jalatti sirna manneen murtii caaslamee kan hundeesse ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.[144] Haa ta'u malee, caasa kana ilaalchisee walitti makamiinisi manneen murtii kan jiru ta'uu tumaa HMFDRI kwt. 79 irraa hubachuun ni dandaa'ama. Kana ilaalchiseesees, rakkoo kwt. 80 jalatti aangoo Mana Murtii Waliigala Federaalaa kan Dhaddacha Ijibbaataa jiru olitti kaafamee ilaalameera. Mata duree xiqqaa kana jalatti murti dirqisiisummaa kennuu dhaddacha kanaaf bu'uura labsii 454/2005 tiin kennameefii jiru maal fakkaata kan jedhu ilaalla. Akka qajeeltootti, Dhaddachi Ijibbaat Federaalaa Murtii inni hiikkoo seeraa ilaalchisee kennu aangoo dhaddachi ijibbaataa dhimmoota naannolee irratti qabuu fi dhiisu irratti kan hundaa'u ta'a. Haa ta'u malee, tumaa labsiichaa kan agarsiisu murtiin abbootii seeraa Dhaddacha Ijibbaata Federaalaa 5 gadi hin taaneen kenname hiikkoo seeraa ilaalchisee aangoo dirqisiisummaa akka qabu tumamee jira.

Sirni kun sirna waraa kooman loo keessatti kan beekamedha malee sirna warra kontinentalii kan beekame miti. Haala Kanaan sirni murtii dirqisiisaa kennuu Itiyoophiyaatti hojiirra akka oolu ta'eera. Haa ta'u malee labsii 454/2005 kwt 2(4) jalatti tumaa haammatamee jiru yoo ilaalle kan dirqisiisummaa qabu, hiikkoo seeraa dhaddachicha kanaan kennamu malee murticha guutummaa akka hin taane ni hubatama. Kanaaf, akkaataa warra biyya kooman loo tti sirna murtii dirqisiismummaa diriiree jiru irraa kan Itiyoophiyaa adda ta'uu isaa hubatamuu qaba. Kan Itiyoophiyaa dhimma hiikkoo seeraa qofa irratti kan rarra'udha yeroo jedhamu maal jechuudha kan jedhu gaaffii kaasuun isaa hin oolu. Tumaan seeraa tokkoo akkaataa ijaarsa fi caaseffama isaa irraa kan ka'e ykn fayyadama jechoota isaa irraa kan ka'e, manni murtii tumaan seeraa tokko ifaa yoo ta'uu baate, wantootaa hedduu kan qabatu yoo ta'e, hirrina jechaan kan ka'e, ykn dogongora maxxansaa fi wixineessuu irraan kan ka'e hiikkoo barbaaduu danda'a.[145]Sababa kana caqasuun abbaan seeraas ta'e manni murtii murtii kennuu diduu hin dandaa'an[146] hiikkoo itti kennuun seerichi maal jechuu akka barbaade maloota hiikkoo garaagaraa gargaaramuun bira gahuuf yaalii taasisu.[147] Kana keessa walfakkeenyummaa baduu danda'u walitti fiduuf yaalii taasifamudha malee kallattiin

[144] FDRE Constitution, Proclamation No.1/1995, Fed. Neg. Gaz., Chapter 9, Arts. 78- 81 which generally provide for structure and powers of courts.
[145] R. Binns, Blackstone's Study Packs: English Legal Method: Includes Cases and Materials On CD-ROM, (3rd ed., 2001) at 60.
[146] D. Barker and C. Padfield, Law, (10th ed., Made Simple, Oxford 1998) 34.
[147] L. Carter, Reasoning in Law, (5th ed., Longman, New York 1998) 55-56.

keessoo dhimmichaa keessatti qabiyyee ijoo dubbii waliin kan walqabatu osoo hin qabiyee ijoo seeraa waliin kallattiin kan hidhatu ta'a jechuudha.

Kana irraa ka'uun, dhaddachi Ijibbaata Federaalaa dhimmoota seeraa qofa irratti maloota hiikkoo garaagaraa gargaaramuun seerichi maal jechuu akka barbaade hiikkoo kennuu danda'a malee, aangoo keessoo dhimmoota keessati falmii ijoo dubbii waliin walqabatan keessummeessuu hin qabu.[148] Kanaaf, manneen murtii murtii dhaddacha kanaan kan dirqisiifaman waa'ee ijoo dubbii ilaalchisee osoo hin taane hiikkoo seeraa qofa irrattidha. Dursa dirqisiisummaa hiikkoo murtii dhaddacha kanaa tilmaamuuf gaaffiin seeraa walfakkaataa ta'e dhimma dhihaateef tokko keessatti ka'aa jiraachuu manni murtii tilmaamuu danda'uu qaba jechuudha.[149] Kana jechuunis, dhimmi falmiin irratti ka'e walfakkaachuu kan warri kooman loo irratti hundaa'an bu'uureffachuun kan hojjetamu osoo hin taane, ijoon dubbii dhihaate gaaffii seeraa kan dhaddachi ijibbaataa hiikkoo itti kenne kaasisuu isaa irratti qofa akka hundaa'u ogeessonni ni kaasu.[150] Haa ta'u malee kaayyoo murtii dirqisiisummaa qabaachuu dhaddacha ijibbaataa kana irratti hundaa'uun olitti akkuma ka'e murtii walffaataa, tilmaamaa fi qabatamaa ta'ee kennuu yoo ta'e sirna kooman loo keessatti manneen murtii sababa itti murtii dirqisiisummaa qabu kennan waliin walfakkaata.[151] Garaagarummaan guddaan sirna Itiyoophiyaa keessatti Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa hordoftuu fi kan warra kooman loo jidduu jiru, kan Itiyoophiyaa seerichi maal jedha kan jedhu kan ibsu yoo ta'u, kan warra kooman loo seera haaraa ta'e baasuuf aangoo qabaachuu isaaniidha.[152]

Murtiin dirqisiisaan dhddachi kun ofii kenne keessa deebi'uuf aangoo kan qabu ta'uu labsii 454/2005 kwt. 2 (1) jalatti tumamee jira. Kun rakkoo akka qabu ogeessonni ni kaasu. Sababiin isaas kallattiin lammiileen hiikkoo seeraa duraan kenname irratti hundaa'uun walitti dhufeenya uuman yoo jiraate, jijjiirraan hiikkoo kan raawwatu yoo ta'e dhiibbaa qabaachuu danda'a waan ta'eef.[153] Kana ilaalchisee duugduubeetti deebi'ee raawwachuu dhiisuu fi qabaachuun hiikkoo dhaddachichaa garaagarummaa inni fiduu danda'u tilmaamuun kan

[148] Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia," p.5. FDRE Constitution, 1995, Art. 80 (3) (a)
[149] Tura, p.5.
[150] Tura, p.5. (In other words, they do not concern themselves with the existence of analogous facts between the case before them and the binding interpretations of the Cassation Division as the common law judges do to determine the binding nature of a case.)
[151] 'W. Mack and D. Kiser, 'Corpus Juris Secundum: A Comparative Restatement of the Entire American Law', (1940) 21 Boston University Law Review at 297.…a decision considered as authoritative for a similar case afterward arising on a similar question of law.'
[152] Tura, "Uniform Application of Law in Ethiopia," p.6.
[153] Tura, p.8. C. Averbatch et al., The Legal Process, (Chandler Pub. Co., San Francisco, 1961) at 64.

nama rakkisu miti. Kun kallattiin mirga haqa argachuu lammiilee irrattis dhiibbaa kan qabaatu waan ta'eef mareen furmaanni itti kennamuu dhimma qabudha.

**Gaaffilee Marii**

1. Murtiin Dhaddachi Ijibbaataa hiikkoo seeraa ilaalchisee kenne humna duudduubatti deebi'ee raawwatamuu ykn walitti dhufeenyawwan osoo hiikkoon kun hin kennamin dura jiran irratti raawwatiinsa ni qabaataa? Maaliif? Murtichi hiikkoo kennuudhamoo seeraa haaraa baasuudha? Hiikkoo kennuudha yoo ta'e barbaacha hiikkoo dhugaatu geggeeffame waan ta'eef, akka seera haaraan baheetti fudhatamee dugduubatti deeb'ee raawwi qabaachuu hin qabu yaada jedhuhoo akkamitti ilaaltu?
2. Murtiin dirqisiisaan dhaddacha Ijibbaataa Federaalaatiin kennamu, dhaddachi irratti humna dirqisiisummaa qaba moo hin qabu jettu?Maaliif?
3. Dhaddachi Ijibbaataa kun murtii dirqisiisaa ofii isaatii kenne yeroo biraa fooyyessuu ykn jijjiiruu danda'uun isaa dhiibbaa fidu qaba jettuu?Maaliin dhiibbaa qaba jettu?

### 2.2.4.2. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Ol-aanaa Federaalaa

Haala hundeeffama isaa ilaalchisee, Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa kallattiidhaan Heeraan kan hundeeffame otoo hin taane yaada murtii Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataatiin, akka barbaachisummaa isaatti guutummaa biyyattii ykn gar-tokkoo keessatti sagalee caalmaa 2/3ffaatiin kan hundeeffamu dha.[154] Kanaafuu, hundeeffamuu fi hundeeffamuu dhiisuu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kan murteessu Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataati malee Heera miti jechuu dha. Kunis kan raawwatamu akka barbaachisummaa isaatti dha. Bu'uruma kanaan labsii 322/1997 tiin manni mare Bakka bu'oota ummataa naannoolee gara garaa keessatti Manni Murtii Ol-aanaa Federalaa akka hundeeffamuu labsee jira. Nannoolee Manni Murtii Ol-aanaa keessatti dhaabbataniis Naannoo Afaar, Naannoo Beneshangul gumuz,Naannoo Gambeellaa,Naannoo Somalee fi Naannoo Kibbaattii dha.[155] Kanaaf naannoolee kana keessatti manneen murtii naannoo fi federalaa aangoo waliinii qabu jechuu ni dandeenya.

---

[154]Heera FDRI kwt.78(2). Hamma Manneen Murtii Ol'aanaa Federaalaa fi Manneen Murtii Sadarkaa Jalaqabaa Federaalaa hundeeffamanitti immoo aangoon isaanii bakka bu'ummaadhaan manneen murtii naannoleef kennameera. Bu'uura Labsii Lakk. 322/95 tiin, yeroo ammaa Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa Naannoolee shan keessatti: Affaar, BeenishangulGumuz, Gaambeellaa, Somaalii fi Saboota, Sablammootaa fi Uummatoota Kibbaa keessatti hundeeffameera.

[155]Labsii manneen murtii ol-aanaa Federalaa Hundeessuuf ba'e labsii lakk.322/1997 kew.2

#### 2.2.4.2.1. Aangoo sadarkaa jalqabaa

Bu'uura tumaa Labsii Lakk. 25/88 kwt.12 tiin aangoon sadarkaa jalqabaa dhimmoota yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ibsamee ture. Haa ta'u malee, labsiin kun labsii lakk.321/95n waan fooyya'eef kwt.12 guutummaatti labsii lakk.321/95 kwt.2 (4) tiin bakka bu'eera. Haaluma kanaanis, aangoon dhimmoota yakkaa sadarkaa jalqabaa Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kan armaan gadii ti. Isaanis: yakkoota biyya ykn mootummaa irratti raawwataman, yakkoota mootummaa (biyya) alaa irratti raawwataman, yakkoota mirga namoomaa irratti raawwataman, yakkoota nageenya sivil aviyeeshinii irratti raawwataman, yakkoota qoricha sammuu hadoochan daldaluun raawwataman, yakkoota walitti bu'iinsa sabootaa, sablammootaa, garee sabummaa, amantaa fi siyaasaa wajjin wal qabatan. Itti dabalees, yakkoota biroo Magaalaa Finfinnee fi Dirree Daawaa keessatti raawwatamanii fi akkaataa tumaalee seerota biraatiin Aangoo Mana Murtii Ol'aanaa ta'e irratti Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa Aangoo dhimmoota yakkaa akka qabu Labsiin 321/95 fi 25/88 ni kaa'a.

Manni murtii ol'aanaa federaalaa kun aangoon sadarkaa jalqabaan dhimma hariiroo hawaasaa ilaaluuf qabu, labsii lakk.25/88 kwt 11 jalatti tumameera. Haaluma kanaan, dhimmoota malllaqaan ibsamuu danda'an qarshii 500,000(kuma dhibba shanii olii) fi kan hanga mallaqaan hin ibsamnes dhimmoota tokko tokko irratti aangoo qofaa isaa ilaaluu ni qaba. Kunis labsii olitti ibsame kana kewwata 11/2/jalatti ifaan tarreeffameera. Dhimmoonni kunneenis: Dhimmoota seera dhuunfaa idil-addunyaa ilaallatan,dhimmoota lammummaa ilaallatan,iyyata raawwii murtii biyya alaa ilaallatan,fi iyyata jijjiirraa galmee akkaataa seeraan mana murtii sadarkaa duraa federaalaa tokko irraa gara mana murtii biraatti ykin mana murtii ola'aanaatti akka jijjiiramuuf gaafatamus ni ilaala.

#### 2.2.4.2.2. Aangoo ol-iyyannoo

Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa murtii dhimmoota yakkaa fi hariiroo hawaasaa irratti Manni Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa ilaalee murteesse irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabaatan Labsiin lakk.25/88 kwt.13 tumeera.

### 2.2.4.3. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa

Manni Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa mana murtii sadarkaa dhumaa irra jiru waan ta'eef aangoon hundee dubbii dhimmoota yakka inni qabu kan sadarkaa duraa qofaa dha.

Haaluma kanaanis, aangoon hundee dubbii dhimmoota yakkaa sadarkaa duraa Mana Murtii Sadarkaa Jalqaba Federaalaa Labsii lakk.321/95 kwt.2(5) jalatti tarreeffameera.[156] Akkasumas, Manni Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa dhimmoota yakkaa lammiilee biyyoota alaa wajjin wal qabatanii aangoo manneen murtii *Waradaa* fi *Awuraajjaa* jalatti kufanii ni ilaala.Itti dabalees, dhimmoota yakkaa Magaalaa Finfinnee fi Dirree Daawaa keessatti ka'anii fi aangoo manneen murtii *Waradaa* fi *Awuraajjaa* sadarkaa jalqabaatiin ilaalee murteessuuf aangoo akka qabu tumaan Labsii kanaa ifatti kaa'eera.

As irratti, waa'ee aangoo hundee dubbii dhimmoota yakkaa Manneen Murtii Federaalaa ilaalchisee qabxiin ifa ta'uu qabu seerri aangoo manneen murtii kanneenii murteessuuf hojii irra jiru Labsii 25/88 fi labsii kana fooyyessuuf bahan qofa otoo hin taane, Seerri Deemsa Falmii Yakkaa bara 1954 bahee fi labsii kana fooyyessuuf beeksisa seeraa fi labsiiwwan bara Mootumma Dargii keessa bahan illee rogummaa fi raawwatamummaa akka qabaatani dha. Kunis yakkoota Magaalaa Finfinnee fi Dirree Daawaa keessatti raawwataman ilaalchisee aangoon dhimmoota yakkaa *Mana Murtii Ol'aanaa, Awuraajjaa fi Waradaa* duraanii akkaataa seerota hojii irra jiraniin wal duraa duubaan aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa fi Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa akka ta'an Labsiin 321/95 ifatti kaa'uun isaa dhimma aangoo dhimmoota yakkaa ilaalchisee ammayyuu seeronni kun hojii irra jiraachuu isaanii kan agarsiisu dha.

[156]Yakkoonni kunneenis dantaa dinagdee mootummaa Federaalaa irratti raawwataman, yakkoota maallaqa sobaatiin wal qabatan, sanadoota Federaalaa irratti hojii sobaa hojjechuu, yakkoota nageenyaa fi bilisummaa tajaajila quunnamtii (communication) naannool tokkoo olii fi idil-addunyaatti raawwataman

## BOQONNAA SADII

### 3. HUNDEEFFAMAA FI AANGOO MANNEEN MURTII OROMIYAA

### 3.1. Seensa

Akkuma duratti ibsinee turre, sirna federaalizimii keessatti gurmaa'iinsi manneen murtii garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kunis dandeettii manneen murtii dhimmoota itti dhiyaatan falmisiisuun murtii dirqisiisaa ta'e tokko kennuu danda'an irratti hundaa'uun yeroo ta'u, kanneen naannolee mootummaa federaalaa hundeessaniif aangoo manneen murtii caasaa guutuu ta'een dhimmoota naannoo irratti of dandeessisanii kennan akkuma jiran; kanneen aangoo dhimma federaalaa fi naannoo irratti manneen murtii aangoo asiin olee caasaa tokkoon kennanis ni jiru. Gara biyya keenyaatti deebinee yeroo ilaallu, HMFDRI jalatti naannoleen manneen murtii of danda'oo ta'an caasaa sadarkaa sadii qabaatanii akka hundaa'an taasisee jira[157]. Itti dabalees, Manni Murtii Waliigala Naannolee dhimma naannoo irratti aangoo abbaa seerummaa isa dhumaa fi ol'aanaa ta'e akka qabaatu taasisee jira. Dhimmoota federaalaan wal-qabsiisee garuu aangoo bakka bu'iinsa heeraan kennameefiitti fayyadamuun aangoo hundee dubbii Manni Murtii Ol'aanaa fi Manni Murtii Sadarkaa jalqabaa Federaalaa qaban ilaaluu akka danda'anis aangessee jira.[158]Bu'uuruma kanaan, Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mana Murtii sadarkaa sadii qabu: Mana Murtii Waliigala, Ol'aanaa fi Aanaa[159] jechuun hundeeffatee ittiin tajaajila abbaa seerummaa naanicha keessatti kennuu eegaluun isaa bubbuleera.

Mootummaan Naannichaa Hundeeffama Manneen murtii kana caalmaatti bu'a qabeessa taasisuudhaaf Labsii garaagaraatiin irra deddeebi'ee gurmaa'iinsaa fi hundeeffama manneen murtii fooyyessaa dhufee jira. Haaluma kanaan, labsiin yeroo ammaa hojiirra jiru Labsii Lakk.216/2011 yeroo ta'u, haala hundeeffama, caaseffamaa fi gurmaa'iinsa manneen murtii naannichaa bifa haaraadhaan fooyyessuuf yaalii taasisee jira. Kanas haala dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuu danda'uun aangoo hundee dubbii fi aangoo toora fooyyessuudhaan irra deebi'ee gurmeessee jira.

Haaluma kanaan, xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtoonni:-

---

[157] Heera Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Riipaabiliika Itoophiyaa, Federal Nagrit Gazeta, No.1 21st August 1995, Kwt 50(2), 78 fi 79.
[158] Miiljalee olii, kwt 80(2).
[159] "Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lakk.46, (Finfinnee: MAGALATA OROMIYAA, 2001), kwt 64(1),

- Aangoo fi caasseffama manneen murtii Oromiyaa bifa haaraan irra deebiin ni hubatu,
- Rakkoo hojimaataa fi qaawwaa seeraa gidduu jiru, keessattuu Labsii Lakk.216/2011’n wal-qabatee jiru adda baasuuun kallattii fuula duraa ni akeeku,
- Dhumarratti hojimaataa fi seera wal-simsiisuudhaan hojiirra ni oolchu!

**Gaaffilee Dammaqsituu(Brain Sorming Questions)**

1. Heerri biyya Keenyaa Mootummaan Federaalaas ta’ee naannoleen manneen murtii bilisaa fi caasaa sadarkaa sadiin guutuu ta’e (judicial federalism) qabatanii mata mataatti akka hunda’an taasiee jira. Akkasumas tarreeffama isaatiif Naannoleenis mootummaan Federaalaas Labsii aangoo fi hundeeffama manneen murtii isaanii ibsu baafatanii jiru. Kanaaf, Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 216/2011 fi Labsiin manneen murtii Federaalaa Lakk.25/1996, fi 454/2005 keessaa kamtu sirna federaalizimii biyyattiin hordofaa jirtu wajjin deema jettu? Maaliin ibsitu? SDFHH Kwt 372 faanas wal-qabsiisuudhaanis mari’adhaa!
2. Akkaataa Heericha keewwata 78(2)tti hanga Manni Maree Bakka Bu’oota Uummataa naannoo keessatti hin hundeessinetti, aangoo Mana Murtii Ol’aanaa fi Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa naannoleef kennee jira. Labsiin Lakk.25/1996 immoo aangoo bakka bu’iinsaa kana Manneen murtii Sadarkaa jalqabaa naannolee dhorkatee jira. Maaliif jettu?Heerawaadhaa?
3. Gaaffii lakk.1[ffaa] irratti ka’ee jiruun wal-qabatee, Heerichi ifaan kaa’uu baatus manneen murtii keessatti akkaataa Labsii 25/1996tti dhimma naannoo fi federaalaa jedhamee adda baafamuun itti hojjetamaa jiraachuun isaa beekamaadha. Haa ta’u malee, naannoo keenya keessatti dhimma WALQOtiin wal-qabatee aangoo Mana Murtii kamiiti kan jedhu irratti hojimaati wal-fakkaataan Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa bira hin jiru. Isin dhimma fedeeraalaa moo dhimmaa naannoo keenyaa ta’uu qaba jettu? Maaliif?
4. Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakk.25/’88 keewwata 35(1) manni murtii Federaalaa sadarkaa kamiin iyyuu irra jiru ajajaa fi murtii kennee jiru Manneen Murtii Naannolee akka raawwachiisaniif ajajuu danda’a jedha. Heerummaa tumaa labsii kanaa irratti mari’adhaa!

## 3.2. Aangoo Biyyoolessaa Manneen Murtii Oromiyaa

Akkuma duratti ibsinee turre, aangoon biyyoolessaa kallattiidhaan dandeettii manni murtii biyya tokkoo dhimma tokko ofitti fuudhee murtii biyya biraatti illee raawwatiinsa qabaatu kennuu danda'uun kan wal-qabatuudha. Kanaaf immoo wal-qabsiistotni ykn dandeessistoonni garaagaraa akka jiranis muuxannoo jiruun wajjin boqonnaa 2[ffaa] moojula kanaa keessatti kaafnee jirra. Kanaan wal-qabatee, heeraan ifatti kaa'amuu baatus, dhimmoota gaaffii aangoo biyyoolessaa kaasuu danda'an irratti labsiin hundeeffama Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahee jiru dhimma federaalaa fi aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa[160] gochuun tumee jira. Haa ta'u malee, akka Heera Mootummaatti hanga Manni Murtii Waliigala Federaalaa damee isaa naannoo Oromiyaa keessa dhaabbatutti aangoo kana bakka bu'iinsaan kan fayyadamaa jiru Mana Murtii Waliigala Oromiyaati.[161]Kana jechuun dhimmoota raawwii murtii biyyoota ambaa, dhimmoota seera dhuunfaa idila addunyaa fi dhimmoota lammummaan wal-qabatan[162] ilaalchisee dhimmoota Naannoo Oromiyaa keessatti uumaman ilaalee murteessuu danda'a jechuudha.

## 3.3. Aangoo Tooraa Manneen Murtii Oromiyaa

Akkuma duratti boqonnaa tokkoffaa jalatti ibsinee turre, aangoon tooraa manneen murtii dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneesuuf kan kaayyeffateedha. Bal'inaan jijjiirama labischi fide haa ilaallu.

### 3.3.1. Aangoo Tooraa Mana murtii Waliigala Oromiyaa

Kaayyoo aangoo tooraa caalmaatti mirkaneessuuf jecha labsiin Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa fooyyessuuf bahee fi Dambiin labsii kana hojiirra oolchuuf bahee jiru dhaddacha dhaabbii fi naanna'aadhaan manneen murtii akka gurmaa'an taasisee jira. Bu'uuruma kanaan, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Waajjira Muummee, Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Bahaa, Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Lixaa fi Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa

---

[160] Federal Courts Proclamation, No. 25 (Federal Negarit Gazeta, Addis Ababa(11th year N0.42, 1996), kwt 5(4) fi 11(2).
[161] FDRE Constitution, Miiljalee 2 olii, kwt 78(2) fi Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Irra deebiin Hundeessuuf bahe Lakk.216, (Magala Oromiyaa, Waggaa 27[ffaa], Lakk.7/2011, 2011EC), kwt 24(1e) .
[162] Federal Courts Proclamation, Miiljalee 4, kwt 11(2).

Kibbaatti[163] gurmaa'uun hojii keessa kan gale yommuu ta'u, aangoo tooraa illee waluma faana dhaqqabamaa taasisee jira. Dhaddachi Waajjira Muummee Mana murtichaa Magaala Finfinnee irraa dhimmoota godinaalee Oromiyaa Shawaa Lixaa, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Kaabaa fi Godina Addaa Oromiyaa Naannawwaa Finfinnee irraa dhiyaatan irratti aangoo tooraa isaa kan daangesse yoo ta'u, dhaddachi Dhaabbii Oromiyaa Bahaa immoo dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Shawaa Bahaa, Adda Adaamaa, Arsii, Harargee Lixaa fi Harargee Bahaa irraa dhiyaatan kan ilaaluudha. Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa immoo dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Arsii Lixaa, Baalee, Gujii, Gujii Lixaa fi Boorana irraa dhiyaatan kan ilaalu yoo ta'u, Dhaddachi Dhaabbii Lixaa immoo dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Wallaggaa Bahaa, Wallaggaa Lixaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Qellem Wallaggaa, Jimmaa, Buunoo Beddellee fi Iluu Abbaa Booraa[164] irraa dhiyaatan ilaalee murteessaa jira. Aangoon tooraa kun akkaataa kanaan qoqqoodamuun isaa dhaqqabamuu kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa sadarkaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti kennamaa jiru caalmaatti akka fooyya'u taasisee jira.

### 3.3.2. Aangoo Tooraa Manneen Murtii Ol'aanaa Oromiyaa

Ulaagawwan murteessoo ta'an yoo guutanii argaman, manneen murtii ol'aanaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa caalmaatti dhaqqabamaa, si'ataa fi bu'a qabeessa taasisuudhaaf dhaddacha dhaabbii hundeessuun[165] bal'inaa fi dhamaatii aangoon tooraa manneen murtichaa qabu xiqqeessuuf yaalee jira. Akkuma labsicha irraa hubatamutti, manneen nurtii sadarkaa kamitti iyyuu dhaddacha dhaabbii hundeeffachuu akka danda'an aangeessee waan jiruuf, waan haaraa fi falmisiisaa ta'uu baatus; labsii lakk.141/2000 irraa addatti labsichi beekamtii kennee kan jiruudha.[166]Manneen murtii kunneenis dhaddacha dhaabbii hundeessuuf wantoota isaan ilaalcha keessa galchuu qaban:- dhaddachi Dhaabbii kun toftaalee biroo jiran irra filatamaa yoo ta'e, baasii fi dhamaatii gad-aanaadhaan tajaajila abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'e uummata tajaajilamuuf itti siqeenyaan kennuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame; ykn qabeenya faayinaansii fi namaa mana murtii haala madaalawaadhaan tajaajila abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'e kennuudhaan itti quufinsa tajaajilamtootni fi amantaa uummatni mana murtii irratti qabu dabaluuf[167] kan gargaaru yoo ta'ee dha. Ulaagaaleen

---

[163] Dambii Gurmaa'inaa fi Hojimaata Dahaddachaa Manneen Murtii Oromiyaa, Dambii Lakk.06, (2011), kwt 4(3).
[164] Miiljalee olii
[165]Dambii, Miiljalee 6, kwt 25(1).
[166] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 23(2b).
[167] Dambii, Miiljalee 6, kwt 25(2).

dabalataan ilaalamuu qabanis:- Magaala teessoo muummee mana murtii ol'aanichaa irraa fageenya raadiyeesii kiilo meetira (km) saddeettama (80) keessatti tajaajila abbaa seerummaa uummata godinichaaf kennuun yoo hin danda'amne, dhimmootni dhaddachichatti waggaa tokko keessatti dhiyaachuu danda'an kan waliigalaatti mana murtii olaanichaatti dhiyaatu keessaa %25 fi isaa ol yoo ta'e; fi qabeenya namaa fi faayinaansii akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'a qabeessa[168] ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkannaa'eedha. Haa ta'u malee, ulaagaalee kanneeniin alatti yoo dhimmoota waliigalatti mana murtichaatti waggaa tokko keessatti dhiyaatan keessaa uummata ykn daangaa lafaa dhaddachichi tajaajilu irraa %40 ol dhaddachichatti dhiyaachuu kan danda'an ta'e; ykn haalli sochii siyaasaa, diinagdee ykn hawwaasummaa bakkichaa irraa kan ka'e dhaddacha dhaabbii gurmeessuuf haalli addaa dirqisiisu yoo jiraate ykn yoo uumame; ykn haalli teessumma lafaa ykn haalli qilleensaa ykn rakkoo bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii irraan kan ka'e tajaajila abbaa seerummaa magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa kennuun dhaqqabamummaa mana murtichaa ykn tajaajilaa irratti dhiibbaa cimaa qabaachuun yooo itti amanamee; fi qabeenyi namaa fi faayinaansii akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'aqabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkannaa'e[169] dhaddacha dhaabbii gurmeessuu akka danda'u dambichi aangessee jira.

Adeemsa akkamiin dhaddachi kun akka gurmaa'u qabu ilaalchisee labsichi dambiidhaaf waan dhiiseef, dambichi sirriiti ibsee jira. Akka dambichaatti, ulaagaalee kanneen armaan olii kana guutuu qofa osoo hin taane, Manni Murtii dhaddacha dhaabbii gurmeessuun duratti dursee barbaachisummaa fi bu'a qabeessummaa dhaddachichaa irratti qorannoo geggeessuu qaba. Bu'aa qoranichaa irratti barbaachisummaa fi haalawwan guutamuu qaban guutuun yoo mirkannaa'e, manni murtichaa yaada murtiif Gumii Mana Murtii Waliigalaatiif dhiyeessee mirkanaa'uu qaba. Akkaataadhuma kanaan, Manni Murtii dhaddacha dhaabbii akka gurmaa'uuf gaafatu karooraa fi qophii barbaachisu hundaa jiraachuu isaa mirkanneeffachuu qaba. Dhaddachi dhaabbii tajaajila kennuu irratti argamu barbaachisummaan ykn bu'a qabeesummaan isaa adeemsa keessa kan hir'ate ykn kan dhabame ta'uu yoo hubatame qaama dhaddachicha gurmeesseen yeroodhaaf ykn guutummaatti akka cufamu godhamuu ni danda'a.[170] Haaluma kanaan, ulaagaalee seerri kaa'e kanneen guutuudhaan manneen murtii ol'aanaa dhaddacha dhaabbii yoo kan dhaabbatan ta'e, tajaajilli guutuu ta'e waan achitti

[168] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiltoo 7, kwt 27(1).
[169] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiltoo 7, kwt 27(3)..
[170] Miiljalee olii kwt 28

kennamuu qabuuf[171], aangoon tooraa aanaalee dhaddacha dhaabbii sana jalatti gurmaa'aniin daanga'uu danda'a jechuudha. Gama biraatiin immoo Manneen Murtii Ol'aanaa Oromiyaa aangoo bakka bu'iinsaatiin dhimmoota Federaalaa aangoo hundee dubbii Mana Murtii Sadarkaa jalqabaa ta'an ilaaluu waan danda'aniif[172], dhimmootumti Federaalaa kun aangoo tooraa Mana murtii Ol'aanaa sanaan kan daangeffamu ta'uun isaa dagatamuu hin qabu.Yeroo kana seerri ifaan dhimma kana ibsu yoo jiraachuu baates seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 19-30tti jiran akkuma haala isaatti raawwatiinsa ni qabaatu jechuudha.

### 3.3.3. Aangoo Tooraa Mana Murtii Aanaa Oromiyaa

Akkuma duratti ibsuuf yaalle, aangoon tooraa manneen murtii dhaqqabamummaa fi siyaa'ina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuun cinatti dhimmoota mana murtiitti dhiyaatan irratti ragaalee adda addaa salphaatti argachuu fi dhamaatii abbootii dhimmaa salphisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Haa ta'uutii aangoo tooraa manneen murtii aanaatiin wal-qabatee labsiin manneen murtii Oromiyaa amma hojiirra jiru kun jijjiirama guddaa fide hin qabu. Akkuma beekamu, kanaan duras manneen murtii irra jireessi ykn hundi caasaa bulchiinsa qaama raawwachiiftuu hordofee waan dhaabbatee jiruuf, aangoon tooraa isaan qaban daangaadhuma bulchiinsi sararateen murtaa'a jechuudha. Haa ta'u malee, caalmaatti dhaqqabamummaa mirkaneessuuf barbaachisaadha jedhee bu'a qabeessummaa isaa yoo itti amanan, manneen murtii aanaa dhaddacha dhaabbii ykn naanna'aa hundeeffachuu akka danda'an[173] labsichi aangessee jira. Dhaddachaalee kanneen kan gurmeessan yoo ta'e garuu ulaagaaleen dambii labsicha hojiirra oolchuuf qophaa'ee jiruun ibsaman guutamuun dirqama ta'a. Akkaataa dambichaatti, manneen murtii aanaa dhaddacha dhaabbii hundeessuudhaaf:- Magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa fageenya raadiyeesii kiilomeetira digdama (20km) keessatti tajaajila abbaa seerummaa uummata aanichaaf kennuun yoo hin danda'amne, dhimmootni Dhaddachichatti waggaa tokko keessatti dhiyaachuu danda'an waliigalatti Mana Murtii Aanichaatti kan dhiyaatu keessaa %25 fi isaa ol yoo ta'ee fi qabeenyi namaa fi faayinaansii, akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'a qabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkannaa'ee[174]dha. Kun akkuma jirutti ta'ee, ulaagaaleen armaan olii kunneen yoo guutuu baatanis haala addaatiin dhimmoota waliigalatti mana murtichaatti waggaa tokko keessatti dhiyaatan keessaa uummata ykn daangaa lafaa

[171] Miiljalee olii, kwt 30
[172] FDRE Constitution, Miiljalee 1, kwt 80(4).
[173] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa,miiljalee 11, kwt 35(4).
[174] Dambii Gurmaa'iinsaa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 27(2).

dhaddachichi tajaajilu irraa %40 ol dhaddachichatti dhiyaachuu kan danda'an yoo ta'e; ykn haalli sochii siyaasaa, diinagdee ykn hawwaasummaa bakkichaa irraa kan ka'e dhaddacha dhaabbii gurmeessuuf haalli addaa dirqisiisu yoo jiraate ykn yoo uumame; ykn haalli teessumma lafaa ykn haalli qilleensaa ykn rakkoo bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii irraan kan ka'e tajaajila abbaa seerummaa magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa kennuun dhaqqabamummaa mana murtichaa ykn tajaajilaa irratti dhiibbaa cimaa qabaachuun yoo itti amanamee fi qabeenyi namaa fi faayinaansii, akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'aqabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkannaa'e[175], dhaddacha dhaabbii gurmeessuu danda'u. Yeroo kanattis, dhaddacha dhaabbii gurmeessuun fuul-dura manneen murtii kun bu'a qabeessummaa fi barbaachisummaa isaa irratti qorannoo gochuu akka qaban, akaksumasn bu'aa qorannoo irratti hundaa'uun Gumiin Godinaatiif dhiyaatee fudhatama yoo argateedha. Dabalataan immoo dhaddacha dhaabbii kanatti manneen murtii kunneen tajaajila abbaa seerummaa guutuu ta'e kennuu qabu.[176] Kana irraa kan hubannu, manneen murtii aanaa ulaagaalee armaan olii bu'uura godhachuun tajaajila guutuu ta'e bakka sanatti kan kennan yoo ta'e, aangoon tooraa dhaddacha wiirtuu irraa hir'isuun kan qoodamu ta'a jechuudha. Kun immoo dhaqqabamummaa mirkaneessuu keessaa argisiiftuu tokko ta'uu danda'a.

### 3.4. Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa

Aangoon hundee dubbii dandeettii manneen murtii qofaa irratti kan rarra'u osoo hin taane, dhaqqabamummaa fi bu'a qabeessummaa, akkasumas qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa wajjin hidhata kallattii kan qabuudha. Itti dabalees, aangoon hundee dubbii manneen murtii mirga ol-iyyannoo heeraan abbootii dhimmaatiif kenname irratti dhiibbaa ni qabaata. Yaad-rimee kana karaa biraa yeroo ibsaman, aangoon hundee dubbii manneen murtii gara gadiitti gadi bu'uun dhaqqabamummaa mirkaneessuun dhamaatii abbaa dhimmaa xiqqeessuun cinatti carraa mirga ol-iyyannoo bal'isuudhaan qulqullinni murtii sadarkaa sadarkaan akka sakatta'amuu fi fooyya'u gochuu danda'a. Haaluma kanaan, kaayyoolee Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lakk.216/2011 keessaa inni tokkoo fi ol'aanaan aangoo hundee dubbii waggaa dheeraadhaaf sadarkaa mana murtii Ol'aanaatti rarra'ee ture gara manneen murtii aanaaleetti gadi buusuu isaati. Haaluma kanaan, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa guutummaatti, Manneen Murtii Ol'aanoo immoo qabatama jiruun irra jireessaan

[175] Miiljalee olii kwt 27(3).
[176] Miiljalee olii, kwt 30.

Mana Murtii ol-iyyata dhagahu gochuudhaan, Manneen Murtii Aanaalee immoo mana murtii sadarkaa jalqabaatti deebisee[177] akka jiru ni hubatama. Haa ta'u malee, labsichi rakkoo bal'aa kan fure ta'us iddoo tokko tokkotti iftoomina dhabuu isaatiin falmii kaasuun isaa kan oolu miti. Kanumaan wal-qabatee aangoo hundee dubbii kana bal'inaan akka itti aanutti kan ilaallu yoo ta'u, leenjitoonni mariidhaan caalmaatti kan gabbisan ta'a.

**Gaaffilee Marii**

1. Akkaataa Labsii 216/2011tti murtii tokko irraa ol-iyyannoo yeroo meeqa gaafatamuu danda'a? Bu'uura heeraa qaba jettuu?
2. Labsiin 216/2011 dhimmoota yakkaa ilaalchisee gosa yakkaatiin (subject matter) aangoo hundee dubbii hundeessee jira jettuu? Maaliif?

### 3.4.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Akkuma duratti ibsinee turre, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo tooraatiin iddoo afuritti gurmaa'ee naannicha keessatti hojiirra jira. Aangoo hundee dubbiitiin wal-qabatee immoo Manni Murtii Waliigalaa naannicha keessatti dhimmoota naannoo irratti aangoo abbaa seerummaa isa ol'aanaa fi isa dhumaa kan qabu ta'ee aangoo gurguddaa lamatti of qoodee kan hojjetaa jiruudha. Kunis:- Mana Murtii Waliigalaa dhaddacha Idilee fi Mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Ijibbaataa[178] tti qoodamee kan jiru yoo ta'u, akka itti aanutti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

#### 3.4.1.1. Aangoo Idilee Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Dhimma naannoo irratti Manni Murtii waliigalaa aangoo sadarkaa jalqabaa kan hin qabne yoo ta'u, murtii manneen murtii ol'aanoon naannicha keessa jiran kennan, akkasumas dhimmoota federaalaa manneen murtii ol'aanootiin aangoo bakka bu'iinsa heeraatiin ilaalanii murteessan ol-iyyannoon[179] ilaalee murtii dhummaa irratti kan kennuudha. Aangoo idilee kanaan, Manni Murtii Waliigalaa dhimmoota firii dubbii keessa galuun kan ilaalu yoo ta'u, dogoggora seeraa uumame illee sirreessuudhaan kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa naannicha keessatti tilmaamamummaa fi wal-fakkeenyummaa akka qabaatuuf hojjechuu

[177] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lakk. 216, (Finfinnee: Magalata Oromiya(27th Year, No.7/2018), 2018), kwt 23(2).
[178] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miilajee olii, kwt 25(1).
[179] FDRE Constitution, Miiljalee 1, Kwt 80(2 fi 4), Labsii Manneen Murtii, miiljalee 10 , kwt 25(a fic).

qaba. Sababni isaa murtii manni murtii kun aangoo idileetiin murteessu akka dhaddacha ijibbaataa amala dirqisiisummaa yoo qabaachuu baate illee murtiin bakka kanatti kennamu isa dhumaa ta'uu isaatiin, akkasumas qabatamaan manneen murtii jalaa fakkeenyummaa isaa hordofu waan ta'eef, dhimmoota firii dubbiis ta'ee seeraan dhiyaatan gadi qabee ilaaluuf dirqama qaba.[180]

Haa ta'u malee, aangoo sadarkaa jalqabaatiin wal-qabatee, Manni Murtii Waliigalaa dhimmoota federaalaa aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'e irratti bakka bu'iinsa heeraan kennameefiin kan murteessaa jiruudha[181]. Aangoo kanas hanga bakka bu'iinsi kun ka'utti kan hojjetu yoo ta'u, dhimmootni federaalaa aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'an maal fa'i kan jedhu beekuun barbaachisaadha. Dhimmoota Federaalaa ta'an irratti Heerri biyyattii ifatti adda baasee duguugee tarreessuu yoo baate illee Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahee hojiirra jiru adda baasuuf yaalii godhee jira. Haaluma kanaan, aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kan ta'an: - dhimmoota hariiroo hawaasaa tilmaamni isaanii qarshii 500,000(kuma dhibba shan) ol ta'an, dhimmoota Seera Dhuunfaa Idila Addunyaa ta'an, iyyatawwan raawwii Murtii Mana Murtii Biyya Ambaa ta'an, fi dhimmoota Yakkaa kanneen labsiidhaan aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa[182] ta'uun tumaman ilaaluu danda'a. Haa ta'u malee, Manni Murtii Waliigalaa dhimmoota federaalaa kunneen ilaaluudhaaf dursa dhimmoonni kun aangoo tooraa mana murtichaa keessatti kan kufan ta'uu mirkaneeffachuu qaba.

**Gaaffilee Marii**

1. Teessoon muummicha Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Magaalaa Finfinnee keessa waan ta'eef, sadarkaa yaadaatti dhimmoota Magaalaa Finfinnee keessa jiran ilaaluuf aangoo tooraa ni qabaata. Kana irraa ka'uun dhimmoota aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'an kanneen Magaalaa Finfinnee keessatti uumamaniin wal-qabatee Manni Murtii Waliigala Oromiyaa akkaataa bakka bu'iinsa heeraatiin ilaaluu danda'a jettuu?

---

[180] Miiljalee Olii, kwt 23(2a)…*Manni Murtii Waliigalaa tajaajilli abbaa seerummaa Naannicha keessatti wal-fakkaatummaa fi tilmaamummaa akka qabaatuuf ni hojjeta jedha. Kun tumaa dhaddacha Ijibbaataa qofaaf dhiifame osoo hin taane, tumaa waliigalaa dhaddachaalee lameenuu jechuun dhaddacha idilee fi Ijibbaataa kan ilaallatuudha.*
[181] FDRE Constitution, miiljalee 1, kwt 80(2).
[182] Federal Courts Proclamation, miiljalee 4, kwt 11 fi 12.

2. Heerri Itoophiyaa dhimmoota Federaalaa fi Naannoo akkamitti ibsee jira jettu? Dhimma federaalaati yookaan naannooti jennee adda baasuuf ulaagaa maaltu jira? Dhimma Yakkaan wal-qabatee aangoon kan eenyuuti?
3. Labsii 216/2011 keewwata 25( 2 e) jalatti Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Idileen "gaaffii dhimmi tokko aangoo mana murtii isa kami ta'uu qaba jedhu ilaalee murtii kenna" kan jedhu maal jechuu barbaadeeti? Aangoon Manneen Murtii Labsii kanaan adda baafamee hanga jirutti manni Murtii sadarkaa kamiiyyuu dhimmi tokko aangoo isaa ta'uu fi dhiisuu ilaalee murteessuu hin danda'u jechuudha moo maali? Gaaffii kana hoo eenyutu dhiyeessa, akkamitti dhiyaata, sirna kamiin immoo ilaalama? Dhaqqabamummaa fi si'oomina labiichi akka kaayyootti qabatee tumamee jiru wajjin akkamitti ilaalama?Irratti mari'dhaa!

#### 3.4.1.2. Aangoo Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Dhaddachi Ijibaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhimmoota naannoo ta'anii murtii dhumaa argatan irratti dogoggorri seeraa inni bu'uuraa yoo uumame qofa[183] ilaaluu akka qabu seerichi ibsee jira. Dhimmi tokko murtii dhumaa argateera kan jedhamu yoomi kan jedhu ilaalchisee garuu labsichi hiikkoo kan hin laatneef yoo ta'e illee dambiin labsicha hojiirra oolchuuf qophaa'ee jiru murtii dhumaa yeroo ibsu: bu'uura seera dhimmi ilaaluutiin mana murtii naannichaa ykn qaama naannichaa biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameef tokkoon murtii ykn jala murtii ykn ajaja carraa ol'iyyannoo qabu fayyadamee fixate ykn carraa ol-iyyannoo hin qabne ykn qaamni murticha ykn jala murticha ykn ajajicha kenne carraa keessa deebi'ee ilaaluu kan hin qabne[184] yoo ta'eedha. Kun faloonni oliyyannoo fi keessa deebiin ilaaluu(review of judgment) jiru hundi duuguugamee kan xumuramee ta'uu qaba yaada jedhu agarsiisa.

Kun akkuma jirutti ta'ee, murtiin isa dhumaa ta'ee fi dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jedhamu kun immoo akkamitti dhaddacha ijibbaataatti dhiyaachuu qaba, deemsa maaliitiin ilaalama qabxiileen jedhan hubatamuu qabu. Iyyanni ijibbaataaf dhiyaatu tokko murtiin kennamee jiru kan dhumaa fi filannoo biraa kan hin qabne ta'uu, fi dogoggori bu'uuraa seeraa maal akka ta'e ykn murtichi maaliif dogoggora bu'uura seeraa akka qabaate ibsuu akka qabuu fi guyyaa murtiin dhumaa sun kenname irraa kaasee guyyoota walitti aanan

[183] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 26(1). HMFDRI kwt. 80 (2), (3(b)) ilaaluun ni dandaa'ama.
[184] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 7(2).

60(jahaatama) keessatti dhiyaachuu akka qabu labsichi ni tuma.[185] Erga iyyati dhiyaateen booda hoo akkamittiin keessummeeffama kan jedhuun wal-qabatee labsichis ta'ee dambiin labsicha hojiirra oolchuuf bahee jiru adeemsa lama ifatti tumee jira. Adeemsaaleen kunneenis: - adeemsaalee hojimaata dhaddacha ijibbaataa qorannoo duraa fi qorannoo boodaatti qoodamanii kan jiraniidha.

Adeemsa qorannoo duraa keessatti dhaddacha abbootii seeraa sadiin moggaafamee kan hojjetamuu qabu yoo ta'u, hojiin guddaan adeemsa kana keessatti hojjetamu, murtii dhuma argate irratti dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun iyyata dhiyaate tokko ijibbaataaf dhiyaachuu qabaachuu ykn dhabuu isaa battalatti ykn beellamaan qorachuudhaan ykn iyyataa irraa qaamaan dhagahee qulqulleeffachuudhaan, sababa isaa barreeffamaan ibsuudhaan, kufaa gochuun iyyataa geggeessuu ykn iyyatichi ijibbaataaf dhiyaatee akka ilaalamu taasisuudha.[186] Dhaddachi qorannoo duraa kunis iyyata dhiyaate kana qoratee kuffisuuf ykn gara dhaddacha qorannoo boodaatiif dabarsuudhaaf ulaagaalee kanneen akka:- dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataan murtiin irratti kennamuun isaa hawaasa waliigalaatiif, ykn dagaagina seeraatiif ykn sirna seeraa naannichaaf faayidaa ol-aanaa yoo qabaate; ykn dhimmoota walfakkaatoodhaaf murtiilee fi hiikaa seeraa walfakkaataa ta'e kennuuf kan gargaaru yoo ta'e; ykn murtiin dhumaa komatame dogogora faayidaa dinagdee cimaa kan hordofsiise, ykn mirga seeraa ykn bilisummaa bu'uuraa akka malee kan sarbe yoo ta'e; ykn dogogorichi faayidaa dinagdeetiin yoo ilaalamu xiqqaa dha kan jedhamu yoo ta'ellee garuu bu'aa hordofsiisu irraa kan ka'e dhaddacha ijibbaataan ilaalamee sirraa'uu qaba jedhamee kan amaname yoo ta'ee; fi kan biroo sagalee guutuudhaan madaaluudhaan qabxii murtii dhaddacha ijibbaataatiin sirrachuu qaban adda baasee dhaddacha qorannoo boodaatiif dabarsee garagalchi iyyataa deebi kennaa gahee dhiyaatee akka falmatu taasisa.[187]

Haaluma kanaan, qorannoon boodaa kan itti fufu yoo ta'u, dhaddachi yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetamuu akka qabu, yoo murtichi amala dirqisiisummaa akka

---

[185] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 27(1 fi 2).
[186] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 13 fi 14.
[187] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 13 fi 14.

qabaatu barbaadame immoo Pirezidaantii fi Itti Aanaan Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa keessatti moggaafamanii hojjechuu akka qaban[188] labsii fi dambichi ni ibsu.

Gama biraatiin immoo dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin wal-qabatee dhimmi baay'ee falmisiisaa ta'ee jiru, waa'ee murtiin dhaddachi Ijibbaataa Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa dabalatee abbootii seeraa shaniin yommuu murtaa'u manneen murtii sadarkaa gadi'aanu jiran hunda irratti amala dirqisiisummaa qabaachuu isaati. Akkuma beekamu, Heerri Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Itoophiyaa Manni Murtii Waliigala Naannoo dhimma Naannoo irratti mana murtii isa dhumaa fi aangoo ol'aanaa qabu taasisee[189] hundeessee jira. Akkasumas, tumaa Heerichaa keessaa keewwatni 80(3a fi b) falmisiisaa fi hanga ammaatti beektonni kan itti waliif hin galle[190] yoo ta'e illee labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1988 fi kan labsii kana fooyyessuuf bahe Lakk.454/2005 ifatti sirna seeraa biyyattii keessatti "Ijibbaata irratti Ijibbaatni"akka jiraatuu fi murtiin dhaddacha Ijibbaataa Federaalaatiin kennamu kun dhimma naannoolee irrattis ta'ee kan federaalaa irratti dirqisiisummaan isaa manneen murtii naannolee biyyattii keessa jiran dabalatee humna dirqisiisummaa akka qabaatu[191] taasifamee jira. Kanaan wal-qabatee yeroo ammaa kana immoo wanti baay'ee falmisiisaa ta'aa jiru Murtiin dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaas akkuma dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa amala dirqisiisummaa qabatee dhufuu isaati. Yeroo kana immoo Manni Murtii Waliigala Naannoo kun dhimma naannoo irratti murtiin isaa kan dhumaa fi amala dirqisiisummaa qaba jedhee yoo murteessee fi dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa immoo murtii dirqiisisaa ta'ee jildiinis haa ta'u kallattii garaagaraan naannottii keessatti beeksifamee hojiirra oolaa osoo jiruu yoo diigee jiraate maaltu ta'a kan jedhu falmisiisaa ta'a jechuudha. Qabxii kana leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Haa ta'u malee, dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa murtiilee hedduu ta'an kennaa kan oolu waan ta'eef, hundumtuu amala dirqisiisummaa qabu jechuu miti. Murtiin dhaddacha Ijibbaataa kun dirqisiisaa ta'uudhaaf, ulaagaaleen sadii guutumuu akka

---

[188] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 28(2) fi 29(1) fi Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 11.
[189] FDRE Constitution, miiljalee 1, kwt 80(2).
[190] Redea, Mehari , Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia, (MIZAN LAW REVIEW, Vol. 9, No.1) September 2015.
[191]Federal Courts Proclamation, miiljalee 4 fi Federal Courts Reamendment Proclamation No.454, (Federal Negarit Gazet, Addis Ababa-14th June.2005), 2005, kwt 2(1).

qaban labsichaa fi Dambii labsicha hojirra oolchuuf bahee jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Isaanis:-1) moggaafama, 2) maxxansaa ykn beeksisaa fi 3) sagalee murtiitiin[192] wal-qabata. Kan jalqabaan wal-qabatee, murtichi dirqisiisaa ta'uuf, Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pirezidaantii dabalatee yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetamuu akka qabu ibsa. Kan lammaffaatiin wal-qabatee immoo murtiin kun manneen murtii hunda akka dhaqqabutti jildiin maxxanfamuu ykn kallattii barbaachisaa ta'e birootiin murtichi beeksifamuu akka qabu ibsa. Kan dhumaatiin wal-qabatee immoo murtichi sagalee guutuutiin yaada addaa tokko malee yoo murtaa'e qofa akka ta'e seerotni lachanuu bifa dirqiitiin tumanii jiru. Haa ta'u malee, Manni murtichaa yoo barbaade, murticha dirqisiisaa gochuun fuula dura ogeessa barbaade mariisuu akka danda'u kaa'ee jira.[193]

**Gaaffilee Marii**

1. Ogeessotni tokko tokko dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa dhimma naannolee keessa galee murteessuu hin qabu. Heerri Federaalaa kun keewwata 80(3a) jalatti…jechi *over any final…*jettu guutummaatti dhimma naannolee kan ilaallatu miti. Sababni isaa keewwatni 80(3) guutummaan isaa yaad-rimee keewwatuma kana xiqqaa 1 fi 2 irraa akkuma jirutti wal-duraa duubaan fudhatee gadi bu'ee tumame malee akka Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimma naannolee keessa galuuf kan karaa saaqu miti. Yoo akkas ta'uu baate, duudhaalee sirna federaalizimii kan diigu ta'a. Kanaaf, dhimma kanaan wal-qabatee Labsii Manneen Murtii Federaalaa 25/88 fi 454/2005 heerawaa miti jechuun falmu. Ogeessonni biroon immoo Heerichi keewwata 80(3a) jalatti….*over any final decision* waan jedhuuf dhimma naannoo keessa galee Manni Murtii Waliigala Federaalaa aangoo Ijibbaataa akka qabaatu aangessee jira. Waan ta'eef, Labsiin 25/'88 fi 454/2005 heerawaadha jechuun falmu. Isin hoo ejennoo kamtu dhama qabeessa jettu?Sababa gahaan deggeraa!
2. Gaaffii 1ffaa jalatti ibsameen wal-qabatee, Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.216/2011 ejjennoo isa kam bu'uura godhatee qophaa'e jettanii yaaddu.
3. Biyyi Itoophiyaa Ol'aantummaa HMFDRE moo Ol'aantummaa seerota Federaalaa qabdi jettanii yaaddu?

[192] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 29 fi Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 11.
[193] Miiljalee olii

4. Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa hundeessuuf bahe Lakk.216/2011 keewwata 29(1) jalatti murtiin dhaddacha Ijibbaataa Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pireezidaantii dabalatee yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetame dhimma naannoo irratti manneen murtii naannichaa irratti hiikkoo seeraa diriqiisaa akka qabaatu tumee jira. Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/’88 keewwati 10(3) fi Labsiin Labsii kana fooyyessuuf bahe Lakk.454/2005nis keewwata 2(1) jalatti haaluma fakkaatuun murtiin dhaddacha Ijibbaata Federaalaa yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetame manneen murtii naannolee irratti illee humna diriqisiisummaa akka qabu tumee jira. Dhimma wal-fakkaataa irratti dhaddachi Ijibbaataa lachanuu murtii dirqisiisaa ta’e yoo kennanii jiraatan kamtu hojiirra ooluu qaba jettu? Maaliif?Labsii Lakk.25/’88 keewwata 6(2) faana irratti mari’adhaa.
5. Aangoo seera hiikuu osoo fayyadamanii hojjetaa jiranii falmiin hiikkoo heeraa yoo ka’e ykn manni murtii yoo hubate maal gochuu qaba jettu? Manni Murtii aangoo heera hiikuu gonkumaa hin qabu jettuu? Kanaan wal-qabatee, murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo dhaddacha Ijibbaataatiin walitti bu’iinsa Labsii Bosonaa Naannoo Oromiyaa fi Federaalaa gidduutti uumame irratti kenne akkamitti madaaltu?
6. Dhaddachi Ijibbaataa dogoggora bu’uura seeraan cinatti dhimmoota murtiin dhumaa irratti kennaman qofa keessummeessa jechuun labsiin lakk.216/2011 tumee jira. Murtii dhumaa jechuun maaliidha?
7. Dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dogoggora bu’uraa seeraa qofa ilaala moo firii dubbiis haalli inni itti ilaalu jira jettanii yaaddu? Labsii lakk.216/2011 keewwata 26(2) fi Dambii lakk.6/2012 keewwata 8(2) faana xiinxalaa!

Dogoggorri seeraa inni bu’uuraa hoo akkamiin ibsama kan jedhu ilaalchisee immoo labsichi ibsuuf yaalii taasisee jira. Akka qajeeltootti dogoggorri bu’uuraa seeraa maali kan jedhu ilaalchisee labsichi banaa godhee akka qajeeltootti kan jalqabe yommuu ta’u, itti aansuun dhimmoota muraasa akka dogoggora bu’uuraa seeraatti jedhe tarreessee jira. Akkuma labsii manneen murtii Oromiyaa fi Dambii labsicha hojiirra oolchuuf bahe irraa hubatamutti, dhaddachi ijibbaataa dhimmoota murtii dhumaa argatanii fi carraa ol-iyyannoo biraa hin qabnee fi dogoggora seeraa bu’uuraa kan qabu qofa yoo ta’e[194] ofitti fuudhee ilaala. Dogoggorri seeraa bu’uuraa maal jechuu akka ta’e irratti seerichi ifatti hiikkoo yoo itti

[194] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 26(1) fi Dambii Gurmaa’iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 7, kwt 8.

kennuu baates, dhimmootan dogoggora seeraa bu'uuraa ta'uu danda'an muraasa yeroo tarreessu[195]:-

- Dogoggora hiikaa seera ykn duudhaa seeraa yoo qabaate, ykn seera ifatti tumame cabsee yoo argame fi dhiibbaa hin malle mirga namaa ykn sirna seeraa irratti kan hordofsiise yoo ta'e; ykn Seeraan ala bilisummaa fi mirga namoomaa bu'uuraa kan dhabsiise ykn kan dhiphise yoo ta'e; ykn
- Gar-malee haqa kan jallise ykn dhabamsiise yoo ta'e,
- Murtii dhumaa mirgoota namoomaa heeraan beekamtii argatan cabsuun kenname;
- Murtii dhumaa aangoo abbaa seerummaa ykn/fi hundee dubbii osoo hin qabaatin kenname;
- Murtii dhumaa seera bu'uuraa, seera deemsaa falmii, ykn seera ragaa ifaatti tumame jiru dogoggoraan hiikuudhaan ykn cabsuudhaan kenname;
- Murtii dhumaa seera bu'uuraa, seera deemsaa falmii, ykn seera ragaa ifaatti tumame jiru dogoggoraan hiikuudhaan ykn cabsuudhaan kenname,
- murtii dhumaa qabiyyee isaatiin ykn bu'aa hordofsiisuun waliigalteewwan idila addunyaa biyyi Itoophiyaa raggaasifte cabsuun kenname,
- Murtii dhumaa dhimma mana murtiitiin ykn qaama biroo aangoo abbaa seerummaa qabuun murtii argachuu hin dandeenye irratti murtii kenname;
- Murtii dhumaa hiika seeraa dirqisiisaa mana murtii aangoo seeraa qabuun kenname faallessuun kenname akka ta'e ni ibsa.

Haa ta'u malee, dhimmoota dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa kun ilaaluu hin dandeenyes ibsamee jira. Isaanis:-dhimmoota bu'uura Heeraa Federaalaa fi seera birootiin addatti Manneen Murtii Federaalaatiif kennaman; yookiin Dhimmoota Naannoo murtii dhumaa hin arganne; ykn Murtii dhumaa falmii baasii fi kisaaraa yookiin yakka dambii darbuun wal-qabatee kenname ykn; Murtii dogoggora firii dubbii kamiyyuu, ykn dogoggora ykn hir'ina ragaa fuudhuu yookiin madaaluu irratti raawwatame ofitti fuudhee keessummeessuu akka hin qabne ibsee jira[196].

### 3.4.2. Aangoo Hundee Manneen Murtii Ol'aanoo Naannoo Oromiyaa

Aangoo Manneen Murtii Ol'aanaatiin wal-qabatee labsiin Lakk.216/2011 waan baay'ee irratti jijjiirama kan fidee fi utuu hojiitti hin seenin falmiiwwan baay'ee kaasee ture. Kanaan

[195] Miiljalee olii,Labsii kwt 26(2) fi Dambii kwt 8(2 fi 3).
[196] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miiljalee 11, kwt 26(4) fi Dambii, Miiljalee 7, kwt 9.

wal-qabatee mana murtii ol'aanaa irra jireessaan mana murtii Ol-iyyannoo taasisee kan jiru yoo ta'u, aangoon hundee dubbii kallattii tilmaama dhimmaa fi gosa dhimmaa (subject matter) maal fakkaata kan jedhu akka itti aanutti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

Akkuma duratti ibsinee turre, akka qajeeltootti labsiin manneen murtii Oromiyaa hundeessuuf bahee jiru Manneen Murtii Ol'aanoo naannicha mana murtii ol'iyyannoo taasisee jira. Haa ta'u malee, aangoo hundee dubbii dhimmoota kallattii tilmaamaan seerichaan murtaa'anii jiran irratti aangoo hundee ni qaba. Akka labsichi ibsee jirutti, dhimma hariiroo hawaasaatiin wal-qabatee qabeenya socho'u tilmaama maallaqni isaa qarshii miliyoona 1(tokkoo) ol ta'e, qabeenyaa dhaabbataa immoo tilmaama maallaqni isaa qarshii miliyoona 3(miliyoona sadii) ol ta'e ilaalee murteessuuf aangeffamee jira. Kun akkuma jirutti ta'ee, wanti iftoomina hin qabnee fi falmiisaa ta'ee jiru, dhimma hariiroo hawaasaa kana irratti gosa dhimmaan (*by subject matter*) wal-qabatee manni murtii Ol'aanaa ilaalaa ture labsii kanaan akka ilaalu taasifamee hin jiru. Akka Labsii Manneen murtii irra deebiin hundeessuuf bahe kan duraanii lakk.141/2000 keewwata 27(1) jalatti ibsamee jiruutti, dhimmoota seera deemsa falmii siivilii ykn seerota birootiin mana murtii Ol'aanaaf kennamee jiru tilmaama giddu-galeessa osoo hin godhatin ilaaluu akka danda'u namatti mul'isa. Labsiin haaraan kun garuu aangoo hundee dubbii manneen murtii Ol'aanoo naannichaa yommuu tarreessu tumaa labsii duraa kana guutummaatti keessaa hambisee jira. Kana jechuun Manni murtii Ol'aanaa naannichaa aangoo gosa dhimmaan murtaa'u (*jurisdiction based on subject matter irrespective of pecuniary jurisdiction*) akka hin qabne namatti mul'isa. Kun immoo dhimmootni akkaataa seera deemsa falmii hariiroo keewwata 18tiin dhiyaatanis ta'ee dhimmoonni addatti manneen murtii ol'aanaaf kanaan dura gosa dhimmaatiin kennamanii turan labsii kanaan guutummaatti gara mana murtii aanaatti gadi bu'uu isaanii labsicha keewwati 31(2) argisiisa. Fakkeenyaaf:-dhalattummaan wal-qabatee labsiin duraa aangoo mana murtii Ol'aanaa kan ture gara mana murtii aanaatti gadi buusee kan ture akkuma jirutti cimsuudhaan iyyati bilisa baasuuf dhiyaatu(*habeas corpus*) kan duraan Manni Murtii Ol'aanu akkaataa Sdfhh keewwata 15(2i)tti ilaalaa ture, bu'uura labsii ammaatiin gara mana murtii aanaatti gadi bu'ee jira[197]. Kanaaf, dhimmoonni hariiroo hawaasaa mana murtii Ol'aanaatti aangoo sadarkaa jalqabaatiin dhiyaatan kamiyyuu kanneen tilmaama dinagdee qabanii fi bu'uura Sdfhh keewwata 226-228tiin bulan qofa akka ta'e namatti argisiisa.

[197] labsii manneen murtii naannoo oromiyaa, miiljalee 11, kwt 31, and Cvil procedure Code, (Negarit Gazeta, decree no. 52) 1965, kwt 15 guutummaatti dubbisaa ilaalaa.

Aangoo hundee dubbii dhimmoota yakkaan wal-qabatee jiru ilaalchisee immoo labsichi labsii duraa irraa garaagarummaa gurguddoo lama uumee jira**. Inni jalqabaa**:-Labsiin 141/2000 keewwata 27(2) jalatti dhimmoota yakkaa ka'umsi adabbii isaanii waggaa 10(kudhanii) ol ta'an irratti aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa akka qabaatu taasisee itti hojjetamaa ture. Labsiin 216/2011 immoo keewwata 30(2) jalatti dhimmoota yakkaa adabbii hidhaa baaxiin isaanii waggaa 15 oliin adabsiisuu danda'an irratti aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa akka qabu tumee jira. Haala kanaan, labsiin boodarraa kun kan duraa irraa waan lamaan adda ta'a. Inni tokko aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa manni murtii ol'aanaa qabu ture irraa hir'isuudhaan gara aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa mana murtii aanaatti dabalee jira (waggaa 10 irraa gara waggaa 15tti). Inni biraan immoo labsiin inni duraa aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa mana murtii ol'aanaa ka'umsa adabbiitiin kan murteesse yommuu ta'u, labsiin inni boodarraa kun immoo baaxii adabbiitiin murteessee jira. **Inni lammaffaan**:- aangoo hundee dubbii gosa yakkaatiin murtaa'an (*subject matter*) irratti garaagarummaa guddaa uumee jira. Akkuma dhimma hariiroo hawaasaatiin wal-qabatee armaan olitti ibsinee turre, labsiin Lakk.141/2000 dhimmoota yakkaa gosaan (*upon subject matter*) bu'uura seera deemsa falmii yakkaa ykn seerota birootiin manni murtii ol'aanaa ilaaluu qabu irratti beekamtii kennuun[198] itti hojjetamaa tureera. Labsiin haarofti hojiirra jiru garuu seerota kanneeniif beekamtii osoo hin kennin walumaagalatti ulfaatina adabbii giddu-galeessa godhachuudhaan dhimma yakkaa adabbii hidhaa baaxiin isaa waggaa 15 ol adabsiisu mana murtii Ol'aanaaf kennee jira.[199]**Fakkeenyaaf**:- Yakka gubiinsa qabeenyaa(arson) wal-qabatee kan Seera Yakkaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Riipaabiliika Itoophiyaa bara 1996 bahe keewwata 494 jalatti tumamee jiru duratti akkaataa seera deemsa falmii yakkaa bara 1961 bahee hojiirra jiruutti mana murtii Ol'aanaatu aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa irratti qabaataa ture. Akkasumas, yakka amantaa hir'isuun kan seera yakkaa keewwata 675 jalatti ibsamee jiruun wal-qabatee akkaataa seera falmii yakkaatti aangoon Mana Murtii Ol'aanaa ture. Akkasumas akkaataa Labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lakk.197/2008 keewwata 5(1) tumee jirutti yakkoota malaammaltummaa dhimma Naannoo Oromiyaa irratti raawwatameen wal-qabatee aangoo abbaa seerummaa sadarkaa duraa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa naannichaa akka ta'e tumee jira. Inumaa iyyuu dabalataan labsichi keewwatuma 5(2) jalatti dhimmoota yakka malaammaltummaa manneen

[198] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe, Lakk.141, (Magalata Oromiyaa, Finfinnee, 10/2000), 2000, kwt 27(1) ilaalaa.
[199] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miiljalee 11, kwt 30(2).

hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa ykn jaarmiyaalee uummataa naannichaa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti raawwataman ykn faayidaa mootummaa naannichaa wajjin wal-qabatee nama kamiinuu Magaalaa Finfinnee keessatti raawwatame ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee akka ta'etti tumee jira. Gama biraatiin Labsiin Adeemsa Addaa fi Seera Ragaa Farra Malaammaltummaa Federaalaa irra Deebiin Fooyyessee baase Lakk.434/2005 keewwata 7(2) jalatti dhimmoota aangoo sadarkaa jalqabaa Mana Murtii Waliigala naannolee ta'an irraa kan hafe dhimma yakka farra malaammaltummaa aangoo naannolee keessatti kufu ilaalchisee aangoon sadarkaa duraa kan Mana Murtii Ol'aanaa naannoo ta'uu akka qabu tumee jira. Haa ta'u malee, labsiin lakk.216/2011 seerotaa fi dhimmoota kanneeniif beekamtii kenneefii hin jiru. Walumatti qabaatti, labsichi keewwata 30(2) jalatti osoo adda hin baasin yakkootuma adabbiin isaanii waggaa 15 ol ta'e aangoo Mana Murtii Ol'aanaa taasisee jira. Dabalataanis, aangoo seera yakkaa amma hojiirra jiruun kan mana murtii Ol'aanaa ta'anii gosa dhimmaatiin kaa'amanii jiraniif beekamtii hin laatne. Labsiin Lakk.141/2000 garuu keewwata 27(1) jalatti aangoo hundee dubbii seera deemsa yakkaatiin tumamee jiruuf beekamtii kennee darbee jira. Fakkeenyaaf:-akkaataa seera deemsa falmii yakkaa *Gabatee* (*Iskeejulii) jalqabaa* jalatti yakka ajjeechaa dagannoo aangoo Mana Murtii Ol'aanaa taasisee akkaataa Labsii 141/2000tti illee aangoo Mana Murtii Ol'aanaa ta'ee ittiin hojjetamaa ture. Haa ta'u malee, labsiin boodarraa kun tumaa kana keessaa hambisee aangoo baaxiin qofaan tumee waan jiruuf, yakka ajjeechaa dagannoo, keessattuu Seerri Yakkaa bara 1996 bahe keewwati 543 eessatti ilaalamuu qaba kan jedhu abbootii Alangaa fi Mana Murtii biratti falmisiisaa ta'ee jira. Akkaataa kanaan, labsiin kun boodarra bahuu isaatiin wal-qabatee, akkasumas tumaa dhimma kanaan wal-qabatee Labsii duraanii kan amma haqamee jiru labsii Lakk.141/2000 keessaa hambisuun isaa aangoon hundee dubbbii Mana Murtii Ol'aanaa naannichaa guutummaatti ulfaatina adabbiitiin malee gosa dhimmaan akka hin murtoofne waan argisiisu fakkaata. Dhimma kana leenjitoonni mariidhaan kan gabbisan ta'a.

Gaaffilee Marii

1. Labsiin 197/2008 keewwata 5 jalatti, akkasumas Labsiin 434/2005 keewwata 7(2) jalatti yakkooti malaammaltummaa dhimma naannoo ta'an irratti aangoo hundee dubbii sadarkaa jalqabaa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa naannichaa akka ta'e tumee jira. Seerri deemsa falmii yakkaa illee dhimmoota kanneen akka yakka gubiinsaa aangoo Mana Murtii Ol'aanaa taasisee itti hojjetamaa ture. Labsiin 216/2011 immoo

keewwata 30 jalatti seerota kanaaf beekamtii osoo hin kennin aangoo daangaa adabbii qofaan tumee jira. Yakkoota kanneen irratti Manneen Murtii kamtu aangoo hundee dubbii sadarkaa jalqabaa qaba jettanii yaaddu? Seerota kana akkamitti walitti araarsitu?

2. Qajeeltoo waliigalaan yeroo tumu, Labsiin 216/2011 keewwata 24(2) jalatti Manneen Murtii Naannichaa Magaala Finfnnee keessatti dhimmoota dantaa Mootummaa Naannichaan walqabatan irratti aangoo abbaa seerummaa ni qabaatu jedha. Dantaa Mootummaa Naannichaa yeroo ibsu immoo keewwata 24(3) jalatti dhimmoota hojii mootummaatiin wal-qabatan qofaatti daangessee jira. Labsiin Lakk.197/2008 keewwata 5(2) jalatti dhimmoota yakka malaammaltummaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa ykn jaarmiyaalee uummataa naannichaa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti raawwataman ykn faayidaa mootummaa naannichaa wajjin wal-qabatee nama kamiinuu Magaalaa Finfinnee keessatti raawwatame ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee akka ta'etti tumee jira. Labsiin Manneen Murtii hundeessuuf bahe kun dantaa Mootummaa yeroo ibsu hojii mootummaa qofaatti maaliif daangesse? Yakkoota malaammaltummaan wal-qabatee jaarmiyaalee uummataa illee aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Godinna Addaa Naannawwaa Finfinneen ilaalamuu akka qaban erga tumee seerota kana akkamitti walitti araarsina? Akka Labsii Manneen murtiitti dantaa Mootummaa naannichaa kanaan wal-qabatee aangoon hundee dubbii adda hin bane. Kan Labsii Farra malaammaltummaa immoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaatiif kennee jira. Akkamitti walitti araarsitu?
3. Akkaataa Labsiin 216/2011tti Manni murtii Ol'aanaa naannichaa dhimma yakkaas ta'ee siivilii irratti gosa dhimmaatiin (subject matter) aangoo hin qabu yoo jenne gara fuula duraatti aangoo kana argachuu hin danda'u jettanii yaadduu?
4. Yakkoota ajjeechaa dagannoo dabalatee kan Seera Yakkaa Ripaabiliika Diimokiratawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 541, 542, 543 fi 544 jala jiran adabbiin isaanii waggaa 15 gadi yoo ta'e illee aangoo hundee dubbii kan irratti qabu Mana Murtii Ol'aanaa akka ta'e Seera falmii yakkaa Labsiin 185/1961 gabatee jalqabaa irraa ni hubatama. Labsiin Manneen murtii Oromiyaa hundeessuuf bahe Lakk.216/2011 immoo Manni murtii Ol'aanaa aangoo hundee dubbii kan qabaatu yakka kamiin iyyuu yoo ta'e adabbiin baasii isaa waggaa 15 ol kan adabsiisu yoo ta'e qofadha. Seerota kana akkamitti walitti araarsitu?Maal ta'uu qaba jettu?

Gama biraatiin immoo Manni Murtii Ol'aanaa naannichaa dhimma yakkaas ta'ee siivilii irratti dhimmoota federaalaa aangoo hundee Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa ta'an ilaalee murteessuudhaaf aangoo bakka bu'iinsaa heeraan[200] kennameef ni qaba. Yeroo kana dhimmoota federaalaa tilmaama hin qabne kanneen bu'uura Sdfhh keewwata 18tiin dhiyaatanii fi dhimmoota tilmaama maallaqa isaa qarshii 500,000(kuma dhibba shanii) gadi ta'e kanneen dhimmoota Federaalaati jedhamanii labsii Manneen Murtii fi Heera Mootummaatiin tumamanii[201] jiran ilaala jechuudha. As irratti wanti adda bahee beekamuu qabu, dhimmoota naannootiin wal-qabatanii iyyata bilisa baasuuf dhiyaatu (*habeas corpus*) ilaalee murteessuuf Manni Murtii Ol'aanaa naannoo labsii ammaatiin aangoo akka hin qabne ibsinee jirra. Haa ta'u malee, dhimmoota Federaalaan wal-qabatee namoonni seeraan ala hidhamne jedhanii iyyata bilisa baasuu kan dhiyeeffatan yoo ta'e kan ilaalee murteessu mana murtii ol'aanaa[202] akka ta'e dagatamuu hin qabu.

### 3.4.3. Aangoo Hundee Manneen Murtii Aanaalee Naannoo Oromiyaa

Akka HMFDRE fi Naannoo Oromiyaatti manneen murtii sadarkaa sadiin kan ijaaraman yoo ta'u, manni murtii aanaa akkaa Naannoo Oromiyaatti mana murtii sadarkaa gadi'aanaa dha.[203] Manni murtii sadarkaa gadi'aanaa ta'uu isaa caalaa iyyuu mana murtii qaamaan gara hawaasa bal'aatti dhiyeenya qabuu fi dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuu keessatti gahee fi carraa ol'aanaa qabuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa amma hojiirra jiru akka qajeeltootti mana murtii aanaa mana murtii sadarkaa jalqabaa[204] taasisee hundeessee jira. Haaluma kanaan, wantoonni falmiisiisoo ta'an akkuma jirutti ta'ee labsichi aangoo hundee dubbii bal'inaan gara manneen murtii aanaatti gadi buusuu isaatiin dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa naannichaa daran fooyyesseera jechuun ni danda'ama. Akka itti aanutti jijjiirama aangoo irratti labsichi fidee jiru kan ilaallu ta'a.

Aangoon hundee dubbii manneen murtiis dandeettii manni murtii tokko dhimmoota itti dhiyaatan ilaaluuf qabu kan argisiisu yoo ta'e illee dhaqqabamummaa mirkaneessuu fi

[200] FDRE Constitution, miiljalee 1, kwt 78(2) fi 80(4), Labsii Manneen Murtii Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 30(4).
[201] Federal Courts Proclamation, miiljalee 4: kwt 3, 5 fi 14 fi Federal Courts (Amendpient) Proclamation No. 138 (Federal Negarit Gazeta, 5th year No.15, Addisa Ababa), 1998, kwt 2.
[202] Miiljalee olii, kwt 14(1) fi 5(10) haa ilaallu.
[203] FDRE Constitution, "miiljalee 1, kwt 78(3) fi Heera Naannoo Oromiyaa.
[204] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miiljalee 11, kwt 23(2b).

dhabuu keessatti gahee mataa isaa qaba. Akkuma duratti beekamu, dhimmoota hariiroo hawaasaan wal-qabatee bu'uura Labsii dura lakk.141/2000tiin manneen murtii aanaa dhimmoota muraasa qofaa irratti aangoo hundee dubbii qabu turan. Labsii duraa kanaan akkaataa seera deemsa falmii siivilii ykn yakkaa ykn seerota birootiin gosa dhimmaatiin aangoo mana murtii aanaa taasisee kan jiru osoo hin tuqin, qabeenya dhaabbataa irratti tilmaama maallaqa hanga qarshii 50,000, qabeenya socho'aa irratti immoo tilmaama maallaqa hanga qarshii 30,000 akka ilaalu kan aangesse yommuu ta'u, labsiin ammaa garuu qabeenya dhaabbataa tilmaama maallaqa hanga qarshii 3,000,000 (miliyoona sadii), qabeenya socho'aa immoo tilmaama maallaqa hanga qarshii 1,000,000 (miliyoona tokkoo)tti ol guddisee jira.[205] Garaagarummaan labsiilee lachan gidduutti uumamee jiru yommuu ilaallu, labsiin amma hojiirra jiru baaxii qofaa dabaluudhaan alatti ka'umsa irratti akkuma labsii duraa homaa waan ibse hin qabu.

Haa ta'u malee, labsiin haarofti kun akka labsii haqamee jiruutti manneen murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo Mana Murtii Hawaasummaa gandaa irraa dhufu keessummeessuu fi dhiisuu isaa irratti waan ibse hin qabu, waa'ee aangoo sadarkaa jalqabaa qofa kan tumee jiruudha. Kana irraa ka'uudhaan yeroo labsiin haarofti kun hojiirra ooluu jalqabutti ogeessota seeraa biratti ejjennoon garaagaraa lama calaqqisaa tureera. **Ejjennoon jalqabaa,** labsiin lakk.141/2000 keewwata 28(1C) jalatti mana murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo kennee jira. Kunis dhimmoota Mana Murtii Hawaasummaa Gandaatiin murtii argatan irraa ol-iiyyannoo dhiyaatu akka ilaalaniif waan aangessee jiruuf, labsiin duraa kun wanta lamaaf beekamtii seeraa kennee jira. Inni jalqabaa:-akkaataa Labsii Lakk.128/1999 keewwata 15(1)tti Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa dhimmoota tilmaamni isaanii hanga qarshii 1500(kuma tokkoo fi dhibba shanii) gahu ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kenneefii waan jiruuf, ka'umsi aangoo hundee dubbii Mana Murtii Aanaa tilmaama qarshii 1500 ol akka ture ibsa. Inni lammaffaan Manni Murtii Hawaasummaa gandaa toora Manneen Murtii Idilee keessatti yoo argamuu baate illee labsiin Lakk.141/2000 Manni murtii Aanaa murtii mana murtii hawaasummaa kana ol-iyyannoon akka ilaalu taasisuun isaa aangoo mana murtii idilee dabarsee kennuun cinatti jiraachuu Mana Murtii hawaasummaa Gandaatiif beekamtii kennee jira. Labsiin ammaa immoo faallaa labsii duraa kana manni murtii aanaa aangoo ol-iyyannoo akka hin qabaanne taasisuun isaa dhimmoota kanneen lamaan irratti beekamtii dhorkatee jira jechuudha. Kanaaf, akkaataa labsii amma hojiirra jiruutti ka'umsi aangoo hundee dubbii

---

[205] Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miiljalee 11, kwt 31(1) fiLabsii Lakk.141/2000, miiljalee 37, kwt 28(1b).

Manneen murtii Aanaa daangeffamaa miti jechuun falmu. **Ejjennoon lammaffaan** immoo xiinxalli kun bu'uura seeraa hin qabu jedhu. Yeroo sababeessan:-akkaataa labsii duraattii fi akkaataa Labsii Manneen Murtii Hawaasummaa gandaa hundeessee jiruutti ka'umsi aangoo hundee dubbii manneen murtii aanaa tilmaama maallaqa qarshii 1,500 (kuma tokkoo fi dhibba shan)[206] ol akka ta'e ifaadha. Manni Murtii Hawaasummaa gandaa Labsii of danda'een qaama raawwachiiftuu jalatti waan hundaa'ee jiruuf, Labsii manneen murtii idileetiin kan diigamuu danda'u miti. Manni murtii hawaasummaa gandaa toora manneen murtii idilee keessatti kan argamu yoo ta'uu baate illee akkaataa Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa keewwata 37(1)ttii fi akkaataa Heera Naannoo Oromiyaa keewwata 101tti qaamolee biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan qooddatan keessatti waan ramadamuuf, labsiin qaamolee seera hiiktuu hundeessuuf bahee jiru namummaa seeraa isaa mulquu hin danda'u. Dabalataanis, Labsiin 216/2011 Manneen murtii Oromiyaa hundeessuuf kan baheedha malee labsii namummaa seeraa Mana Murtii Hawaasummaa gandaa diiguuf bahe akka hin taane hubatamuu qaba. Yaad-rimee kana akkaataa kanatti kan hubannu yoo ta'e, yeroo Labsiin 141/2000 jiruttis mana murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo kan kenne Labsii 128/1999 keewwata 34(1) dha malee labsii 141/2000 miti. Waan ta'eef, labsiin Lakk.141/2000 keewwata 1(C) jalatti irra deebi'ee ibsuun isaa barbaachisaa iyyuu hin turre. Kanaaf, labsiin haarofti Lakk.216/2011 manneen murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo yoo kennuu baate iyyuu akkaataa Heera naannootti Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa hundeeffamee Labsiidhaan hojiirra waan jiruuf, akkaataa Labsii Lakk.128/1999tti aangoon ol-iyyannoo Mana Murtii aanaa irraa hin fudhatame. Waan ta'eef, manneen murtii naannoo Oromiyaa murtii Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa dhiyaatu irratti aangoo ol-iyyannoo kan qabu ta'ee, aangoon hundee dubbii sadarkaa jalqabaa tilmaa qarshii 1,500(kuma tokkoo fi dhibba shanii) olitti daangeffameera jechuun falmu. Ejjennoo lammaffaan kun qabatamaa hojiirra kan jiruudha.

**Gaaffilee Marii**

1. Labsiin Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakk.216/2011 aangoo Mana Murtii hawaasummaa gandaa irraa fudhateera jettanii amantuu?Yoo fudhateera jenne Manni Murtii Hawaasummaa gandaa bu'uura labsii kanaan diigameera jechuu

[206] Labsii Manneetii Murtii Hawaasummaa Gandaa Irra Deebi'anii Dhaabuu Fi Aangoo Isaanii Murteessuuf bahe, Lakk. 128 (Magala Oromiyaa, Finfinnee), Bara 1999.

dandeenyaa?Aangoon hundee dubbii mana murtii aanaa tilmaama maallaqa qarshii meeqa irraa ka'uu qaba jettu?Ejjennoo armaan olii keessaa kamiin deggertu?

2. Gaaffii lakkoofsa tokkoffaan wal-qabatee Manni Murtii Hawaasummaa gandaa irraa aangoon hin fudhatamne yoo jenne, labsiin lakk.216/2011 mana murtii aanaatiif aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaan ilaalamaniin alatti aangoo ol-iyyannoo akka qabu waan hin ibsin bira darbeef, murtii manni murtii hawaasummaa gandaa kenne irraa komiin eessatti dhiyaata jettanii yaaddu?
3. Komii ol-iyyannoo dhiyeeffachuun wal-qabatee labsiin Lakk.216/2011 komii ol-iyyannoo carraa lammaffaa kenneera jettuu?Yoo kenneera ta'e heerawaadha jettuu?Labsicha keewwata 25(2a), Dambii lakk.6/2012 keewwata 7 fi HMF keewwata 20(6)(barruu Afaan Amaaraa fi Ingiliffaa wal-faana dubbisuun) xiinxalaa!
4. Gaaffii lakkoofsa 3ffaa jalatti ibsameen wal-qabatee murtii manni murtii hawaasummaa kenne manni murtii aanaa ilaalee yoo cimse ol-iyyannoon isaa eessa deemuu qaba jettu? Dhaddacha Ijibbaataa moo Mana Murtii Ol'aanaa deema moo Mana Murtii Waliigalaa dhaddacha idilee deema? Eessatti murtii dhumaa argatee jira jettu?

Gama biraatiin immoo labsiin haarofti ammaa kun labsii duraa irraa garaagarummaa inni uumee jiru dhimmota maallaqaan tilmaamuu hin dandeenye iyyata dhalatummaa fi iyyata qaama bilisa baasuuf dhiyaatu hundi gosa dhimmaatiin osoo adda hin bahin aangoo hundee dubbii mana murtii aanaa[207] taasisee jira.

**Dhimma 13ffaa**

Dhimmi kun Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Idileetti Lakk.galmee 313698 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/03/2012 ooleen murtaa'e irraa fudhatame. Dhimmichi ka'umsi isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina AN/Finfinneetti lakk.galmee 35426 irratti kan eegale yommuu ta'u, himataan mana murtii jalaatti himannaa gaafa 30/05/2011 hundeesseen, sababa ajjeechaa lubbuutiin ani bara 2003 keessa mana hidhaa seenee jennaan himatamoonni kun lafa bara 1967 naaf kennamee ragaa abbaa qabiyyummaa itti qabu bara 2009 fi 2010 seeraan ala itti bahanii qabatanii waan irraa oomishataniif, walumatti seerummaa qarshii 65,000 baasii fi kisaaraa durgoo abukaatoo wajjin akka kaffalaniif gaafatee jira. Himatamtoonni immoo tilmaama dhiyaate bu'uura Sdfhh keewwata 250tiin waan mormaniif, manni murtichaa ogeessa tilmaamsiseera. Akka tilmaama ogeessaatti tilmaamni oomishaa lafa

[207] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 31(2)

himatamtoonni qabatan irraa argamuu danda’u qarshii 26,783.24/100 ta’uu waan ibseef, manni murtichaa aangoo koo miti jedhee himannaa dhiyaate kufaa taasisee jira. Himataan jala murtii kana komatee yeroo jedhutti, Manni Murtii Waliigalaa immoo xiinxala taasiseen akkaataa Labsii Lakk.141/2000 keewwata 27(3)tti Manni murtii Ol’aanaa qabeenya socho’u irratti tilmaama qarshii 30,000 olii ofitti fuudhee ilaaluu ni danda’a. Akkasumas, mormiin akkaataa Sdfhh keewwata 250tti dhiyaatu akka mormii sadarkaa duraatti fudhatamuudhaan aangoo mana murtichaa hin dhabsiisu. Akkaataa tumaa seeraa kanatti tilmaamni dhiyaate aangoo Mana murtichaa gadi yoo ta’e illee dhimmicha ilaalee murtii kennuu qaba malee aangoo koo miti jechuu hin qabu. Darbees, tilmaama ogeessaa dhiyaateen ilaalee murtii yoo kenne mirga ol-iyyannoo dhiphisuun alatti dhiibbaa biraa uumu waan hin qabneef, Manni murtichaa dhimmicha ofitti fuudhee qabxii”qabiyyeen falmii kaase kan ol-iyyataati moo miti?kan ol-iyyataati yoo ta’e, deebi kennitoonni seeraan ala qabatanii irraa oomishataniiru moo miti?”kan jedhu irratti ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee murtii itti fakkaate haa kennu jechuun diigee gadi deebiseera.

**Gaaffii Marii**

- Murtii manneen murtii lachuu akkamitti madaaltan?Aangoon hundee dubbii Manneen murtii yoom hundeeffama?

Dhimmoota yakkaatiin wal-qabatee immoo labsiin haarofti kan duraa irraa addatti wanti inni tumee jiru manni murtii aanaa aangoo abbaa seera sadarkaa jalqabaatiin yakka adabbii hidhaa baaxiin isaa waggaa 15 hin caalle adabsiisan ilaaluu akka danda’an tumee kan jiru yommuu ta’u, labsiin duraa garuu dhimmoota yakkaa ka’umsi adabbii isaanii waggaa 10 gadi ta’an ilaalee murteessuu akka danda’an ibsee itti hojjetamaa tureera[208]. Kana irraa wanti hubatamu, akkuma duratti aangoo Mana Murtii Ol’aanaa jalatti ibsinee turre, labsiin duraa ka’umsa adabbii bu’uura kan godhate yommuu ta’u, labsiin haarofti immoo baaxii adabbii giddu-galeessa godhatee kan aangoo hundee dubbii mana murtii aanaa murteesseedha. Dabalataan, labsiin moofaan duraa aangoo hundee dubbii gosa dhimmaatiin karaa seera deemsa falmii yakkaa fi seerota birootiin kennamee jiruuf beekamtii kennee kan ture yoo ta’u, labsiin haarofti ammaa garuu guutummaatti tumaa kana keessaa hambisee jira. Akkasumas, labsiin duraa waa’ee yakkoota caffeen bahan ilaalchisee waan dubbate hin qabu, ka’umsuma adabbiitiin murtaa’aa kan tureedha. Labsiin haarofti garuu yakkoota caffeedhaan bahan hundi

[208] Miiljalee olii, kwt 31(3) fi Labsii lakk.141/2000, miiljalee 37, kwt 27(2).

ulfaatina yakkichaa fi adabbii osoo giddu-galeessa hin godhatin aangoo hundee dubbii mana murtii aanaa taasisee jira. Akkaumas, labsiin haarofti wanti itti dabalee jiru tokko dhimmoota yakkaa biroo ifatti aangoo sadarkaa jalqabaa mana murtii ol'aanaa ta'ee hin tumamne aangoo sadarkaa jalqabaa mana murtii aanaa taasiee jira.[209]

**Gaaffilee Marii**

1. Adabbii baaxiidhaa fi ka'umsa tumaa seeraa bu'uura godhachuun murteessuu gidduu garaagarummaan jiru maali jettu? Kamtu aangoo hundee dubbii mana murtii aanaa guddisee jira jettu?
2. Manneen Murtii aanaa yakkoota adabbiin isaanii baaxii waggaa 15 ol ta'an haalli inni itti ilaaluu danda'u jira jettuu? Maaliif? Bu'uura seeraan deggeraa mari'adhaa!
3. Manneen murtii aanaa dhimmoota akka yakkoota malaammaltummaa, yakka gubiinsaa, yakka amantaa hir'isuu, yakka ajjeechaa dagannoo fi ajjeechaa daa'immaan hin dhalatin irratti raawwatamu fi kkf ilaaluuf aangoo qaba jettanii yaadduu? Seera Yakkaa keewwata 541-544tti jiranii fi seera falmii yakkaa gabatee 1[ffaa] aangoo manneen murtii ibsu waliin xiinxalaa!
4. Labsiin 216/2011 dhimmoota yakkaa gosa dhimmaatiin (subject matter) osoo adda hin baasin ulfaatina aangoo qofaan aangoo sadarkaa jalqabaa mana murtii aanaa murteessuu isaatiin seera falmii yakkaa biyyattiin ittiin hojjechaa jirtu fooyyesseera jettanii yaadduu? Akka heera biyya keenyaatti Naannoleen seera deemsaa baafachuu, akkasumas fooyyessuuf aangoo qabuu? Maaliif? Bu'uura heeraa fi seeraa secca'uun xiinxalaa!
5. Dhimmoota yakkaan wal-qabatee aangoon hundee dubbii manneen murtii aanaa naannoo Oromiyaa akkaataa labsii 216/2011tti yoom murtaa'a? Guyyaa himannaan hundeeffamu moo erga murtiin balleessummaa kennameeti? Dhumarratti himatamaan deddeebi'aa amaleeffataa ta'uun isaa yoo baramee fi waggaa 15 ol kan adabsiisu yoo ta'e maal goona? Yeroo himannaan hundeeffamutti immoo himatamaan yakkoota daddabalamaadhaan yoo himatame, baaxiin adabbii akkamittiin beekamuu danda'a?

**Dhimma 14[ffaa]**

Dhimma Mana Murtii Aanaa Wanciittii Lakk.galmee 19405 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/07/2011 ooleen murtii argateedha. Ka'umsi dhimmichis gabaabinaan:-Shakkamaan Angaasuu Taaddasaa jedhamu iyyata gaafa 23/07/2011 dhiyeeffate irratti hundaa'uun Manni

[209] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, miiljalee 11, kwt 31(4 fi 5).

Murtichaa mirga wabii eegee Waajjirri Poolisii akka gadi lakkisu yoo ajaju, Inispeekter Xurunaa Gaaddisaa kan jedhamu ajaja Mana Murtii kana diduudhaan shakkamaa kana Magaalaa Cittii irraa gara Waajjira Poolisii Magaalaa Walisootti jijjiiree guyyaa tokko akka bulu taasisee jira. Akkasumas, Poolisiin kun dhiyaatee akka ibsuuf karaa Mana Murtichaa yoo ajajame illee dhiyaatee ibsuu didee jira. Dhumarattti beellama dhiyaatee shakkamaan hojjtetaa mana murtii waan ta'eef, manni murtii akka gadi lakkifamu ajaje jedheen xiiqiidhaan aaree gadi dhiisuu dide jechuu isaa abbaan seeraa galmee irratti barreesseera. Kanumaan, abbaan seeraa adeemsa gabaabaadhaan Poolisiin kun shakkamaa kana miidhuuf, akkasumas bilisummaa mana murtii sarbeera jechuun Labsii Lakk.216/2011 keewwata 48(2) jalatti adabbii qarshii 2000(kuma lama) dhaddacharratti adabee jira. Erga adabamee booda poolisiin kun dhaddachumarratti "maal fiddu yoo barbaadde miindaa koo guutuu muri"waan jedheef dhaddacha jeeqeera jechuun Seera Yakkaa bara 1996 bahe keewwata 449 jalatti dabalataan qarshii 1000(kuma tokko), walumatti qarshii 3,000(kuma sadii) adabee jira. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa immoo Lakk.galmee 49119 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/07/2011 ooleen bu'uura Sdfy keewwata 195tiin cimsee jira. Dhimma kana irra hundaa'uun gaaffilee armaan gadii xiinxalaa deebii itti kennaa!

**Gaaffilee Marii**

- Akka Labsii lakk.216/2011 keewwata 31(4) irraa hubatamutti, dhimma seerota Caffeedhaan tumaman keessatti adabbii yakkaa hordofsiisan irratti aangoo abbaa Seerummaa sadarkaa jalqabaa kan qabu mana murtii aanaa akka ta'e tumee jira. Labsiidhumti kun immoo keewwata 48 jalatti seera adabbii yakkaa hordofsiisu tumee jira. Yaad-rimee kana irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii xiinxalaa!
    1. Tumaan labsii kanaa dhaddacha jeequun (court contempt) wal-qabata jettanii yaadduu? Yoo wal-qabata jettan, tumaa seera Yakkaa Federaalawaa Ripaabiliika Itoophiyaa bara 1996 bahe keewwata 449 haqeera jettuu? Bu'uura heerummaa isaas xiinxalaa!
    2. Gochi yakkaa labsichi tume raawwatamee yoo argame, adeemsa maaliitiin dhiyaata? Adeemsa yakkaa idileetiin moo akka dhaddacha jeequutti ilaalamee abbaadhuma seeraatu himataa ta'ee abaa seeraa ta'ee qulqulleessee adaba jettu?
    3. Labsiin kun Caffee Naannoo Oromiyaatiin bahee waan jiruuf, seera caffeen bahanii adabbii yakkaa hordofsiisan keessatti ramadama. Yoo akkas ta'e, gochoonni yakkaa tumaa seerichaa keewwata 48 jalatti ibsaman sadarkaa Mana Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaatti kan raawwatamee argaman yoo ta'e, dhimmichi mana murtii aanaatti dhiyaata moo akkaataadhuma sadarkaa mana murtiitti bakka gochichi itti

raawwateetti dhiyaachuu qaba jettu?Yaad-rimee olitti kaasne wajjin irratti mari’adhaatii kallattii fuula duraa akeekaa!

## MADDAWWAN WABII
## LABSIILEE

AProclamation to Amend Federal Courts Proclamation, No.321, Federal Negarit Gazeta(9th year,No.41, Addis Ababa -8th April, 2003

Commercial Code of Ethiopia, Proclamation No. 166, (Negarit Gazeta *Gazette Extraordinary*, Addis Ababa 5th May 1960), kwt 647.

FDRE Constitution. Proclamation No.1, "Federal Negarit Gazeta, Addisa Ababa, 1995.

Federal Courts Re-amendment Proclamation. No.25, Federal Negarit Gazeta, Addis Ababa(11th year N0.42, 1996.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa. Proclamation No.46, Magalata Oromiyaa, Finfinnee, 2001.

Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, Dambii Lakk. 6, Bara 2011.

Labsii Hundeeffama Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa, Lakk. 128, Bara 1999

Labsii Gurmaa'ina, Aangoo f Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra

Deebiin Murteessuuf Bahe, Lakk. 216, Magalata Oromiya(27th Year, No.7/2018) Finfinnee, 2018. 2011.

Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, Lakk.141, Magalata 101 Oromiyaa(16th year, 10/2008), Finfinnee, Bara 2000(2008).

Federal Courts (Amendment) Proclamation, No. 254, Federal Negarit Gazeta(7th year No.44, Addis Ababa 6th July 2001).

Federal Courts Proclamation Reamendment Proclamation, N0.454, Federal Negarit Gazeta(11th year, No.42, Addis Ababa 14th June 2005).

Federal Courts Amendment Proclamation, No.138, Federal Negerit Gazeta(5th year No.15, Addis Ababa 1st December, 1998) .

Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, Labsii Lakk.4141, Maxxansaa, Dhaabbata, and Birhaaninnaa Salaamitti," 1997.

Civil Procedure Code Of The Empire Of Ethiopia, Decdree No.52,( Negarit Gazeta

Extraordinary Issue No. 3) Of 1965

Criminal Procedure Code Of Ethiopia, PROCLAMATION No.185 OF 1961 (Ministry of Pen, Addis Ababa

**KITAABOTA**

Fiseha, Assefa. “Federalism and the Adjudication of Constitutional Issues : The Ethiopian Experience,” May 2005 (2017).

Gbenga Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, Routledge Research in International Law, 2012, p.32.

Bryan A.Garner (Editor in Chief), “Black’s_law.Pdf” (ST.PAUL, MINN, 1999).

Nygh PE, Butt P (eds) Australian Legal Dictionary, Sydney, 1997 at 650.

Alan Sedler, *Ethiopian Civil Procedure*, n.d., p.12.

Ralf Michaels, “Jurisdiction, Foundations,” January 2016.

Shaun McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction* (Abingdon [England]; New York: Routledge-Cavendish, 2007), p.21-22.

Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*. P.32

Berman N, Modernism, Nationalism and the Rhetoric of Reconstruction’ (1992) 4 Yale Journal of Law and the Humanities, P. 351.

Ariel L. Bendor, “Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience,” *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.312,.

Bimal Raut, “Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace,” p.24.

B. Cheng, “The Extra-Territorial Application of International Law”, Current Legal Problems (1965): 135.

Edward Mussawir, *Jurisdiction in Deleuze: The Expression and Representation of Law* (Abingdon, Oxon ; New York, NY: Routledge, 2011), p.42-43.

Heichel EP, ‘The Physical Presence Basis Of Personal Jurisdiction Ten Years After Shaffer V. Heitner: A Rule In Search Of A Rationale’ (1987) 62 Notre Dame Law Review University 713.

Nygh PE, Conflict of Laws in Australia (6 Edition), Butterworths, Sydney, 1995, Martin D, Ricketson S, Lindell G, Conflict of Laws: Commentary and Materials, Butterworths, Sydney, 1997.

Thomas D.G ‘Personal Jurisdiction in the Nebulous Regions of Cyberspace: A Call for the Continued Relaxation of Due Process and Another Debilitating Blow to Territorial Jurisdiction’ (1997) Suffolk University Law Review 507;

Bradley CA, ‘Universal Jurisdiction and U.S. Law’ (2001) 2001 University of Chicago Legal Forum 323;

Juss, Brown BS, ‘Universal Jurisdiction: Myths, Realities, And Prospects: The Evolving Concept of Universal Jurisdiction’ (2001) New England Law Review 383;

Madeline H. Morris, ‘Universal Jurisdiction, Myths Realities, And Prospects: Universal Jurisdiction in a Divided World: Conference Remarks’ (2001) 35 New England Law Review p. 337

United Nations Convention on the Law of the Sea, Montego Bay, 10 December 1982 xxi ILM 1245 (1982). Hereinafter referred to as LOSC (1982).

H.F.A. Donnedieu de Vabres, Les Principes Modernes du Droit Penal International (1928): 64 (cited in Ryngaert op. cit.: 143), Vol. XV Law Reports of Trials of War Criminals (1949): 26. J.H. Marks “Mending the Web: Universal Jurisdiction, Humanitarian Intervention and the Abrogation of Immunity by the Security Council”, 42 Columbia Journal of Transnational Law (2004): 445, 465–7.

J.H. Marks “Mending the Web: Universal Jurisdiction, Humanitarian Intervention and the Abrogation of Immunity by the Security Council”, 42 Columbia Journal of Transnational Law (2004): 445, 465–7.

Patrick Baude, *Judicial Jurisdiction: A Reference Guide to the United States Constitution*, Reference Guides to the United States Constitution, no. 19 (Westport, Conn: Praeger, 2007), p.647.

Oppenheim International law Volume 1. Ninth Edition, Editied bu Sir Robert Jennings and Sir Authur Walts Longman Group UK Limited and Mrs Tomoko Hudson, 1992, p. 456

Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.37. International Shoe Co. v. Washington, 326 US 310 (1945); Asahi Metal Indust. Co. Ltd v. Superior Court, 480 US 102 (1987). Antitrust Laws and Trade Regulation Primary Source Pamphlet, 2nd edn (New York: Mathew Bender & Co., Inc. 2000)

**DHIMMOOTA**

The FDRE Supreme Court Cassations, Volume 23 (file No. 152590), Volume 22 (file no. 141663), Volume 19(file no.117390), Volume 15(file no.78206), Volume 11(file no.60685), Volume 9(file no,37339)

TOORA INTARNEETAA

1. https://lawshelf.com/courseware/entry/jurisdiction-over-the-subject-matter-of-the-action-subject-matter-jurisdiction

2. Malcolm Shaw, “International Law,” in *Enc* (Encyclopædia Britannica, inc., December 4, 2019), https://www.britannica.com/topic/international-law

3. http://212.153.43.18/icjwww/ipresscom/ipress2002/ipresscom2002-04bis_cobe_20020214.htm
Shaun McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction* (Abingdon [England]; New York: Routledge-Cavendish, 2007), p.21-22, http://public.ebookcentral.proquest.com/choice/publicfullrecord.aspx?p=219951.

4. www.legifrance.gouv.fr.